

**Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi
Qorannoo Seeraa Oromiyaa**

Mata Duree Qorannoo

**Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii
Naannoo Oromiyaa**

Qorataan: Abdii Asaffaa

Gulaaltonni: Obbo Habtee W/Sanbat

Obbo Milkii Makuriyaa

Obbo Bisoo Baqqalaa

2010

Galata

Abbaa Seeeraa Aangessaa Itichaa leenjisa Inistiitutii keenyaa kan ta'aniif, Godinaalee Oromiyaa keessaa Hararge Lixaa, Arsii, Arsii Lixaa, Gujii fi Baalee, akkasumas sadarkaa Naannootti Mana Murtii Waliigala Oromiyaa deemuun daataa qorannoo kanaaf barbaachisu yeroo fi human isaanii aarsaa taasisuun walitti qabuun gurmeessanii kan dhiheessan waan ta'eef milkaa'ina qorannoo kanaaf gumaacha taasisaniif guddaa galatoomfadha.

Baafata

Boqonnaa Tokko	1
Gumee Qorannoo	1
1. Seensa	1
2. Hima Rakkoo	4
3. Gaaffii Qorannoo	4
4. Kaayyoo Qorannoo	4
4.1. Kaayyoo Gooroo	4
4.2. Kaayyoo Gooree	5
5. Faayidaa Qorannoo	5
6. Fayyadamtoota Qoranichaa	5
7. Mala Qorannoo	6
7.1. Heddatoo Daataa	6
8. Hanqinaalee Qorannoo	7
9. Daangaa Qorannoo	7
Boqonnaa Lama	8
Abukaatoo Ittisaa Bilisia Mootummaan Dhihaatuu fi Agarsiiftuwwan Bu'a-Qabeessumaa Isaa	8
Seensa	8
1. Maalummaa Yaaddama Abukaatoo Ittisaa Mootummaan Dhihaatuu	8
2. Barbaachisummaa Abukaatoo Ittisaa Bilisaan Dhihaatuu	11
2.1. Mirga Walqixxummaa fi Loogii Malee Keessummeessamuu	11
2.2. Adeemsa Murtii Madaalawaa Ta'een Murtii Argachuu (Fair Trial)	12
2.3. Adeemsa Seeraan Ka'ame Keessa Darbuu (Due Process of the Law)	13
2.4. Falmiin Yakkaa Gareewwan Irratti Kan Hundaa'e Ta'uu (Adversarial Nature of the Criminal Proceeding)	13
3. Muxannoo Abukaatoo Ittisaa Biyyoota Tokko Tokkoo	14
4. Qajeeltowwan Bu'a Qabeessummaa Abukaatoo Ittisaa	17
4.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa (Independence of the Defense Council)	18
4.2. Hojii Abukaatoo Ittisaa Mala Biroon Deggarruu	20
4.3. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamu, Ramadamu fi Himatamaa Waliin Walargu	21
4.4. Abukaatoo Ittisaaf Yeroo Gahaa Qophiif Kennuu	22
4.5. Baayyina Hojii Abukaatoo Ittisaa (Case Load)	22
4.6. Dandeettii, Muxannoo fi Leenjii Abukaatoon Ittisaa Qabu Walxaxiinsa Dhimmaa Keessumeessu Waliin Walgituu	24
4.7. Abukaatoon Dhimma Eegale Hanga Xumuraatti Itti Fufuu Danda'uu	24
4.8. Walqixxummaa Gareewwanii	25

4.9.	Dandeetti Abukaatoo Ittisaa Cimsuu	26
4.10.	To’annoo fi Hordoffii.....	27
5.	Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee Akka Itiyoophiyaa fi Oromiyaatti Jiru	28
5.1.	Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Sadarkaa RDFI tti jiru.....	28
5.4.	Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Sadarkaa Naannootti Jiru.....	33
Boqonnaa Sadii		36
Xiinxala Daataa.....		36
Seensa.....		36
1.	Caaseffamaa fi Bulchiinsa Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee	37
1.1.	Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa (Independence of the Defense Council).....	37
1.2.	Bajata	39
1.3.	Dhaqqabamummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa.....	41
2.	Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Kennamuu	46
2.1.	Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Maloota Biroon Deggeruu	46
2.2.	Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamuu, Ramadamu fi Maamila Isaa Waliin Walargu	48
2.3.	Iddoo Mijataa Qabaachuu	51
2.4.	Yeroo Qophii Falmiif Kennamuu	52
2.5.	Baay’ina Hojii Abukaatoo Ittisaa (Case Load).....	57
2.6.	Abukaatoon Dhimma Eegale Hanga Xumuraatti Itti Fufuu.....	60
3.	Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu	61
4.	Haguuggii Seeraa.....	63
4.1.	Walqixxumaaa Gareewwan Lamaanii	63
4.2.	To’annoo fi hordoffii Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Irratti Geggeeffamu.....	64
4.3.	Adeemsa Komeen Ittiin Dhihaatuu, Bakka Buusuu Fi Kaasuu.....	67
4.4.	Heerummaa Tajaajila kennamuu.....	68
Boqonnaa Afur.....		70
Argannoo fi Furmaata.....		70
Seensa.....		70
1.	Yaadota Gudunfaa fi Argannoo Qorannichaa.....	71
1.1.	Caaseffama Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee.....	71
1.2.	Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Abukaatoo Ittisaa.....	72
1.3.	Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu	74
1.4.	Haguuggii Seeraa	74
1.4.1.	Walqixxumaaa Gareewwan Lamaanii.....	74
1.4.2.	Qajeeltoo To’annoo fi Hordoffii	75

1.4.3.	Gabaasaa, Suprerviizhinii fi Madaallii Hojii Abukaatoo Ittisaa	75
1.4.4.	Sirna Komeen Ittiin Dhihaatu	76
1.4.5.	Heerummaa Tajaajila Kennamuu.....	76
2.	Yaada Furmaataa	76
2.1.	Caasaa Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee Yaada Furmaataa	76
2.2.	Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Kennamuu	78
2.3.	Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu	81
2.4.	Haguuggii Seeraa	82
2.4.4.	To’annoo fi Hordoffii.....	83
2.4.5.	Gabaasa, Suprerviizhinii fi Madaallii Hojii Abukaatoo Ittisaa.....	83
2.4.6.	Adeemsa Komeen Ittiin Dhihaatuu, Bakka Buusuu Fi Kaasuu	84
2.4.7.	Heerummaa tajaajila kennamuu	84
	Miilto	84
1.	Unka Daataan Ittiin Sassaabame	84
2.	Unka Gaaffilee Af-gaaffiif Qophaa’anii	87
3.	Barreeffamoota Ilaalamanii fi Daataalee Sassaabaman	90
3.1.	Hog-barruuwwan Adda Adda	90
3.2.	Namoota Af-gaaffiin Dubbifaman	93
3.5.	Galmeelee Ilaalaman	97
3.6.	Marii Garee Sirreeffamtoota Waliin Geggeeffame.....	99
3.7.	Seerota Ilaalaman	101

Boqonnaa Tokko

Gumee Qorannoo

1. Seensa

Mootummaan himatamtoota seeratti yeroo dhiheessuutti nama ta'uu isaanii qofaan seeraa fi heeraan eegumsa taasisuuf ni qabu. Adeemsi kunis komee irraa bilisa ta'uun mirga himtamtootaa kana kan kabaje ta'uu qaba. Walumaa galatti sirni kenniinsa haqaa qulqulluu, bu'a qabeessa fi komee irraa bilisa akka ta'uuf seeraan qajeelfamuun dirqama. Adeemsa seera hin kabajneen keessatti carraan mirgaa, maqaa gaarii, qabeenyaa, bilisummaa fi lubbuu himatamaa miidhuu ni bal'ata. Rakkoo adeemsa akkasii keessatti himatamaa irra gahuu danda'u hambisuuf sirnoonni seeraa hedduun abukaatoon ittisaa tola himatamaaf mootummaan akka dhihaatu ni taasisu. Sababiin isaas himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye abukaatoo malee mootummaatti falmuuf dandeetti fi ogummaa seeraa barbaachisu hin qabu. Heerri Mootummaa Ameerikaa¹ fooyya'iinsa 6ffaa keessatti yaada kanaaf beekamtii kenneera. Sadarkaa idila-addunyaattis sanadoonni akka ICCPR fi UDHR yaada kanaaf beekamtii kennaniiru.²

Yaaddamni kun Heera Mootummaa Rippabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) kwt. 20 (5), Labsii Mana Murtii Waliigala Federaalaa Itoophiyaa irra deebi'ee hundeessuu lakk. 125/88 kwt. 16 (2) (j), waliigalteewwan idila-addunyaa bu'uura Heera Mootummaa RDFI kwt. 9(3) tiin qaama heeraa ta'an keessattis beekamtii argateera. Sadarkaa Naannootti Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 20 (5) fi labsii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuu labsii lakk. 141/2000 kwt. 17 keessatti beekamtii argateera.

Bu'uura tumaalee kanaan mootummaan himatamaa abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye fi abukaatoo malee yoo falmate haqni isaa jal'achuu danda'uuf (Naannoo Oromiyaatti himatamaa yakka wagga shanii oli adabsiisuu danda'uun himatamee) abukaatoo dhiheessuuf dirqama ni qaba. Mirgi kun himatamaaf eegamuun falmiin geggeeffamu haqa qabeessa, walqixxummaan,

¹ Federal Indigent Defense 2015: The Independence Imperative: A Report by the National Association of Criminal Defense Lawyers, Public Law-455 an Act to Promote the Cause Of Criminal Justice by Providing for the Representation of Defendants Who are Financially Unable to Obtain an Adequate Defense in Criminal Cases in the Courts of the United States, 2015, Fuula 5. (Toora internetii www.nacdl.org/federalindigentdefense2015 irraa argachuun ni dandaa'ama.)

² The International Covenant on Civil and Political Rights, 1966 and Universal Declaration of Human Rights, 1948.

loogii malee fi bu'a qabeessa akka ta'u taasisa.³ Himatamaa fi Abbaa Alangaa gidduu garaagarummaa dandeettii, ogummaa fi qabeenya falmiif oolfamuu danda'u ni jira. Kana hambisuuf himatamaan abukaato mootummaa irraa bilisaan dhihaatuun deggeramuun dirqama. Mirgi abukaato ittisaa argachuu, mirga seera fuulduratti walqixa ilaalamuu fi haqa argachuu waliin ilaalamuu qaba. Sababiin isaas himata walfakkaataan himatamtoota irratti dhihaate keessaa muraasni abukaato dhaabbachuuf dandeettii dhabuu isaanii qofaan haqni isaan argatan kanneen abukaato dhaabbachuu danda'an irraa adda ta'uu hin qabu.⁴ Haqni argamus hanga maallaqa himatamaan qabuu irratti hundaa'uu hin qabu. Haqni meeshaa abbaan qabeenyaa qofti argatu ta'uun, mirga seera fuulduratti walqixa ilaalamuu fi mana murtiitti dhihaatanii dhagaahamuu himatamaa ni dhiiba.⁵ Heerri Mootummaa RDFI kwt. 20(5) fi 21(2) jalatti kan agarsiisus himatamaan mirga abukaatoon falmachuu, abukaato isaa waliin mari'achuu fi dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'e fi abukaato malee yoo falme haqni ni jallata tilmaamni jedhu yoo jiraate mootummaan abukaato dhiheessuuf dirqama akka qabu ni ibsa. Sanadoota idila-addunyaa Itiyoopiyaan mallatteessitee fudhatte keessa ICCPR kwt. 14 (3) jalatti mirga abukaatoon mari'achuu, falmii geggeeffachuu fi himatamaa abukaato dhaabbachuu hin danda'eenyeef mootummaan dhiheessuuf dirqama qabaachuu ni tuma.

Seera deensa falmii yakkaa fi Heera RDFI fi Naannoo Oromiyaa gareewwan falmii yakkaa keessatti hirmaatan seera fuulduratti walqixa ilaalamuu akka qabaan ni agarsisu.⁶ Yaaddamni kun mirga haqa argachuu⁷ haammachuun agarsiiftuuwwan sadiin ibsamuu danda'a. Tokkoffaa, seeraa fi barmaatileen jiran dhimmoota murtiin xumuramuu danda'u mana murtiitti dhiheeffachuun haqa argachuu kan hin daangessinee fi dhorkine ta'uu. Lammaffaa, mana murtii gahumsa qabuu fi loogmaleessa ta'een keessumeeffamuu. Sadaffaa, falmii keessatti dhaabbii

3 Eight Guidelines of Public Defense Related to Excessive Workloads, American Bar Association August 2009, fuula 3.

4 Desalegn Gemechu Negeri, The Right to Legal Counsel in Ethiopia: A Case Analysis in Oromia, (Submitted for Partial Fulfillment of the Requirement for LLM Degree in Human Rights Law, AAU) kan hin maxxanfame, 2016, fuula 9. Fi G.S. Prentzas (2007), Gideon v. Wainwright, The Right to Free Legal Counsel, Great Supreme Court Decisions, Chelsea House Infobase Publishing, New York, at 37.

5 Desalegn Gemechu Negeri, The Right to Legal Counsel in Ethiopia: A Case Analysis in Oromia, (Submitted for Partial Fulfillment of the Requirement for LLM Degree in Human Rights Law, AAU) kan hin maxxanfame, 2016, fuula 10.

⁶ Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo kwt. 25 jalatti namni tokkoyyuu sababa kamiyyuu irratti hundaa'uun loogamuu akka hin qabne ni kaa'a. Yaaddamni kun kallattiin falmii dhaddacha irratti geggeefamu irratti raawwii ni qabaata. Abbaa Alangaa fi himatamaan tokko dhaddacha irratti walqixa jechuun sababa hin danda'amneef himatamaaf seeraan eegumsi addaa barbaachisaa ta'a jechuudha.

⁷ Heera Mootummaa Federaalaa Itiyoophiyaa, kwt. 37

walqixxummaa (equality of arms) ykn waliqixxumaa gareewwanii mirkaneessuuf himatamaa abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef mootummaan abukaatoo ittisaa dhaabuufii dha.⁸

Mirgi abukaatoo ittisaa bilisaan mootummaa irraa argachuu seeraa fi heera biyyaattii fi naannoo keessatti haammatamee haa jiraatu malee raawwi isaa madaaluu fi sadarkaa tajaajilichi irratti argamu to'achuu irratti hojimaanni jiru laafaa dha. Tajaajilli Abukaatoo ittisaa ulaagaa hin guunne kaayyoo tajaajilichaa galmaan gahuu hanqachuu irra darbee sirni haqaa meeshaa hakuuca akka ta'u ni taasisa. Kana hambisuuf biyya Ameerikaatti Waldaan Ogeessota Seeraa Ameerikaa (American Bar Association (ABA)) tajaajila abukaatoo ittisaa kennamu kan hordofuu fi sirreeffamni barbaachisu akka fudhatamu kan akeeku koree of danda'e hundeessuun ulaagaa tajaajila abukaatoon ittisaa kennamu ittiin madaalamuu danda'u baasanii hojiirra akka oolu taa'eera.⁹ Tajaajilli Abukaatoo Ittisaa sadarkaa hin guunne qajeeltoo heeraa cabsuu irra darbee mirga himatamaa ni miidha.¹⁰ Kanaaf tajaajila abukaatoo ittisaan kennamu bu'a qabeessummaa isaa madaaluuf ulaagaalee madaallii qabaachuun barbaachisaa dha. Kunis haalota fi wantoota bu'a qabeessumaa qaama kanaa daangessuu danda'an adda baafachuun bu'a qabeessummaa dabaluu gahee guddaa qaba. Kana irraa ka'uunis caaseffamni, dandeettii fi ogummaan qaama tajaajila kennu, bajataa fi xiyyeeffannaan qaama kanaaf kennamu tajaajila kennamuu irratti dhiibbaa inni fidu ni ilaalama.

Madaalliin tajaajila abukaatoo ittisaa kennamuu fi dhiisuu tajaajilichaa qofaan kan madaalamu miti. Abukaatoon ittisaa ramadame dandeetti fi gahumsa barbaachisu dhabuun haqa himatamaa irratti dhiibbaa inni fidu kan agarsisu ta'uu qaba.¹¹ Bu'a qabeessummaa abukaatoo haalonni fi wantoonni daangessanii fi cimsan qabxii madaallii keessa galuu qabu. Yaada kana irraa ka'uun

⁸ Ethiopian Lawyers Association & Ethiopian Young Lawyers Association, Public Defender's Services in Ethiopia: Assessment of Current Gaps and the Way Forward, ed. Abera Hailemariam Woldeyesus, Tigist Abera, Wondyifraw Girmachew, Elias N. Stebek, 2015, fuula 5.

⁹ Howard Lintz, Yallana Mcgee, Ola Mohamed, Safa Sajadi, Sarah Sawyer, Melanie Stratton, Jordan Wolfe, Deborah M. Weissman, A Basic Human Right: Meaningful Access to Legal Representation, (The Human Rights Policy Seminar University Of North Carolina School Of Law), 2015, fuula 6-7.

¹⁰ Prioritizing Indigent Defense, Bureau of Justice Assistance Training & Technical Assistance Program for State Administering Agencies, (USA), fuula 1.

¹¹ "In the absence of accessibility, adequacy and quality of public defender's services, there would clearly be double standards between the constitutional guarantees enshrined in the two limbs of Article 20(5) of the Constitution, i.e., a person who affords to pay for a legal counsel of his choice vis-à-vis representation without due attention to an indigent accused who is provided with nominal the quality of the professional services offered by a public defender." Ethiopian Lawyers Association & Ethiopian Young Lawyers Association, Public Defender's Services in Ethiopia: Assessment of Current Gaps and the Way Forward, ed. Abera Hailemariam Woldeyesus, Tigist Abera, Wondyifraw Girmachew, Elias N. Stebek, 2015, fuula 12.

bu'a qabeessummaa abukaatoo ittisaa maaliin akka madaalamuu fi haalonni bu'a qabeessummaa daangessuu dandaa'an qorannoon kanaan muuxannoo biyyoota adda addaa kaasuun qabatama Naannoo Oromiyaa waliin walbira qabuun rakkoo mul'atuuf furmaanni akeekameera.

2. Hima Rakkoo

Tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaa heera fi seera naannoo fi biyyaattiin beekamtii argatus haguuggiin seeraa, caaseffamni, ulaagaan madaallii, sirni to'annoo fi hordoffii diriiree jiru laafuu irraan kan ka'e tajaajilli ulaagaa isaa eeggate kennaama hin jiru. Nannoo Oromiyaatti tajaajilli kennamu qulqulluu fi ulaagaa isaa kan eeggate akka ta'uuf haalonni murteessoo xiyyeeffannoo argachuu qaban kanneen akka baay'ina hojii, naamusa ogumaa, to'annoo fi hordoffii, adeemsa dhiheessii komee, caaseffamaa fi itti waamama, fo'annoo fi filannoo fi kkf sirni ittiin geggeeffamuuf xiyyeeffannoon kenname gadi aanaa dha. Tajaajilli kennamaa jiru caaseffama of danda'e qabaachuu, ogeessa ogummaa fi gahumsa barbaachisu qabachuu, baay'ina hojii fi humni namaa walmadaaluu, bajata of danda'e dhabuu, sirni to'annoo fi hordoffii, sirni calallii dhimmaa, ulagaan madaallii hojii abukaatoo ittisaa, fi adeemsa komeen ittiin keessumeeffamu fi furamu diriiruu dhabuu fi kkf ilaalchisee gadi bu'aa dha. Qorannoon kunis rakkooolee kanneen irraa ka'uun gaaffiilee qorannoo armaan gadii gaafachuun furmaata kaa'uuf geggeeffama.

3. Gaaffii Qorannoo

1. Caaseffamnii fi gurmaa'insi abukaatoo ittisaa naannoo Oromiyaa maal fakkaata? Dhiibbaa inni kenniinsa tajaajilaa irratti qabus maali?
2. Tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaan kennamaa jiru hammam bu'a qabeessa? Agarsiiftuwwanii fi safartuuwwan tajaajilli abukaatoo ittisaa ulaagaa isaa kan eeggatee fi bu'a qabeessa ta'uu ittiin madaalamu jiraa?
3. Dandeettii fi gahumsa abukaatoo ittisaa cimsuuf hojiin hojjetame jiraa?
4. Haguuggiin seeraa abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu ilaalchisee jiru maal fakkaata?

4. Kaayyoo Qorannoo

4.1. Kaayyoo Gooroo

Tajaajilli abukaatoo ittisaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa bu'a qabeessaa, qulqulluu, kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuu fi mirga shakkamaa eegsisuu ilaalchisee sadarkaa maalii irra akka jiru sakatta'uu fi kanas galmaan gahaa jiraachuu isaa ulaagaa madaallii maal ta'uu qaba

kan jedhu adda baasuun qaamni kun tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennuun gahee sirna haqaa keessatti qabu akka bahu taasisuu dha.

4.2. Kaayyoo Gooree

1. Tajaajila abukaatoo ittisaa sadarkaa isaa eeggate akka kennamu taasisuu fi tajaajilli ulaagaa hin guune mirga himtamaa irratti dhiibbaa inni qabu adda basuu.
2. To'annoo fi hordoffii tajaajilichaaf barbaachisu akka kennamuu fi kennamaa jiraachuu adda baafachuu.
3. Safartuuleen bu'a qabeessummaa tajaajila abukaatoo ittisaa bilisan kennamaa jiruu adda baafachuu fi ulaagaa madaallii barbaachisan akeekuu.
4. Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu eegamuun himatamaaf mirga seera fuulduratti walqixa keessumeeffamuu, dhimma murtiin xumura argachuu danda'u mana murtiitti geeffachuu, haqa argachuu, looggii malee keessumeeffamuu fi kkf heeraa fi seerota biroon haguuggii argataniif bu'uura ta'uu agarsiisuu.

5. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun rakkoo kenniinsa tajaajila abukaatoo ittisaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaan kennamu bu'a qabeessumaa isaa dabaluuuf furmaata ni akeeka. Tajaajilli kennamaa jiru maal akka fakkaatu agarsiisuun xiyyeeffannaa hojii kanaaf kennamee fi kennamuu qabu irratti fooya'iinsa barbaachisu ni akeeka. Sadarkaa qulqullina fi bu'a qabeessumaa tajaajila kennamuu agarsiisuun furmaata barbaachisu ni kaa'a. To'annoo fi hordoffiin qabatamaan jiru agarsiisuun fooya'iinsa barbaachisu ni akeeka. Walumaa galatti ijaarsa sirna abukaatoo ittisaa fooyyessuu keessatti qaamolee gahee qaban adda baasuun akka irratti hojjetan ni akeeka.

6. Fayyadamtoota Qoranichaa

Himatamtoonni tajaajila abukaatoo ittisaa ulaagaa isaa eeggatee fi bu'a qabeessa ta'e akka argataniif ni gumaacha. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa qaama tajaajila kana gurmeessuuf aangeffame waan ta'eef fooyya'iinsa abukaatoo ittisaaf akka galteetti ni gargaara. Biirron Haqaa Oromiyaa aangoo abukaatoo dhuunfaa gurmeessuu keessatti dirqama tajaajila abukaattummaa tolaa kennuu qabu raawwachisuun tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu waliin haala akkamiin qindaahuun gara hojiitti seenuu akka dandaa'amu ilaalchisee galtee ni ta'a. Qaamolee kenniinsa tajaajila abukaatoo ittisaa irratti qorannoo geggeessaniif ka'umsa ni ta'a. Walumaa galatti qorannoon kun kenniinsa tajaajilla haqaa naannoo akka fooyya'uuf kan gargaaru waan ta'eef uummanni fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa irraa fayyadamoo ni ta'u.

7. Mala Qorannoo

Qorannichi tajaajila qaamni mootummaa kennu sakatta'uu waan ta'eef fayadamtoota fi qaamolee tajaajila abukaatoo ittisaa dhiheessan, fudhatanii fi waliin hojjetan irraa daataa haala kenniinsa tajaajilichaa agarsiisu danda'u sassaabuun ni barbaachisa. Kanas galmaan gahuuf qorannoon kun mala qorannaa irraa caalaan akkamtaatti gargaaramuun ni hojjetama. Haa ta'u malee dabalataan tuqaalee tokko agarsiisuuf mala qorannoo hammamtaa akka deggersaattis ni gargaarama. Daataa kanas sassaabuuf gaaffiin af-gaaffii akkamtaa agarsiisuu fi bar-gaaffiin hammamtaa fi akkamtaa agarsiisu qophaa'anii ogeessota daataan irraa sassaabamuun guutameera. Sirreefamtoota tajaajila abukaatummaa argatan irraa odeeffannoo argachuuf maree garee geggeessuun daataan walitti qabameera.

Caaseffamaa fi gurmaa'insa abukaatoo ittisaa agarsiisuuf daataan seeraa fi sanadoota JABHA ilaalamaniir. Galmee abukaatoon ittisaa irratti ramadamee falmii geggeesses akka galtee tokkootti qorannoo kanaan sakatta'amaniiru. Odeeffannoo baay'ina hojii abukaatoon ittisaa hojjetu argachuuf raawwii hojii abukaatoo ittisaa gabaasni hojii waggaa sadii fi humna abukaatoo jiru waliin gara boodaatti deebi'uun walitti qabameera.

Daataan bifa af-gaaffiin Pirezidaantii Mana murtii, Abbaa Seeraa, Abukaatoo Ittisaa, I/Gaafatamaa W/Haqaa, A/Adeemsa KTAS irraa walitti qabamu xiinxalamuun qabatama tajaajila abukaatoo ittisaa jiru agarsiisuuf gargaareera. Daataan bifa bar-gaaffiin sassaabamus haaluma walfakkaatuun tajaajilli kennamu sadarkaa maalii irra akka jiru agarsiisuuf hojiirra ooleera. Daataan akkamtaa karaa galme, gabaasa, sanadoota JBAH fi caaseffama jiruu irraa sassaabameera, baay'ina hojii, gahumsa abukaatoo ittisaa fi qulqullina tajaajila kennamuu agarsiiseera.

7.1. Heddatoo Daataa

Daataan qorannoo kanaaf barbaachisu kan sassaabamu Naannoo Oromiyaa keessaati. Haa ta'u malee godinoota hunda gahuun daataa sassaabuun hin dandaa'amu waan ta'eef mala heddatoo kaayyeffataatti kargaaramuun Godinoota Oromiyaa keessaa kanneen argaman gadii filatamaniiru. Isaanis;

- Lixa Oromiyaa Irraa; W/Lixaa, Iluu Abbaa Booraa, Jimmaa
- Baha Oromiyaa irraa; Baalee, Hararge Lixaa, Arsii
- Kibba Oromiyaa irraa; Arsii Lixaa, Gujii
- Jiddu gala Oromiyaa irraa; G/Addaa Naannawaa Finfinnee, Shawaa Lixaa

Raawwii Daataalee Qorannoo Kanaaf Barbaachisanii

Lakk.	Gosa daataa	Karoora	raawwii	Dhibbentaa	Ibsa
1.	Af-gaaffii	130	112	92.31%	Hooggantoota hedduu sababa adda addaan argachuu hin dandeenye.
2.	Bar-gaaffii	90	74	82.22	Hangi ogeessa qabatamaan jiru karoora keenyaan gadi waan ta'eef.
3.	Marii sirreeffamtootaa	10	10	100%	
4.	Galmee	40	71	177.5%	
5.	Ragaa dhuunfaa abukattoo ittisaa	20	24	120%	
6.	Gabaasa wagga	30	30	100%	

8. Hanqinaalee Qorannoo

Daataa qorannoo kanaaf barbaachisu sassaabuu irratti ogeessotni dubbifne bargaaffii akka nuuf guutan kennameef nuuf deebisuu irratti rakkoon nu mudateera. Akkasumas itti gaafatamtoota sadarkaa naannoo fi zoonii irra jiran sababa hojiilee biroo fi walgahiin kan ka'e yeroo adda addaa deemuun argachuu irratti rakkoon nu mudateera kanaaf raawwiin daataa sassaabame gadi bu'uu danda'eera. Dabalees sadarkaa zoonii irratti ogeessota ni dubbifisuuf karoofanneen lakkoofsaan karoora gadi waan ta'eef raawwii gadi buuseera.

9. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu tajaajilli abukaatoo ittisaa yeroo ammaa Naannoo Oromiyaa keessatti kennamee jiru bu'a qabeessummaan isaa maala akka fakkaatu agarsiisuuf irratti dha.

Boqonnaa Lama

Abukaatoo Ittisaa Bilisa Mootummaan Dhihaatuu fi Agarsiiftuwwan Bu'a-Qabeessumaa Isaa

Seensa

Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu heera Mootummaa RFDI, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi seerota biroo keessatti beekamtii argateera. Tumaan seerota kanaas tajaajilli kennamuu akka qabuu fi eenyuuf kennamuu akka qabu ni agarsiisu. Haa ta'u malee tajaajilli kennamu eenyuun akka kennamuu fi ulaagaa maaliin akka madaalamuu hin agarsiifne. Tumaan Heera mootummaa RFDI kwt. 19-21 yaadrimee adeemsa kenniinsa murtii haqaa fi walqixxummaa (fair trial) kan of keessatti qabate dha. Yaadrimeen kunis barbaachisummaa tajaajila abukaatoo ittisaaf akka bu'uuraatti kan fudhatamu dha. Himatamaan hangam beekaa ta'us ogummaa seeraa hin qabu taanaan haqaa fi walqixxummaa isaa haala mirkaneessuun falmatee mirga isaa kabachiifachuuf ni rakkata.¹² Kanaaf himatamaaf deggersi ogeessaa dirqama barbaachisaa dha. Abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaatu mirga himatamaa kabachiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Abukaatoon ittisaa hojii hojjetu keessatti madaallii hojii, to'annoo fi hordoffii, baay'ina hojii, qabiyyee falmiif oolfamuu danda'u, caaseffamaa fi gurmaa'insa akkasumas itti waamama ilaalchisee wantoonni furamuu qaban jiru. Kana irraa ka'uun boqonnaa kana jalatti maalummaa tajaajila abukaatoo ittisaa fi qajeeltoowwan tajaajila ulaagaa fi qulqullina tajaajila abukaatoo ittisaa ulaagaa isaa eeggate ittiin madaalamuu danda'u maal maal ta'uu akka qabu ni ilaalamu.

1. Maalummaa Yaaddama Abukaatoo Ittisaa

Abukaatoo ittisaa bilisaa mootummaan dhihaatu maqaa garaagaraan ibsamuu akka danda'u barreefamootni ni agarsiisu.¹³ Fakkenyaaf “...*attorney at law, practice of law (legal practitioner), lawyer and advocate are some. Even if there is a slight difference in their definition from jurisdiction to jurisdiction and among scholars...*” kan jedhu akka fakkeenyaattii kaasuun ni dandaa'ama. Garaagarummaan hikkoo fi maqeeffama qaama kanaa namaa namatti fi sirnaa sirnatti haa jiraatu malee, yaadni bu'uuraa isaa abukaatoo jechuun nama ogummaa seeraa qabu, seera barate fi tajaajila ogummaa seeraa kennuuf heyyama ykn beekamtii seera fuulduratti

12 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame.

13 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula 20.

qabu ta'uu hedduun irratti waliigalu. Tajaajila kennamus kan haammatu sanadoota seeraa qopheessuu, bakka bu'uun dantaa himatamaa eegsisuu ykn akka isaa ta'uun raawwachuu, falmii seeraa keessatti bakka bu'uun falmii geggeessuu fi kkf ta'uu danda'a.¹⁴

Abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaatu mirga himatamaa eegsisuu ykn hubannoo seeraa dhabuu himatamaan miidhaa dhaqqabuu danda'u hambisuuf sirna hundaa'e dha.¹⁵ Yaadrimeen kun Heerri RDFI keessattis beekamtii argatee caasaan akka diriiru taasifameera. Mootummaan humna fi aangoo qabutti gargaaramee mirga murtii haqaa argachuu, walqixxee ilaalamuu, mana murtii looggii irraa bilisa ta'eetti tajaajila argachuu heeran kabajamee jiru irraan dhiibbaa seeraan alaa geessisuu danda'a. Mirga kana kabachiifachuunis kallattiinis ta'e alkallattiin dandeetti falmii gahumsa qabu geggeeffachuu himatamaa irratti hundaa'a. Himatamaan abukaatoon hin deggeramne dandeettiin falmii geggeeffachuun mirga isaa kabachiifachuu gadi aanaa ta'uu danda'a. Kun akka hin taaneef himtamaaf mirga abukaatoo ittisaa bilisa mootummaa irraa argachuu barbaachisaa dha.

Tumaan Heera Mootumaa RDFI fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 20(5) kan agarsiisu, himatamaan mirga abukaatoo ittisaa filannoo isaan bakka bu'amu fi abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'e fi haqni ni jallata tilmaamni jedhu yoo jiraate mootummaan dhaabuufii akka qabu ni agarsiisa. Bu'uura tumaa kanaan mirga kana argachuun himatamaa ulaagaa lama irratti hundaa'a. Isaanis, 'abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye yoo ta'e' fi 'haqni ni jal'ata yoo ta'e' kan jedhanidha. Qajeeltoon jiru ulaagaan lammaanuu guutamani jennan himataman mirga abukaatoo ittisaa bilisaan mootummaa irraa argachuu qaba jechuu dha. Haa ta'u malee ulaagaa ka'aman lamaaniifuu hiikkoon garaagaraa kennamu danda'a.

Himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii hin qabu kan jedhu yoo ilaalamu hiikkoo kennuufiin barbaachisaa dha. Himatamaan gaaffii dhiheessuu fi abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u jechuun ibsuun isaa qofti gahaa ta'uu dhiisuu danda'a. Kanaaf hiikkoon kennamu dhugumaan himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii hin qabuu kan jedhu maalli ittiin mirkaneeffachuu danda'ama kan jedhuuf fala kaa'uu danda'uu qaba. Hojimaatni himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeetti kan hin qabne ta'uu ittiin mirkaneessan dhibuun himatamtoonni dandeettii qaban fayyadamaa sirna kanaa ta'uun bay'ina hojiif gumaachuu

¹⁴Rules of the Supreme Court of Arizona, Rule 31, Regulation of the Practice of Law, issued July 3 2003. See also Article 2 (2), (12) of Proclamation No 182/2013 of Oromia; article 2 (2-3) of Proc. No 199/2000 of Ethiopia (Federal courts advocates licensing and administration proclamation).

¹⁵ Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, fuula 11.

danda'a waan ta'eef of eeggannoon barbaachisaa dha. Haa ta'utii himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii hin qabu jedhamee kan ilaalamuu qabu haala jireenya biyyattii irraa ka'uun himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf humana isa dandeessisu hin qabu jedhamee tilmaamuu kan danda'u ulaagaan seeraan teechiefameen madaalamee erga ilaalamee booddee dha. Kanaafis calalliin dhimmoota sirni ittiin geggeeffamu barbaachisaa dha.

Lammaffaa irratti haqni ni jala'ata tilmaani jedhu yoo jiraate jedhuuf hiikkoo kennuun barbaachisaa dha. Heera Mootummaa RDFI kwt. 19-21 jidduu tumaan jiru kan of keessatti qaabatanii jiran namni kamiyyuu mirga murtii haqa argachuu akka qabu fi sirni adeemsa murtichaa madaalawaa ta'uu akka qabu dha. Bu'uura tumaa kanaan himatamaaf mirgaa fi golgaan ka'amee jiru raawwatiinsa hin qabu taanaan haqni jal'ateera jechuudha. Kana irraa ka'uun, haqni jal'achuu danda'a tilmaamni jedhu fudhatamuu kan qabu, falmiin geggeeffamu bu'uura heeraa fi seeraan himatamaaf mirga eegamuu malu kabajuun kan hin geggeeffamne ta'uu isaa manni murtii kan bira gahe yoo ta'e dha.

Himatamaan abukaatoo ittisaa argachuuf mirga qabu abukaatoo malee yoo falme mirga isaa irratti dhiibbaa fiduu irra darbee tumaa heeraa cabsuu ta'a. Tajaajila haqaa argachuu ykn abukaatoo motummaan dhihaatuun fayyadamuu yaada jedhu kallattii tajaajila haqaa argachuutiin akka armaan oliitti ibsamuu danda'a. Kalattii dirqama mootummaan yoo ibsamu ammoo namoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye fi abukaatoo malee falmii yoo geggeessani haqni isaani jallachuuu danda'uuf mootumaan abukaatoo bilisaan dhaabuuf dirqama qaba.¹⁶ Biyyoonnii muraasni yaaddamicha bal'isuun gargaarsa ogummaa seeraa namoota hiyyeeyyii ta'aniif yakkaa fi hariiroo hawwaasaa irratti karaa namota dhuunfaan, mootummaa fi dhaabbilee miti mootummaan kennamu dabalatuutti fudhatu.¹⁷ Kana irra cehuunis biyyoota muraasa keessatti falmii bulchiinsaa irratti iyyuu deggersa abukaatoo bilisaa yeroo kennamu ni jira.

Abukaatoo ittisaa ykn deggersi ogeessa seeraa bal'atee hiikamuu danda'us¹⁸ qorannoo kanaaf tajaajila abukaatoo ittisaa jechuun kallattiin himatamaa abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii ykn humna hin qabneef dhimmoota yakkaa irratti tola tajaajila dhihaatu dha. Kaayyoon isaas

16 Huseen Ahimad Tura, *Indigent's Right to State Funded Legal Aid in Ethiopia*, *International Human Rights Law Review*, 2013, fuula 122.

17 Armaan Olitti Miiljalee 17 Jalatti Ibsame.

18 Armaan Oli, Fuula 22, Akka agarsiisutti "Thus, legal aid may broadly be perceived as encompassing 'legal advice, assistance, representation, education, and mechanisms for alternative dispute resolution; and to include a wide range of stakeholders such as non-governmental organizations, communitybased organizations, religious and non-religious charitable organizations, professional bodies and associations, and academic institutions.'"

himatamtootaaf mirga seera fuulduratti walqixa ilaalamuu fi haqa argachuu kabachiisuu dha. Mirga haqa argachuu mirkaneessuuf mirga seera fuulduratti walqixa ilaalamuu, abukaatoo argachuu fi adeemsa murtii madaalawaa ta'een keessumeessamuu guutuun dirqama.¹⁹ Eegumsa mirgoota kanneeniifis qulqullummaa fi bu'a qabeessummaan tajaajila abukaatoon kennamuu murteessaa dha.

2. Barbaachisummaa Abukaatoo Ittisaa Bilisaan Dhihaatuu

Adeemsa falmii yakkaa keessatti enyumaan gareewwanii gahee guddaa qaba kan jedhamuuf gareewwan keessaa tokko nama dhuunfaa inni tokko ammoo mootummaa waan ta'eefi.²⁰ Falmii keessatti walqixxummaan gareewwanii garaagarummaa dandeetti, qabeenya falmiif gareewwan oolchanii fi kkf irraatti hunda'ee dhiibbaan gahuu danda'a. Kanaaf dirree falmii walqixxeessuuf abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu gahee guddaa qaba. Itoophiyaattis walcaalmaa falmii irratti dhufuu danda'u xiqqeessuuf ykn hambisuuf yaaddamni abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu beekamtii argatee hojiitti seenameera.²¹

Heerri Mootumaa RDFI fi Naannoo Oromiyaa ulaagaa himatamaan abukaatoo ittisaa itti argachuu danda'u kaa'anii jiru. Kunis himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'ee fi haqni ni jallata yoo ta'e dha. Haa ta'u malee akka rakkootti kan ka'uu danda'u abukaatoon himatamaaf yoom dhaabbachuu qabaa fi haqni jallachuu danda'a yaada jedhu ilaalchisee garaagarummaan raawwii sadarkaa naannoo fi federaalaatti kan jiru ta'uu dha. Qabxiilee kana ilaalchisee akka addunyaatti waliigaltee fi hiikkoon walfakkaata ta'e hin jiru. Biyyoonnis akkaataa qabatama isaanii irratti hundaa'uun hiikkoo garaagaraa yeroo itti kennan ni mul'ata. Haaluma walfakkaatuun tumaa heera Mootumaa RDFI kwt. 19-32 irraa barbaachisummaa abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatuu ilaalchisee yaadonni armaan gadii hubachuun ni dandaa'ama. Yaadota kana irraa ka'uunis barbaachisummaa abukaatoo ittisaa fi hiikkoo tajaajila abukaatoo ittisaaf kennamuu qabu tilmaamuun ni dandaa'ama.

2.1. Mirga Walqixxummaa fi Loogii Malee Keessummeessamuu

Mirga walqixxummaa (the right to equality) tumaa Heera Mootummaa RDFI kwt. 25-jalatti beekamtii argatee jira. Bu'uura tumaa kanaanis namni hundumtuu seera fuulduratti walqixa ilaalamuu, mootummaan tajaajila kenniinsa haqaa walqixa ta'e kennuuf dirqamaa qaba. Haa ta'u

19 Armaan Oli.

20 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Ibsame, fuula 20.

21 Heera Mootummaa Federaalaa, bara 1995 bahe, kwt. 20(5), Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. 20(5).

malee hiyyuumaan mirga walqixxummaa kannarraan dhiibbaa geessisuu danda'a. Himatamtoota yakka walfakkaataan himataman keessaa muraasni abukaatoo dhaabbachuu danda'uu fi muraasni ammoo dhaabbachuu sababa hin dandeenyeef qofa falmii yakkaa keessatti murtii isaan argatan garaagara taanaan gareewwan kun walqixa haqa argataniiru jechuu hin danda'amu.²² Yaaddamni walqixxummaa kan agarsiisu gareen kamiyyuu abukaatoo dhaabbachuu dadhabuu isaatiin mirga isaa irraan dhiibbaan gahuun, qabeenyaa irratti hundaa'uun loogii uumuu akka ta'e agarsiisa. Kanaaf mirga walqixxumaa kabachiisuuf abukaatoo ittisaa himatamaa abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef dhiheessuun murteessaa dha.

Abukaatoon himatamaaf dhihaatu tajaajila ulaagaa eeggatee fi bu'a qabeessa ta'e kennuu danda'uu qaba. Akkasumas hangam bu'a qabeessa ykn dandeettii fi ogummaa tajaajilichaaf barbaachisu qaba kan jedhu dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha. Mirgi waliqixxumaa tajaajilli kenniinsa haqaa sababa kamiinuu loogii irraa bilisa ta'ee kennamuu akka qabu agarsiisa. Haqi himatamaan argatu abukaatoo dhaabbachuu fi dhiisuu isaa irratti kan hundaa'u yoo ta'e loogiin qabeenya irratti hundaa'ee jiraachuuf agarsiiftuu dha.²³ Mirgi abukaatoo tola mootummaa irraa argachuu haqi himatamaa abukaatoo dhaabbachuu danda'uu qofaaf kan argamu akka hin taanee ni gargaara.

2.2. Adeemsa Murtii Madaalawaa Ta'een Murtii Argachuu (Fair Trial)

Mirgi kun adeemsa seera qabeessa malee namni kamiyyuu mirga isaa seeraan beekamtii argate irraa mulqamuu akka hin dandeenye agarsiisa.²⁴ Mootummaan mirgaa fi bilisummaa seeraan eegumsa argate seera cabsuun ykn adeemsa seeraan ka'amee jiru osoo hin eegin nama irraa mulquu akka hin dandeenye ni agarsiisa. Himatamaan mirga isaa kabachiifachuuf dirqama mirgaa fi bilisummaa seeraan eegumsa argatee fi adeemsa murtii madaalawaa ta'e irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba. Haa ta'u malee miseensi hawaasa keenyaa hundumtuu dhimma kana irratti hubannoo gahaa hin qaban. Kanaaf ogeessa seeraan gargaaramuun dirqama ta'a. Gareewwan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye Abbaa Alangaa waliin sadarkaa walqixa irra dhaabbatee falmii geggeeffachuu ni danda'a jechuun hin dandaa'amu. Yaddamni adeemsa

22 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, fuula 22.

23 Armaan Oli.

24 Waa'een adeemsa murtii madaalawaa ta'een keessumeessamuu kallattiin Heera Mootumaa Federaalaa keessatti hin kaa'amne yoo ta'es qabiyyee yaaddama kanaa yaada Heera Mootummaa Federaalaa kwt. 20 jalatti haammataamee jiruun waliin walfakkaata.

madaalawaa ogeessonni akka ibsanitti mirga akka nama qulqulluuti tilmaamuu, mirga himannoo/ eeruu nama irratti dhihaate beekuu fi dandeetti himanna ykn eeruu nama irratti dhihaate hubachuun mana murtii ifaa fi banaa ta'etti ilaalamuu danda'uu of keessatti qabata.²⁵ Haala kanaan yeroo ilaalamu namni himatame abukaatoon falmachuun isaa barbaachisaa dha.

2.3. Adeemsa Seeraa Keessa Darbuu (Due Process of the Law)

Himatamaan nama ta'uu isaa qofaan mirga heeraa fi seeraan beekamtii fi eegumsa argate ni qaba. Mirgi kun adeemsa seeraa jiru haala eeggateen ala garmalee akka nama irraa mulqamu kan hayyamamu taanaan bu'uurumaan eegumsa argateera jechuun hin dandaa'amu. Kanaaf sirni adeemsa mirgi namaa itti mulqamuu danda'u jiraachuun barbaachisaa dha. Adeemsa kana keessattis himatamaan carraa gahaa argatee himannaa irratti dhihaateef deebii fi faccisa barbaachisu dhiheeffachuuf carraa fi yeroon isaaf kennamuun dirqama. Mootummaan mirga himatamaa irratti tarkaanfii fudhachuuf adeemsa keessa darbuu qabu hunda keessa darbuu qaba. Mootummaan adeemsa seeraan tumame eegaa jiraachuu fi dhiisuu isaa irratti hubannoo kan qabu ogeessa seeraa dha. Kanaaf himatamaan gaaffii kaasuu kan danda'u waa'ee adeemsichaa hubannoo gaha kan qabu yoo ta'e ykn ammoo ogeessa seeraan kan deggerame yoo ta'e dha.²⁶ Miseensonni hawaaasa keenya bal'aan ammoo hubannoo gahaa ta'e qabu jechuun tilmaamuun hin dandaa'amu. Fayyadamaa haguuggii kanaa kan ta'an namoota hubannoo seeraa qabaniif fi nomoota abukaatto dhaabbachuu dandaa'an qofa ta'a. Kanaaf namoota abukaatto seeraa dhaabbachuu hin dandeenyeef abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaachuufiin hojiirra oolmaa adeemsaaf barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

2.4. Falmiin Yakkaa Gareewwan Irratti Kan Hundaa'e Ta'uu (Adversarial Nature of the Criminal Proceeding)

Sirna kenniinsa haqaa biyya keenyaa keessatti falmiin yakkaa gaareewwan irratti kan hundaa'ee (adversarial) fi kan mana murtii irratti hundaa'e (inquisitorial) kan of keessatti qabate dha.²⁷ Adeemsa falmii gareewwan irratti hundaa'e keessatti manni murtii jiddu galeessa ta'uun adeemsa falmii keessatti seerri adeemsa eegamee falmiin akka geggeeffamu qajeelchuu irraan kan hafe falmii keessatti qooda bal'aa hin taphatu. Gareewwan lamaan walitti dhufuun falmii

25 Asher Flynn, Jacqueline Hodgson, Jude McCulloch And Bronwyn Naylor, Legal Aid And Access To Legal Representation: Redefining The Right To A Fair Trial, Melbourne University Law Review Vol 40:207, 2016, fuula 209.

26 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, fuula 22.

27 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula 23.

geggeessaniin dhugaan ni baa'a yaada jedhu irratti hundaa'a. Kunis falmii yakkaa keessatti qoodi gareewwan taphatan murteessaa ta'uu agarsiisa.

Himatamaan abukaatoo malee falmu adeemsa falmii yakkaa irratti hubannoo inni qabu murteessaa dha. Haluma walfakkaatuun abukaatoon himatamaaf ramadame hubannoo fi dandeettii inni qabus murteessaa dha. Kun kallattiin mirga himatamaa irratti dhiibbaa ni qabaata. Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu himatamaaf eegamus abukaatoon dhihaatu ogummaa, dandeetti fi beekumsa barbaachisu qabaachuun tajaajila ulaagaa fi qulqullina isaa eegee kennuu kan dandeessisu hin qabu yoo ta'e, mirgi himatamaa eegumsa argateera jechuun hin dandaa'amu. Kanaaf abukaatoon mootummaan dhihaatu bu'a qabeessummaan isaa sirni ittiin madaalamu, to'annoo fi hordoffiin geggeeffamu jiraachuun murteessaa dha.

3. Muxannoo Abukaatoo Ittisaa Biyyoota Tokko Tokkoo

Mirgii abukaatoo ittisaa mootummaa irraa argachuu sadarkaa idila-addunyaatti beekamtii mirga argate dha. Fakkeenyaaf Waliigaltee Mirga Siyaasaa fi Hawaasummaa irratti taasifame (ICCPR) kwt. 14 (3) (d) jalatti haammatamee jira. Fayyadamaa mirga kana ta'uufis ulaagaan lama ni kaa'a. Isaanis; abukaatoo ittisaa dhaabbachuuf dandeetti kan hin qabne ta'uu fi haqni ni jal'ata tilmaamni jedhu jiraachuu dha. Biyyoonni akka Jarmanii tajaajila abukaatoo ittisaa namoota yakka adabbii hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taanen adabsiisuu danda'uun shakkameef ykn himatameef ni dhiheessuu. Ripaabliki Indooneziyaa nama yakka hidhaa waggaa shanii gadi hin taane adabsiisuu danda'uun himatameef tajaajila abukaatummaa bilisaan akka argatan ni taasisu. Kaanaadaa fi Ingiliziin nama yakkaan shakkameef qabamuu irraa eegalee tajaajila abukaatoo ittisaa ni dhiheessu.²⁸ Ayirlandaaniin tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan kennamu sadarkaa himannaa irraa eegalee yeroo kennan ni mul'ata.²⁹ Biyyoonni akka USA, Kaanaadaa fi Ingilizii tajaajila abukaatoo bilisaa dhimma yakkaa qofa irrattii osoo hin taane dhimmoota hariiroo hawwaasaa fi dhimmoota bulchiinsaa irratti tajaajila ni kennu.³⁰

Muuxannoon Ameerikaa kan agarsiisu himatamaan ykn shakkamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye mootummaa irraa abukaatoo ittisaa akka argatu taasisuun mirga seera fuulduratti qulqulluudha jedhamee tilmaamamuu fi himannaa irratti dhihaate of irraa ittisuu himatamaa hojiirra oolchuu akka ta'eetti fudhatama. Himatamaan hiyyeessa ta'uu isaa qofaan himatamee itti

28 Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, fuula 12.

29 Armaan Oli.

30 Armaan Olitti Miiljalee 17ffaa Jalatti Ibsame.

murtaa'uu hin qabu, balleessaa ta'uun himatamaa mirkanaa'ee itti murtaa'uu qaba. Carraa namni qulqulluun ittiin adabamuu danda'u uumamuu hin qabu.³¹

Abukaatoo dhiheessuu qofti mootummaan dirqama isaa baheera hin jechisiisu; abukaatoon dhihaatu gahumsa gahaa qabaachuun dirqama. Tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennuf gahumsii fi dandeettiin abukaatoo ittisaa dhihaatuu murteessa dha. Himatamaa abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef abukaatoo gahumsa qabuu fi tajaajila bu'a qabeessa ta'e kennuu danda'u dhaabuufiin mirga himatamaa kabachiisuuf bu'uura.³² Tajaajila abukaatummaa qaama dhiheessu dhaabun kan barbaachiseefis himatamaan Abbaa Alangaa waliin humna walqixa (equality of arms) qabaachuun falmachuu akka danda'u yaadameetu.³³ Walumaa galatti abukaatoon ittisaa dandeettii fi gahumsa hojii isaa ittiin milkeessuu dandahu hin qabu taanaan bu'a qabeessa ta'uu hin danda'u.

Ameerikaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa qaama saadiin kennama. Waajjira Abukatoos Ittisaa Uummataa (public defender's office), qaamni kunis of danda'ee boordii mataa isaan buluun tajaajila abukaattummaa bilisaan kenna. Caasaa kanas naannoleen hedduun fudhachuun hojiirra oolchaniiru. Mala waliigaltee (contract system) kan jedhamu kanfaltii murtaa'aa ta'een qaama alaa waliin waliigaltee uumuun tajaajilli abukaattummaa bilisaan akka kennu taasisuu dha. Abukaatoo dhuunfaa himatamaaf ramadu (assigned counsel model) n kallattiin abukaatoo dhuunfaa qacaruun himatamaaf tajaajila kennu dha.³⁴ Tajaajilli abukaatoo ittisaa kennamus maloota kanneen walitti dabaluu iddoo inni tokko hin dandaa'amnetti isa birootti fayyadamuun walkeessa yeroo kennamu ni mula'ata.³⁵

Biraaziilitti kenniinsa abukaatoo ittisaa barbaachisummaa isaa itti amaanuun heera biyyaa keessatti kallattiin haammachiifameera. Heera Biraaziil kwt. 5 jalatti mirga seera fulduratti walqixa ta'uu fi sababa kamiinuu looggii malee lammiilee fi jiraattota biyyattii ta'an hundaaf mirga jiraachuu, bilisummaa, walqixummaa, nageenyaa fi qabeenyaa cabuu hin dandeenye qabaachuu isaanii tumamee jira. Tajaajilli abukaatoo ittisaas nama abukaatoo dhaabbachuu hin

³¹ Charles J. Ogletree, Jr. (1995), "Toward a More Effective Right to Assistance of Counsel", *Law and Contemporary Problems*, Vol. 58, No. 1, (Winter, 1995), p. 82.

³² Armaan Olitti Miiljalee 24ffaa Jalatti Kan Ibsame.

³³ Jon Mosher (2013) *Understanding Gideon's Impact, Part 2: the Birth of the Public Defender Movement* [Available at] <http://sixthamendment.org/understanding-gideons-impact-part-2-the-birth-of-the-public-defender-movement/> kan caqasame, November 27, 2017.]

³⁴ Robert L. Spangenberg And Marea L. Beeman, *Indigent Defense Systems In The United States*, *Law And Contemporary Problems*, Vol. 58: No. 1, Fuula 32.

³⁵ Armaan Olitti Miiljalee 36ffaa Jalatti Kan Ibsame.

dandeenye hundaaf mootummaan kennamuu akka qabu tumaan kun ni agarsiisa.³⁶ Qaamni tajaajila kenuus of danda'uun bilisumaan isaas seeraan haguuggii argatee tajaajila kenna. Qaamni kunis sirna haqaa biyyaa keessatti murteessaa ta'uun isaa itti amanamee beekamtii fi xiyyeeffannaa barbaachisu kennameeraaf. Sirna haqaa biyyaa keessatti kenniinsi haqaa hunudumaaf walqixa ta'uu mirkaneessuuf akka hunda'eetti fudhatameera.³⁷ Bulchiinsi qaama kanaas sadarkaa naannoo fi federaalaatti gumiin geggeeffama, geggeessaan qama kanaas pirezidaantii biyyaa fi bulchitoota naannoon filatama.³⁸

Jarmaniitti, namni abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye abukaatoo tola mootummaa irraa argachuuf ulaagaa kaa'amee guutuu qaba. Innis himatamaaf abukaatoon yoo dhaabbate milkaa'uu danda'a tilmaama jedhu manni murtii haala dhimmicha fi raga dhihaate ilaaluun fudhachuu yoo dandaa'e dha. Dabalees himannaan dhihaatu hidhaa waggaa tokkoo oliin kan adabsiisu yoo ta'e dha.³⁹ Haa ta'u malee qaamni tajaajila kennu gurmaa'e hin jiru. Tajaajilli abukaattummaa abukaatoo dhuunfaa ramaduun ykn abukaatoo himatamaan filatuun akka kennamu taasifama. Baasii abukaatoos garee falmiin mo' ametu kanfala. Himatamaan abukaatoon deggaramee yoo mo'ate kanfaltii abukaatoo akka kanfaluuf hin gaafatamu. Yoo mo'atame garuu baasii abukaatoof bahe akka kanfaluuf ni taasifama. Haa ta'u malee kanfaluu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo mirkaana'e hin dirqisiifamuu.⁴⁰

Faransaayiitti himatamaan kamiyyuu gargaarsa abukaatoo argachuuf mirga qaba. Haa ta'u malee galiin himatamaa kan seeraan gadi anaa jedhamee murtaa'een gadi ta'uu qaba. Galiin himatamaa kan shallagamu galii waggaa darbe keessa himatamaan argatee ida'uun ta'a. Shallaggii kanaan himatamaan galii seeraan xiqqaa jedhamee tumaameen oli kan argatu yoo ta'ee gargaarsa abukaatoo ittisaa hin argatu. Haa ta'u malee gargaarsa abukaatoo kana kanfaltii gamisaan argachuuf gaafachuu ni dandaa'a. Kanfaltii kanas erga falmii xumuree booddee akka kanfaluu taasifama.⁴¹ Faransaayiitti qaamni dhaabbiin taajaajila kana kennuuf hundaa'e hin jiru. Sirnichi

³⁶ Armaan Oli.

³⁷ Armaan Olitti Miiljalee 27ffaa Jalatti Kan Ibsame.

³⁸ Armaan Oli.

³⁹ Public defender, Wikipedia, https://en.wikipedia.org/wiki/Public_defender, kan caqasam November 28, 2017. Fi "Legal aid in Germany: Outline of the Legal Aid System", <https://www.opensocietyfoundations.org/sites/default/files/eu-legal-aid-germany-20150427.pdf>, Open Society Foundations, kan caqasame November 28, 2017.

⁴⁰ Armaan Olitti Miiljalee 41ffaa Jalatti Kan Ibsame.

⁴¹ New Restrictions on Legal Aid in France, https://www.french-property.com/news/money/france/legal_aide_juridictionelle_2017/, kan caqadam November 28, 2017.

himatamaan abukaatoon akka dhaabbatuuf barbaadu maqaa dhahuun unka gaaffiin ittiin dhihaatu irratti guutee akka dhiheessu gaafata. Manni murtiis gaaffi dhihaateef irratti hundaa'uun abukaatoo ittisaa ramadaaf. Maqaa hin dhiheeffanne yoo ta'e manni murti abukatoota dhuunfaa keessa tokko ramadaaf. Tajaajila abukattummaa abukaattummaa dhihaateefs mootummaan haala walfakkaataa ta'een bu'uura seeraan murtaa'ee jiruun kanfaltii ni raawwata.⁴²

Afriikaa kibbaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaan himatamaaf kennamu heeraan beekamtii argateera. Bu'uuruma kananis tajaajilichi Boordii Gargaarsa Ogumaa Seeraa ykn Legal Aid Board (LAB) jedhamuun hoogganamuun kennama. Qaamni kunis maloota addaa addaatti gargaaramuun tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaan mootummaan dhihaatu himatamtoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyee fi abukaatoo malee falmii yoo geggeessani haqni isaanii jal'achuu danda'u jedhamaniif ni kenna.⁴³

Tajaajilli kennamus karaa dhaabbilee dhuunfaa manni murtii himatamaaf abukaatoon kan barbaachisu ta'uu dhimmicha ilaaluun tilmaamuun akka kennamu yoo taasisu (judicare legal aid), boordiicha jalatti abukaatoo ittisaa dhaabbiin qacaruun tajaajila akka kennuu taasisuun fi naannoolee fagoo ta'aniitti ammoo kilinika seeraa (legal clinics) hundeessuun tajaajilli akka kennamu taasisa. Himatamtoonnis tajaajila kana kan argatan ulaagaa barbaachisu kan guutan ta'uu isaanii haala agarsiisuun foormii gaaffii dhimma kanaaf qopha'ee guutuun sirni qulqulleessaa keessa darbuuni dha.

4. Qajeeltowwan Bu'a Qabeessummaa Abukaatoo Ittisaa

Abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaatu barbaachisaa akka ta'e qabxiileen mata dureewwan armaan olii keessatti ka'an ni agarsiisu. Haa ta'u malee abukaatoon ittisaa dhihaachuun isaa qofti mirga heera mootummaan haammatamee galmaan gahuuf haalduree qofa ta'a. Abukaatoon ittisaa falmii keessatti haala barbaadamuun hin socho'u yoo ta'e himatamaa abukaatoo qabuu fi hin qabne jidduu garaagarummaan hin jiraatu. Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu heeraa fi seeraan beekamtii kan argate ta'us sababa rakkoolee adda addaa irraan kan ka'e hojirra oolmaan isaa yoo gufatu ni mul'ata.⁴⁴ Himatamaaf abukaatoo dhabuu qofa osoo hin taane abukaatoon dhihaatee

⁴² Armaan Oli.

⁴³ The Challenge of Providing Legal Representation in the United States, South Africa and China, *Journal of Law and Policy*, voll. 7.47, p. 50.

⁴⁴ Roger A. Fairfax, Jr., Searching for Solutions to the Indigent Defense Crisis in the Broader Criminal Justice Reform Agenda, 122 *YALE L.J.* 2316 (2013)

jiru tajaajila ulaagaa isaa eeggatee fi barbaachisaa ta'e hin kennu taanaan garaagarummaa abukaatoon dhaabbachuu qofaan fidu kan hin jirre ta'uu muuxannoon jiru ni agarsiisa.⁴⁵

Walumaa galatti himatamaan abukaatoo ittisaa dandeetti fi gahumsa gahaa qabuun gargaaramee kan falmatu yoo ta'e, adeemsa falmii keessatti carraa mirga isaa kabachiifachuu fi adeemsa kenniinsa murtii madaalawaa fi loogmaleessa ta'een keessumeessamuu isaa ni dabala.⁴⁶ Kana mirkaneessuuf abukaatoon ittisaa himatamaaf ramadamu haala hojiin isaa ittiin madaalamuu fi bu'a qabeessumaan isaa ittiin ilaalamuu danda'u jiraachuu qaba. Bu'a qabeessummaa abukaatoo ittisaa mirkaneessuuf muuxannoo sadarkaa addunyaatti jiru keessaa haala gadi fageenya qabuun ulaagaa kaa'uun madaallii ilaalchisee biyyi muuxannoon qabdu biyya Ameerikaa dha. Kana irraa ka'uunis qabxiilee abukaatoo ittisaa ittiin madaalamuu qabu kan biyya Ameerikaa ni ilaalla. Qabxiileen kunis mootummaan kan bahan osoo hin taane Waaldaan Ogeessota Seeraa Ameerikaa (American Bar Association (ABA)) kan baase dha. Qajeeltoowwan kunis akka biyyaatti fudhatamanii qaamoleen tajaajila abukaatoo ittisaa kennan kan ittiin of ilaalan ta'eera. Qabxiileen kunis akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

4.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa (Independence of the Defense Council)

Qaamni tajaajila abukaatummaa bilisaa kennu dhiibbaa qaama kam irraayyuu bilisa ta'uu qaba. Bilisummaan qaama kanaas kenniinsa tajaajila qofa kan ilaallatu osoo hin taane haala filannoo, kanfaltii fi faayidaa, bajata fi kkf kan ilaallatu hundi dhiibbaa qaama falmicha irraa dantaa qabuu kam irraa bilisa ta'uu qaba.⁴⁷ Kenniinsi tajaajila abukaatoo ittisaa dhiibbaa qaama kamiirrayyuu bilisa ta'uun akkuma abukaatoo dhuunfaatti falmii irratti mana murtii fi himatamaan geggeeffamuu danda'uu qaba. Bulchiinsi abukaatoo ittisaas qaama dantaa irra qabu irraa bilisa kan ta'e boordii of danda'een ta'uu qaba. Kunis tajaajilli qaama kanaan kennamu ulaagaa isaa kan eeggate fi bu'a qabeessa akka ta'uuf gumaacha qaba. Boordiin kunis kenniinsa tajaajilaa, ramaddii abukaatoo, dirqama tajaajila bilisaa abukaatoo dhuunfaan kennu to'achuuf kan aangeffame ta'uu qaba.⁴⁸

⁴⁵ Stephen B. Bright & Sia M. Sanneh, Fifty Years of Defiance And Resistance After Gideon v. Wainwright, 122 YALE L. J. 2150, 2152 (2013)

⁴⁶ Armaan Olitti Miiljalee 5ffaa Jalatti Kan Ibsame, fuula 25.

⁴⁷ Caroline S. Cooper, The ABA "Ten Principles Of A Public Defense Delivery System": How Close Are We To Being Able To Put Them Into Practice? Albany Law Review Vol. 78.3, 2015, Fuula, 1207.

⁴⁸ Armaan Oli

Itti waamamni abukaatoo ittisaa mana murtiif ta'uu qabamoo hin qabu gaaffii jedhuuf, mana murtiin ala ta'uun dhiibbaa qaama raawwachiiftuu irraa dhufuu danda'u hambisuu irra darbee bilisummaa abukaatoo ittisaa ni mirkaneessa. Filannoon hoogganaa abukaatoo ittisaa ykn dursaa abukaatoo ittisaa fi miseensota abukaatoo fi hojjettoota deggersaa abukaatoo ittisaa dandeettii fi ulaagaa beekamaa ta'e irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Miseensonni waajjira abukaatoo ittisaa haala biyyi keessa jiru bakka bu'uu akkaataa danda'uun facaatii qabaachuu qaba.⁴⁹

Kallattii bilisummaan abukaatoo ittisaa dhiibamuu danda'u keessa tokko karaa bajataa abukaatoo ittisaaf ramadamuuti. Muuxannoon Ameerikaa kan agarsiisu abukaatoo ittisaa mootummaatti ogeessota seeraa jiran keessaa hojiin kan itti baayyatu ta'us xiyyeeffanno kennamuu fi bajatni ramadamuu ogeessota kanneen keessaa gadi aanaa ta'uudha.⁵⁰ Hanqina bajataa irraa kan ka'es dhiibbaan guddaan karaa baayyina hojii abukaatoo ittisaa irra ni gaha. Bajata argachuu fi xiqqaachuu malee rakkoon biraan ture, eenyuutu bajata hojiif barbaachisu ramaduu qaba ykn haguuguu qaba gaaffiin jedhus falmisiisaa tureera. Heerri Ameriikaa mirga abukaatoo ittisaa mootummaa irraa argachuu kaa'e malee bajata qaama kanaaf barbaachisu ilaalchisee kallattii agarsiise hin qabu, kanaaf rakkoo ta'e jechuun ogeessotni seeraa biyyattii ni ibsu.⁵¹ Dhiheessii bajataa ilaalchisee steetota Ameerikaatti akka fakkeenyaatti fudhatamaa kan ture dhiheessii bajataa Mootummaa Federaala Ameerikaa ture. Haa ta'u malee sababa jijjiirra paartilee siyaasaa yeroo adda addaa gara aangootti dhufani irraan kan ka'e bajatni ramadamu yeroo tokko tokko hir'ifamuun sirnicha balaa irra busaa jira. Kun ammoo tajaajila abukaatoo ittisaa siyaasawaa taasisa waan ta'eef rakkoo ta'eera.⁵² Gochaan kun ijaarsa sirna abukaatoo ittisaa keessa rakkoon bu'aaraa furamuu qabu akka jiru kan agarisiise dha.

Abukaatoon ittisaa fi hojjettooti deggersa isaanii kanfaltii gahaa muuxannoo fi sadarkaa barumsaa isaanii waliin waligitu argachuu qabu. Hojiin kun ogeessota gahumsa qaban akka hawwatu taasisuuf faayidaalee fi kanfaltiin taasifamu kan abbaa alangaa fi hojjettoota deggersaa

⁴⁹ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame.

⁵⁰ Alexa Van Brunt, 'poor people rely on public defenders who are too overworked to defend them', <https://www.theguardian.com/commentisfree/2015/jun/17/poor-rely-public-defenders-too-overworked>, kan caqasame gaafa October 1/2017.

⁵¹ Federal Indigent Defense 2015: The Independence Imperative: A Report By The National Association Of Criminal Defense Lawyers, Public Law 88-455 An Act To Promote The Cause Of Criminal Justice By Providing For The Representation Of Defendants Who Are Financially Unable To Obtain An Adequate Defense In Criminal Cases In The Courts Of The United States, 2015, Fuula 5. (toora interneetii www.nacdl.org/federalindigentdefense2015 irraa argachuun ni dandaa'ama.)

⁵² Armaan Oli.

isaanii waliin kan madaalamuu danda’u ta’uu qaba. Abukaatoon ittisaaf bajatni ramadamu adeemsa hojii keessatti baasii bulchiinsaa kanneen akka baasii imalaa (geejjibaa), bilbilaa, mana kitaabaa, meeshaalee waajjiraaf barbaachisanii, qorannoo seeraa fi kkf barbaachisan adeemsa bulchiinsa guyya guyyaa keessatti mudatan kan haammate ta’uu qaba.

Jiraachuu bilisumaa abukaatoo ittisaa kana madaaluufis agarsiiftuuwwan fudhatamuu danda’an: -

- Boordiin ykn gumiin bilisaa hojii abukaatoo ittisaa hoogganu jiraachuu,
- Sirni filannoo fi fo’annoo abukaatoo fi bulchiinsi abukaatoo ittisaa ittiin filatamu jiraachuu,
- Sirni filannoo abukaatoo ittisaa, bulchitoota fi hojjetoota deggersaa abukaatoo ittisaa keessatti kan ilaalamu dandeetti fi gahumsi kaadhimamtoonni qaban ta’uu fi dhiibbaa siyaasaa irraa bilisa ta’uu,
- Abukaatoo ittisaaf bajatni gahaa ta’ee fi of danda’aa ta’e kan ramadamuuf ta’uu,
- Abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatuu fi abukaatoo dhuunfaa keessummeessuu irratti mana murtiin ykn abbaan seeraan garaagarummaan kan jiru ta’uu.

4.2. Hojii Abukaatoo Ittisaa Mala Biroon Deggaruu

Abukaatoo ittisaatti hojiin yoo baayyata ta’e sirni qaama biraan itti deggeran fakkenyaaf, abukaatoo dhuunfaatti gargaaramuu fi kkf jiraachuun barbaachisaa dha.⁵³ Qaamni tajaajila abukaattummaa deggersaan kennu itti wamaamni isaa yeroo tajaajila kana kennutti qaama mootummaaf ykn mootummaan bakka bu’eef ta’uu qaba. Sababiin isaas dirqamni tajaajila abukaatoo ittisaa dhiheessuu kan mootummaa waan ta’eef. Yeroo hundumaa tajaajilli kun kallattiin mootummaan dhihaachuu qaba jechuunis hin dandaa’amu. Akka fakkenyaatti bifa kontraataatiin ykn abukaatoo dhuunfaa dirqama tajaajila bilisaa waggaatti kennuuf dirqama qabu (probono duty) ramaduun akka tajaajila kennan yeroo taasifamu Ameerikaatti ni mul’ata. Kanas qulqulleeffachuuf akka agarsiiftuuttii kan gargaaran;

- Baayyinni galmee abukaatoon ittisaa wagga keessatti keessumeessuu fi humni abukaatoo walmadaalu,
- Tajaajila abukaatoo mootumaan dhihaatun ala qaamoleen tajaajila kennan kanneen akka abukaatoo dhuunfaa dirqama tajaajila bilisaa kennuu, dhaabbilee miti mootumaa fi fi kkf bifa gurmaa’a ta’een akka biyyaatti ykn naannootti jiraachuu,

⁵³ Armaan Oli.

- Qaama tajaajila deggarsaa gurmeessu fi to'atu fi tajaajila abukaatoo mootummaan dhihaatu hoogganu jidduu walitti dhufeenyi hojii jiraachuu,
- Sirni ykn caasaa akka naannootti tajaajila walfakkaataa fi qulqulluu ta'e kennuu jiraachuu,
- Ulaagaan tajaajila abukaattummaa qaama kanaan kennamu ittiin madaalamuu, walitti bu'iinsa dantaa qaama kanaa fi himatamaa jidduutti uumamuu danda'u ittiin furamuu, sagantaan leenjii qaamoleen kun akka of fooyyessaniif qindaa'u fi kkf jiraachuu.

4.3. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamu, Ramadamu fi Himatamaa Waliin Walargu

Himatamaan abukaatoo ittisia mootummaa irraa argachuuf mirga qabu calallii ulaagaa kaa'amee jiru keessa darbuu qaba. Calallii booddee himatamaa fi abukaatoon ittisia ramadame akkamitti fi yoom walargu kan jedhu dhimma murteessaa dha. Muuxannoon Ameerikaa kan agarsiisu yeroo himatamaan to'atamee kaasee sa'a 24 keessatti abukaatoon mootummaan dhihaatu shakkamaa waliin akka walargee mari'atu ykn gorsu taasifamun barbaachisaa ta'uu ni kaa'u.⁵⁴ Bu'uura kanaan shakkamaan qabame ykn himatamaan to'annoo jala jiruu abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii kan hin qabne yoo ta'e, abukaatoon mootummaan dhaabamuufii qaba moo hin qabu kan jedhu adeemsi ittiin qulqulleeffatamu jiraachuu akka qabu ni kaa'a. Itti aansee abukaatoon dhaabbatu beeksifamee himatamaa ykn shakkamaa waliin walargee akka mari'atu taasifama. Adeemsi kun kan raawwachuu qabu himatamaan ykn shakkamaan qabamee, hidhamee ykn abukaatoon mootummaan naaf haa dhaabbatu jechuun gaaffii erga dhiheessee booddee yeroo gabaabaa dandaa'ame keessatti ta'uu qaba.⁵⁵

Sababiin isaas mirgi himatamaaf ykn shakkamaaf eegumsi godhamuufii kan qabu qorannoo irraa eegaleeti yaaddamni jedhu biyya Ameerikaatti fudhatama argatee waan jiruuf. Abukaatoon ittisia falmii irratti qofa mirgi shakkamaa ykn himatamaa miidhamuu danda'uuf qofa abukaatoon barbaachisa osoo hin taane, sadarkaa qorannoo irraa eegalee mirgi himatamaa hubannoo seeraa gahaa ta'e dhabuu irraan kan ka'e sarbamu danda'a waan ta'eef dursee dhaabbachuufii qaba.⁵⁶

Hojiirra oolmaa qajeeltoo kana qulqulleeffachuufis agarsiiftuwwan gargaaranis: -

⁵⁴ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame. (kana waliin kan dagatamuu hin qabne Ameerikaatti tajaajilli abukaatoo ittisia bilisaan kan dhihaachuu eegaluu sadarkaa qorannoo irraa eegalee ta'uu isaati.)

⁵⁵ Armaan Oli.

⁵⁶ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame.

- Ulaagaan beekamaa himatamaan tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaa irraa ittiin argachuu danda’u jiraachuu,
- Odeeffaannoo tajaajila abukaatoo ittisaa ilaalchisee jiru hawwaasni haala salphaan argachuu danda’uu,
- Abukaatoon ittisaa yeroo barbaachisaa ta’etti dhihaachuu danda’uu,
- Himatamaan abukaatoo ittisaa malee akka falmatuuf carraan itti taasifamu jiraachuu,
- Himatamaa fi abukaatoon yoom walargu kan jedhani dha.

4.4. Abukaatoo Ittisaaf Yeroo Gahaa Qophiif Kennuu

Falmiif abbaan alangaa fi abukaatoon dhuunfaa yeroo gahaa fudhatanii qophaa’anii akkuma dhihaatan, abukaatoo dhuunfaas yeroo gaafatutti yeroo gahaan kennameefii himatamaa waliin walargee mari’atee qophii barbaachisaa taasisee akka dhihaatuuf haalli mijachuufii qaba. Kanaafis yeroo gahaa argachuu fi iddoo iccitiin isaa haala egeen himatamaa waliin itti mari’achuu danda’u qophaa’uufii qaba.⁵⁷ Abukaatoon ittisaa mootumaan dhihaatu himatamaa dhaddachatti otoo hin dhihaatin dura carraa itti haasofsiisee keessoo himannichaa beekuu fi qophii barbaachisaa ta’e taasisuu mijachuu qaba. Abukaatoon odeeffannoo qophii falmiif barbaachisu argachuuf iccitiin isaa haala eeggameen bakki itti himatamaa mariisuu waajjira poolisii, Mana Murtii, Mana Sirreessaa fi iddoo barbaachisoo ta’an birootti mijachuufii qaba.⁵⁸

Raawwii qajeeltoo kanaa ilaalchisee akka agarsiiftuun: -

- Abukaatoon ittisaa himatamaa waliin haala iccitiin isaa eegeen mari’achuu danda’uu,
- Mana Sirreessaa, Mana Murtii, Waajjira Poolisii fi iddoo barbaachisu hundatti iddoon iccitiin haala eegeen himatama fi abukaatoon itti mari’achuu danda’an jiraachuu,
- Cheekliistii fi wantootni iccitiin quunnamntii abukaatoo fi himatamaa jidduu jiru ittiin to’atamu jiraachuu,
- Yeroo qophiif abukaatoo ittisaaf kennamuu fi himatamaa waliin walargu jidduu jiru.

4.5. Baayyina Hojii Abukaatoo Ittisaa (Case Load)

Baayyinni hojii abukaatoo ittisaa kallattiin qulqullina tajaajila abukaatoon kennuu irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf baayyina hojii fi qulqullina hojii abukaatoo walmadaalchisuuf sirni to’annoo diriiruu qaba.⁵⁹ Baayyinni hojii abukaatoo ittisaa humnaa ol baayyatee qulqullina tajaajila

⁵⁷ Armaan Oli, Fuula, 1210.

⁵⁸ Armaan Oli, Fuula, 1210.

⁵⁹ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula 1209.

kennamu gadi buusuu sadarkaa danda’u irra gahuu hin qabu. Abukaatoon naamusa ogummaa tajaajila ulaagaa fi qulqullina isaa eeggate kennuu qaba. Baayyinni hojiis kan isa daangessu yoo ta’e hojii dabalataa kennamuuf diduuf dirqama ogummaa qaba. Kana hin taasisu taanaan abukaatoon ittisaa dirqama naamusa isaa bahaa akka hin jirreetti fudhatama.⁶⁰

Ameerikaatti abukaatoon ittisaa waggaa keessatti dhimmoota hagam keessumeessuu akka qabu ifatti seeraan tumameera. Daangaan kunis gosa, walxaxiinsa fi amala dhimmichaa irratti hundaa’uun sirreeffamni barbaachisaa ta’e fudhatamuun akkuma jirutti ta’eetu. Haala kamiinuu baayyini hojii abukaato ittisaa hanga kaa’ameen ol darbuu hin qabu. Yaaddama kana irraa kan fudhatamu tajaajilli abukaato ittisaan kennamu hanga kaa’ameen oli yoo ta’ee kallattiin tajaajila qulqulluu fi bu’a qabeessa kennuu abukaatoon irraan dhiibbaa geessisa. Yaaddamni baayyina hojii abukaato ittisaa daangessuu kan bu’uureffate abukaatoon ittisaa hojii isaa haala bu’a qabeessa ta’een ykn qulqullinaa fi ulaagaa isaa egeen hojjechuuf yeroo hagam isa barbaachisa yaada jedhu irratti dha. Abukaatoon falmii gaggeessu keessatti yeroo gahaa fudhatee qabiyyee falmichaa hunda himatamaa waliin mari’achuun sakatta’iinsa barbaachisu gaggeessuun qophii gahaa taasisuu qaba.⁶¹ Abukaatoon ittisaa baayyina dhimmoota waggaa keessatti keessumeessuu qabu walxaxiinsa, ogummaa barbaachisu, gosa dhimmaa fi kkf irratti hundaa’uun sirreeffama fudhachuun barbaachisaa dha.

Akka agarsiiftuuttis wantootni gargaaran: -

- Waajjiri abukaato ittisaa baay’ina hojii abukaato ittisaa sirni ittiin to’atu jiraachuu,
- Odeeffannoon baay’ina hojii abukaatoon ittisaa waggaa keessatti hojjetuu agarsiisu qindaa’e jiraachuu,
- Geggeessan ykn dursaan baay’ina hojii abukaato ittisaa to’atu jiraachuu,
- Abukaatoon ittisaa baay’ina hojii isaaf kenname madaaluuf dhimmoota isaaniif kennamee fi yeroo irratti dabarsan ragaa kan qabatan ta’uu,

⁶⁰ Armaan Oli.

⁶¹ Alexa Van Brunt, ‘poor people rely on public defenders who are too overworked to defend them’, <https://www.theguardian.com/commentisfree/2015/jun/17/poor-rely-public-defenders-too-overworked>, kan caqasame gaafa October 1/2017. (Akka fakkeenyaatti, In Florida in 2009, the annual felony caseload per attorney was over 500 felonies and 2,225 misdemeanors. According to the US Department of Justice, in 2007, about 73% of county public defender offices exceeded the maximum recommended limit of cases (150 felonies or 400 misdemeanors). Too often, those who are poor receive lower quality defense than those who have the means to pay.)

- Baay'inni dhimma waggaa keessatti abukaatoo ittisaan keessumeessamu ifatti kaa' amuu,
 - Kans murteessuuf haalotni ilaalcha keessa galan ifatti beekamuu,
 - Daangaan kunis hagam akka hordofamu ta'uu,
- baay'ina hojii kana ilaalchisee komeen dhihaatu sirni itti keessumeessamu mijachuu,
- Hojimaatni abukaatoon ittisaa dhimmoota daangaa hojii isaaf kaa'amee oli ta'an ykn humnaan oli ta'an sababa baay'ina irraa kan ka'e diduu diriiree jiraachuu,
- Bakki fi carraan abukaatoon ittisaa odeeffanoo gahaa ta'e maamila isaa irraa itti sassaabachuu danda'uu jiraachuu.

4.6. Dandeettii, Muxanoo fi Leenjii Abukaatoon Ittisaa Qabu Walxaxiinsa Dhimmaa Keessumeessu Waliin Walgituu

Abukaatoon ittisaa dandeettii, muuxanno fi leenjii inni qabu walxaxiinsaa dhimma keessumeessu waliin kan walmadaale ta'uu qaba. Abukaatoon ittisaa haala barbaachisuun naamusaawaa ta'ee, qulqullina fi ulaagaa barbaachisu guutee dhimmicha keessumeessuu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo hubate dhimmicha keessumeessuu diduu qaba ykn qaama isa hoogganu beeksisuu sirni isa dandeessisu jiraachuu qaba.

Akka agarsiiftuu kan gargaaran: -

- Ogeessi abukaatoo ittisaa ta'uuf yeroo filatamanitti leenjiin hojiin duraa jiraachuu,
 - Leenjiin kun maal maal of keessatti haammata?
 - Leenjiin kun otoo abukaatoon hojii hin eegalin dura moo hojii irratti kan kennamu dha?
- Leenjiin kennamu walxaxiinsa dhimmaa abukaatoon keessumeessu waliin walsimuu,
- Sadarkaan muuxannoo abukaatoo walxaxiinsa dhimmaa keessumeessu waliin walsimuu,
- Abukaatoon ittisaa muuxannoo dabalataa akka argatuuf carraan mijachuufii,
- Abukaatoon ittisaa dandeettii isaa dhimma qabate sirnaan keessumeessuuf kan isan hin dandeessifne yoo ta'e dhimmicha keessumeessuu diduuf sirni diriire jiraachuu,

4.7. Abukaatoon Dhimma Eegale Hanga Xumuraatti Itti Fufuu Danda'uu

Abukaatoon dhimmaa keessumeessu eegal hanga xumuraatti tajaajila kennuu qaba. Yeroo hunda abukaatoon jalqaba irratti dhimmicha qabate hanga xumuraatti ykn murtiitti ykn hanga adabbii murteessuutti himatamaa bakka bu'uu qaba. Akkasumas abukaatoon oliyyannoo jalqaba irraa

eegalee hanga dhimmichi xumuramutti hordofuun deggeersa barbaachisu hunda kennuu qaba.⁶² Kaayyoon isaas gegeeddaramuu abukaatoo irraan kan ka'e falmii himatamaa irra dhiibbaan akka hin geenyefi. Abukaatoon dhimmicha jalqaba irraa kaasee beeku haala bu'a qabeessa haala ta'een falmicha hanga xumuraatti falmuun himatamaa gargaaruu danda'a.

Sirni komee abbootii dhimmaa irraa ka'u itti keessumeessamu ariifataan diriiruu qaba. Komeen dhihaate kallattiin gara abukaatoo ittisaatti qajelfamee furmaata hin arganne yoo ta'e adeemsa yeroo murtaa'aa ta'e keessatti komeen dhihaate ittiin qulqullaa'u jiraachuu qaba. Abukaatoon ittisaa nama biraa bakka buusuun tajaajilli abukaattummaa akka kennamu taasisuu hin danda'u. Yaadni armaan olitti ka'e akka qajeeltootti haa jiraatu malee abukaatoon tasuma bakka hin buufamu jechuu miti. Walitti bu'iinsi dantaa (conflict of interests) abukaatoo fi maamila jidduutti yoo uumamee fi abukaatoon sababa garaagaraan dhaddacha irratti argamuu kan hin dandeenye yoo ta'e bakka bussuun dirqama. Kanaaf ulaagaa abukaatoo ittiin bakka buufamu ifatti ka'amee jiraachuu qaba.⁶³

Abukaatoon ramadame sababa gahaa malee abukaattummaa isaa irraa ka'uu hin qabu. Sababa gahaadha jedhamuun fudhatama kan qabanis; tajaajila abukaattummaa ulaagaa isaa eeggate kennaa hin jiruu, beekaa dantaan ykn fedhii fi mirgi maamila akka miidhamu ykn dhiibbaa jala galu taasisuu, ulaagaalee kenniinsa tajaajilaaf kaa'amani jiran kabajuun tajaajila kennuu dhabuu kan of keessatti qabate ta'uu qaba.

Bu'uura kanaan agarsiiftuuun: -

- Adeemsa falmii keessatti abukaatoon jalaqabaa hanga xumuraatti osoo hin geggeeddaramni hojochuu, Gosa dhimmaa irratti hundaa'ee abukaatoon ramadamuu,
- Abukaatoon kan waljijjiiru yoo ta'u odeeffannoo waa'ee dhimma abukaatoon tokko qabatee ture abukaatoo isa haaraa dhimmicha qabatuuf sirni ittiin dabarsu jiraachuu,
- Jijjiirraa abukaatoo sirni ittiin abbaa dhimmaa beeksisan jiraachuu,

4.8. Walqixxumaaa Gareewwanii

Falmii yakkaa keessatti himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyee fi abbaan alangaa walqixxummaan dhaabbii dhaddacha (equality of arms and standing) uumuuf abukaatoon ittisaa himatamaaf dhaabbate. Abukaatoo ittisaa bilisaan dhaabbatuu fi abbaa alangaa jidduu

⁶² Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula, 1210.

⁶³ Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011], fuula 12.

walqixxuumaan dhaabbii lamaanuu garee falmii waan ta'aniif jiraachuun irra jiraachuu qaba.⁶⁴ Abbaan Alangaa fi abukaatoon ittisaa akka namoota falmii tokko keessatti garee ta'anii hirmaataniitti kallattii qabeenya falmiif oolfamuu, dandeetti fi ogummaa falmiif barbaachisuu, yeroo qophiif barbaachisu argaachuu fi kkf ilaalchisee walmadaaluu qaba. Abbaa Alangaa fi abukaatoo ittisaa jidduu baayyina hojii, kanfaltiin miindaa fi faayidaa, falmiif qabeenya oolfamuu danda'an kanneen akka meeshaalee qorannoo hammayyaa adda addaa, hojjetoota deggersaa, qorannoo seeraa, qorattoota, ogeessota seeraa fi ogeessa haala walgituu danda'uun qabaachuu akka dandaa'aniif haalli mijachuu qaba.

Abukaatoon ittisaa sadarkaa abbaa alangaa waliin walgituu danda'u qabaachuun kenniinsa tajaajila haqaa fooyyesuuf sirna haqaa keessatti qaama hirmaatu jedhamee fudhatamuu qaba. Abukaatoon ittisaa hojiif bajata isa barbaachisu kan argatuu fi xiyyeeffanaan barbaachisu kennameefii kan deggaramu yoo ta'e qofa himatamaaf tajaajila ulaagaa isaa eeggatee fi qulqulluu kennuu danda'a.⁶⁵

Tuqaaleen akka agarsiiftuutti fudhataman,

- Walgitummaa qaamolee kanaa karaa hojiif wantoota barbaachisan kannen akka meeshaalee teeknoolojii argachuu, odeeffannoo seenaa balleessummaa yakkaa, kuusaa seenaa raawwii yakkaa, meeshaalee qorannoo seeraaf barbaachisan, ogeessota seeraa, laaboratorii forenzikii, mana kitaabaa, bajata imalaa, qorattoota, meeshaalee biiroo fi ogeessota hojiif barbaachisan argachuu,
- Faayida fi miindaan argatamu waliqixxee ta'u,
- Abukaatoon ittisaa imaammata sirna haqaa yakkaa biyyatti keessatti hammatamuu,

4.9. Dandeetti Abukaatoo Ittisaa Cimsuu

Abukaatoon ittisaa mootumman dhihaatu ogummaa isaa akka guddifatuuf carraan barumsaa fi leenjii mijachuufii qaba. Abukaatoon ittisaa fi hojjettoonni deggersaa tajaajila abukaattummaa kennan haala sirnawaa ta'een qindaa'ee kennuun kan isaan dandeessisu leenjii fi barnootaa hojii isaani waliin walsimu fi ogummaa falmii geggeessuun abbaa alangaa waliin sadarkaa walgituu irra geessisuu dandeessisu jiraachuu qaba.⁶⁶ Abukaatoon ittisaa haaraa qacaraman dirree hojiitti osoo hin makamin dura leenjii fi ibsi hojii kennamuufii qaba. Leenjiin abukaatoo ittisaaf yeroo

⁶⁴ Armaan Oli, Fuula, 1211.

⁶⁵ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula, 12011.

⁶⁶ Armaan Olitti Miiljalee 48ffaa Jalatti Kan Ibsame, Fuula 1212

yerootti mata dureewwan seera yakkaa, seera deemsa falmii yakkaa fi saayinsii foorenzika irratti kennamuu qaba.⁶⁷ Maanuwaaliin hojii abukaatoo ittisaa ibsuu fi adeemsa hojii waajjiraa ibsu qophaa'uun abukaatoon ittisaa akka ittiin geggeeffamuu taasifamuu qaba. Abukaatoon leenjii ykn barumsa dandeetti falmii geggeessuu cimsuu danda'uu fi carraa barruulee naannoo kana irratti barreeffaman dubbisuu akka argataniif haalli mijachuu qaba.⁶⁸

Hojiirraa oolmaa qajeeltoo kanaa agarsiisuufis qabxiileen akka agarsiiftuutii fayyadan

- Abukaatoo ittisaaf leenjii fi carraan barnootaa walitti fufiinsaan kennamu jiraachuu,
- Hojimaanni murtiilee, seerotaa fi qajeelfamoota haaraa ittiin abukaatoo ittisaa dhaqqabsiifamu jiraachuu,

4.10. To'annoo fi Hordoffii

Abukaatoon ittisaa hojii isaa qulqullinaa fi bu'a qabeessummaan kan hojjetu ulaagaan hojii fi madaallii yoo jiraate dha. Qaamni tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu fi qaamolee deggersaa kennan to'atu, yeroo yeroon supervizhiniin geggeessuu fi kallatti gahumsa fi bu'a qabeessummaa isaanii ilaalchisee madaallii geggeessu jiraachuun barbaachisaadha.⁶⁹ Tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu yeroo yerootti ulaagaa beekamaa fi murtaa'aa ta'e irratti hundaa'uun to'annoo fi hordoffiin taasifamuu qaba. Qaamni tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu kennu sirna gabaasaa fi to'annoo qabaachuu qaba. Gabaasni kunis hojii abukaatoon waggaa keessatti hojjetu hordofuuf kan gargaaruu danda'u ta'uu qaba. Gabaasni abukaatoon dhihaatus gosaa fi baay'ina dhimmaa abukaatoon keessumeessu kan haammate ta'uu qaba. Dabalees yeroo abukaatoon dhimmi tokkoof oolche haala agarsiisuun ta'uu qaba.⁷⁰ Gabaasi qaama abukaatoo bulchuuf yeroo yeroon kallattiin dhihaachuu qaba. Gabaasni dhihaatus iccitii galmee himatamaa haala eegeen qindaa'uu qaba.

To'annoo fi hordoffii keessatti kan adda bahu qabu itti waamama abukaatoo ittisaa, gahee hojii abukaatoo ittisaa karooraan deggeramee fi lakka'amuu fi madaalamuu danda'u jiraachuu dha. Hojiin abukaatoo ittisaan hojjetamu hordofamuu ykn to'atamuu fi madaalamu danda'u qaba. Kanaafis sirni madaallii ulaagaa ifatti beekamee irratti hundaa'e diriiruu qaba. Ulaagaan

⁶⁷ Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011], fuula 9.

⁶⁸ Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011], fuula 9.b

⁶⁹ Armaan Oli, Fuula, 1213.

⁷⁰ Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011], fuula 8.

madaalliis qabxiilee akka fayyadama yeroo fi baay'ina galmee abukaatoon keessumeessu, galmee keessatti waanta abukaatoon barreessu ilaaluu, dhaddacha irratti falmii abukaatoon geggeessu hordofuu fi yeroo yeroon maree geggeeffamu kan of keessatti qabate ta'uu qaba. Madaalliin raawwii hojii geggeeffamus Abbaa Seeraa, Abbaa Alangaa, Abukaatoota ittisaa biroo fi Abbaa Dhimmaan kan haammate ta'uu qaba. Abukaatoo kan madaalamuu qabu haala dandeetti fi bu'a qabeessummaa akka abukaatootti qabu tilmaama keessa galchuun ta'uu qaba. Qajeeltoon kun lafa qabatee kan jiru ta'uu isaa agarsiisuuf qabxiileen akka agarsiiftuutti itti gargaaramamus;

- Qajeeltoo fi adeemsi supervizhiniin abukaatoo ittisaa ittin qajeelchan jiraachuu,
- Wantoota superviizhiniin hojjetaaman,
 - Galmeelee qorachuu
 - Abbootii seeraa irraa odeeffannoo walitti qabuu,
 - Abbootii dhimmaa irraa odeeffannoo walitti qabuu,
 - Kallattiin dhaddacha irratti dhimmicha hordofuu
- Irra deddeebii qorannoon abukaattota kanaa itti geggeeffamu ta'uu,

Walumaa galatti bara 2002 (A.A) tti qajeeltoowwan kunaa fi kanneen biroo dabalachuun tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan kennamu kan Ameerikaa ittiin qajeelchuuf fi rakkoowwan raawwii irratti mudatu ittiin adda baasuuf ni gargaara jedhamee Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaan (American Bar Association (ABA)) qophaa'eera.⁷¹Qabxiileen kunis abbootiin aangoo, qaamoleen imaammata qopheessanii fi qaamoleen biroo tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan kennamuu keessatti bajata qaama kanaaf barbaachisu murteessuu, haala qabatamaa qaama kanaa fooyyessuu, sirna kenniinsa tajaajila qaama kanaa fooyyessuu keessatti qooda fudhatan gargaaruuf kan kaayyeffate dha. Qabxiileen kunis tajaajila abukaatoo ittisaa bu'a qabeessa, qulqulluu, sadarkaa isaa eeggate, naamusaawaa ta'e, walitti bu'iinsa dantaa irraa bilisa ta'e dhiheessuuf kan kaayyeffatedha.

5. Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee Akka Itiyooophiyaa fi Oromiyaatti Jiru

5.1. Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Sadarkaa RDFI tti jiru

Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu kallattiin fi alkallattiin heera mootummaa RDFI keessatti haammataamee jira. Innis kallattiin heera mootummaa RDFI kwt. 20(5) fi kwt. 21(2) jalatti mirga

⁷¹ The ABA Ten Principles of a Public Defense Delivery System, (ABA Standing Committee On Legal Aid And Indigent Defendants), February 2002, fuula 3.

abukaatoon falmachuu fi mirga abukaatoon mari'achuu jedhamee kaa'amee jiruu fi alkallattiin ammoo karaa kwt. 9(4) tiin waliigalteewwan idila-addunyaa biyyattin mallateessitee mirkaneessite qaama seera biyyattii waan ta'uuf qabiyyeen waliigalteewwan kanneenii kan abukaatoo ittisaa ilaalchisee jiran qaama heera biyya keenyaa ni ta'u jechuu dha. Gama biraan ammoo mirgi heera mootumaa RDFI tiin haguuggii argatee jiru haala akkamiin hiikamuu qaba gaaffiin jedhu yoo ka'e haala waliigalteewwan idila-addunyaa biyyattiin mallatteessitee qaama seera ishee taasifatteen ta'uu heerrichuma tumaan kwt. 13(2) ni agarsiisa. Kana jechuun heeraan mirgi eegumsa argatee jiru haala akkamiin himatamaa irraa mulqamuu malu kan jedhu ilaalchisee kallattii kan agarsiise dha. Kanaaf waa'ee abukaatoo ittisa ilaalchisee tumaa kwt. 20(5) tiif hiikkoo kennuun kan barbaachisu ta'ee yoo argame bu'uura seerota idila-addunyaa biyyi keenya mallateessiteen ta'uu akka qabu heerichi ni qajeelcha jechuu dha.

Tumaan Heera mootumaa RDFI kwt. 20(5) waliigalatti kan agarsiisu; himatamaan falmii yakkaa irratti mirga abukaatoo filannoo isaatiin falmachuu qabaachuu qajeeltoo ni kaa'a. Haa ta'u malee qajeeltoon kun kan raawwatamu himatamaan abukaatoo kanaaf baasii barbaachisu kanfalu yoo danda'e dha. Itti aansee himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye maal ta'a gaaffii jedhuuf tumaan kun furmaata ni ka'a. Innis baasii mootummaan abukaatoon dhaabbachuufii akka qabu ni qajeelcha. Haa ta'u malee abukaatoon baasii mootummaan dhaabbatu kun himatamtoota hundumaaf kan dhaabbatu akka hin taane tumaan kwt. 20(5) kun daangaa ni kaa'a. Innis ulaagaa himatamaan abukaatoon ittisa mootummaan dhihaatu ittiin argachuu danda'u lama kaa'eera. Innis himatamaan dandeettii abukaatoo dhaabbachuu kan hin qabne yoo ta'ee fi abukaatoo malee falmii kan geggeessu yoo ta'e haqni ni jal'ata tilmaamni jedhu fudhatamuu yoo danda'e dha. Kaayyoon ykn dugduubeen tumaa seera kanaa qaamni himatamee jiru kun mirga fi haguuggiin seeraan qabu bu'uura seeraan otoo eegumsi hin argatin dhiibbaan akka irra hin geenye dha.

Tumaa kanaan ulaagaan kaa'amee jiru maali yaada jedhuun tumicha osoo hin xiinxalin duraa gaaffii tumaa kun eenyuuf tumame kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Sababiin isaas himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii hin qabne tokko gargaarsa abukaatoo ittisaa eessaa kaasee argachuu qaba kan jedhu ilaalchisee gaaffii kaasa waan ta'eefi. Kana jechuunis adeemsa qorannoo kaasee abukaatoon ittisaa tola dhihaachuu qabamoo adeemsa himannoo qofa

irratti dhihaachuu qaba kan jedhu haqni jal'achuuf akka sababaatti yeroo ka'uu jira waan ta'eefi.⁷² Tuma Heera RDFI kwt. 20 yoo ilaalle mata dureen isaa 'mirga namoota himatamanii' jechuun ka'a. Kana jechuunis namootni mirga kwt. 20 jalatti tarra'e argachuu danda'an namoota himannoon sadarkaa mana murtiitti dhihaatee jiru dha. Kun ammoo gaaffii namootni dhimmi isaanii sadarkaa qorannaa irra jiru ilaalchisee heerichi mirga abukaatoo tola argachuu akka hin eegneef agarsiisa. Gaaffiin kana waliin walqabatee ka'uu danda'u shakkamaan sadarkaa qorannoo irratti mirga qabu jedhamee Heera MDFI kwt. 19 jalatti kaa'amee jiru kan eegamuufii danda'u hubannoo seeraa yoo qabaatee fi gargaarsa seeraa yoo qabate ta'uu yaada kana haala falleessuun kaasuun ni dandaa'ama. Haa ta'uu malee gaaffiin himataman abukaatoo qorannoo kaasee argachuu qabamoo hin qabu jedhu haguuggii qorannoo kanaa ala ta'us heerichi akka agarsiisutti tumaan kwt. 20(5) raawwiin isaa mana murtiitti himannoo dhihaate irratti malee eeruu irratti ykn sadarkaa qorannoo irra dhimma jiru hin haammatu.

Tumaan kun ulaagaa lama haa ka'uu malee ulaagaan kaa'ama lamaan kun hiikkoo irratti rakkoo akka qaban barreeffamoonni ni kaa'uu. Rakkoo tumaan kun qabus yommuu ibsan jalqaba irratti tumaan kun gargaarsa seeraa namni abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye sadarkaa hundumaatti kan argatu ta'uu isaa guutummaan guutuutti hin ibsu. Lammaffaa irratti tumaan kun yaaddama haqni ni jal'ata yoo ta'e jedhuuf hiikkoon bal'aa fi dhiphaan kennamuu kan danda'u ta'uu isaatiin raawwii irraatti dhiibbaa fideera. Hala kanaan haguuggiin kennamuun isaa haguuggii guutuu osoo hin taane haguuggii fakkiif taasifamu ta'uu isaa ni ibsu.⁷³

Gama biraan haguuggiin mirga kanaa sadarkaa seerota biyya keessaa qofaan ilaalamuu akka hin qabne Heeri Mootummaa RDFI kwt. 9(4) ni agarsiisa. Innis waliigalteewwanii fi seerotni idila-addunyaa biyyattiin mallateessitee bakka bu'oota uummataan mirkaneessite akka qaama seera biyyattiitti kan fudhatamu waann ta'eef, hiikkoon yaaddama kanaaf kennamu ulaagaalee waliigalteewwanii fi seerota idila-addunyaa keessatti kaa'amanii jiran tilmaama keessa galchuun dirqama ta'a.⁷⁴ Bu'urra kanaan ulaagaa lameeniif hiikkoon kennamuu danda'u akka ramaan gadiitti ilaaluun ni dandaa'ama.

5.2. Dandeettii Abukatoos Dhaabbachuu Kan Hin Qabne

⁷² H.A. Tura / International Human Rights Law Review 2 (2013) 120–150, fuula 141

⁷³ H.A. Tura / International Human Rights Law Review 2 (2013) 120–150, fuula 132.

⁷⁴ Sanadoota idila-addunyaa kanneen akka ICCPR kwt. 14 (3) (d) - himatamaan gargaarsa ogummaa seeraa haqaaf jecha ni barbaachisa yoo ta'e kanfaltii malee argachuuf mirga qaba jechuun ni kaa'a.

Bu'uura kwt. 20(5) heera Mootummaa RDFI tiin ulaagaan jalqaba abukaatoo himatamaaf dhaabuuf kaa'amee jiru himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'e dha. Kana jechuunis himatamaan dandeettii kanfaltii abukaatoo dhaabbachuuf barbaachisu kanfaluu sadarkaa isa dandeessisu irra kan hin jirre yoo ta'e abukaatoo mootummaa irraa argachuun mirga ni qaba. Haa ta'u malee tumaa heerichaa fi seerota kana raawwachiisuuf baahan irraa bifa waliigalaatiin dandeettii abukaatoo dhaabbachuu dhabuu agarsiisuuf ulaagaaleen fudhatamu qaban maal isa jedhu ilaalchisee agarsiiftuun kan hin kaa'amne ta'uun isaa raawwii irratti garaagarummaa fideera.

Dabaleesa dandeettii abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa haala akkamiin akka ququllaa'uu qabu ilaalchisee sirni diriiree kan hin jirree ta'uun isaa raawwii irratti akka rakkootii ni ka'a. Qaamni kana qulqulleessuuf aangeffames bu'uura heera mootummaa RDFI fi Naannootiin ifatti kan kaa'ame hin jiru. Haaluma walfakkaatuunis labsii manneen murtii Federaalaa hundeessuuf bahe labsii 125/88 kwt. 16 2(j) jalatti yaanddamni abukaatoo ittisaa tola argachuu haammatamee jira. Dabalees himatamaan haala akkamiin abukaato ittisaa argachuu qaba kan jedhu ilaalchisee ulaagaan heerichaan kaa'amani jiran akkuma jirutti kan fudhate ta'uu isaa ni mul'ata.

Sadarkaa labsii kanaatti tumaan abukaatoo ittisaa ilaalchisee jiru duuchumatti Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigala Federaalaa waajjira abukaatoo ittisaa gurmeessuuf aangoo akka qabu kaa'uu irra darbee waa'ee tajaajila abukaatoo ittisaa ifatti waan kaa'e hin qabu. Kana jechuun raawwiin isaa bu'uura heeraan kaa'amee jiruun kan raawwatu ta'uu malamoo bu'uura Mana Murtii Waliigalaatiin gurmaa'uun ta'a kan jedhu ilaalchisee gaaffii kaasuun isaa kan hin hafne ta'a jechuu dha. Kana irraan kan ka'e labsiin kun tumaa heera keessatti kan kaa'aamee jiru duuchumaan fudhatee hojiirra oolmaa isaa ilaalchisee waa'ee gurmaa'insa qaamichaa irratti kan xiyyeeffatedha jechuun fudhachuu dandeenyea.

5.3. Haqni Ni Jal'ata Yoo Ta'e

Tumaalee Heera kutaa mirga namoomaa ibsu jalaa waanti hubachuun dandaa'amu xiyyeeffannoo heerichi kabajamuu mirga kanaf kene dha. Kabajamuu mirga kanneeniif bu'uura ta'ee fudhatamuu kan danda'u ammoo namooni fayyadamoo mirga kanaa ta'an hubannoo seeraa isaan qaban murteessaa dha. Himatamaan waa'ee mirga walqixxummaan haqa argachuu, adeemsaa seeraa kabajuu, hatattamaan haqa argachuu, fi kkf ilaalchisee hubannoo inni qabu ogeessa seeraa yoo ta'e malee hanga barbaadame ta'uu dhiisuu danda'a. Kun immoo kabajamuu dhabuu mirga

kanaaf sababa ta'uu dandaa'a. Kanaaf haqni bu'uura barbaadameen kabajamuu dhabuu dandaa'a. Mirga abukaatoo mootummaa irraa argachuu bu'uuraan Heera Mootummaa RDFI kwt. 20(5) jalatti haguuggii argatee jira. Keewwata kana jalattis haalduree argannaa abukaatoo ittisia mootummaan dhihaatu ta'ee ulaagaalee ta'an keessaa tokko tilmaama 'haqni ni jal'ata yoo ta'e' akka ta'e ni agarsiisa. Haaldureen kun kan agarsiisu ammoo kan hundaa'u eegamuu mirga heerichaan haguuggii argatan irratti kan rarra'u waan ta'eef haalonni karaa kamiinuu mirga eegumsa argatan kana balaa irra buusuu danda'an kamiyyuu jal'ina haqaaf akka sababaatti fudhatamuu kan danda'an ta'uu isaa ni agarsiisa.

Haala kanaan yoo hubatame malee jal'inni haqaa maal jechuudha gaaffii jedhuuf heerichi ibsaa fi deebii kallattiin hin kaa'u akka kaa'us hin eegamu. Gaaleen haqni ni jal'ata yoo ta'e ykn 'miscarrage of justice' jedhu kun haala dhimmichaa fi fedhii qaama tajaajila kennuu ykn fudhatuu irratti hundaa'uun bal'atee ykn dhiphaatee hiikamuu danda'a. Himatamtoota tajaajila kana barbaadan hundumaaf guutummaan guutuutti tajaajila haqni ni jal'ata yoo ta'e ballisuun hiikun hundumaa ni haammata jechuun kennuu. Dhiphisuun hiikuun himatamtoota akkamii jalaa haqni jal'achuu danda'a kan jedhu ilaalchisee ulaagaa garaagaraa kanneen akka addabbii hidhaa cimaa, gali himatamaa fi kkf kaa'uun namoota tajaajilicha argatan daangeessuu. Haa ta'uutii haqni yoom eegama kan jedhu irraa kaanee ulaagaaleen haqaaf barbaachisan kamiyyuu yoo hirratee jallina haqaaf sababa ta'uu danda'a kan jedhu hiikkoo bal'aa yoo fudhatne raawwii herichaa fi hojiirraa oolmaa mirga himatamaaf bu'uura ta'uu danda'a.

Yeroo ammaa addunyaa irratti yaadni haqni ni jal'ata jedhu ilaalchisee hiikkoon bal'aa fudhachuun hiikkoo dur ture kan himatamaaf falmii yakkaa irratti qofa tajaajilli kun kennama jedhu hafa ta'aa jira.⁷⁵ Bu'uuruma kanaan tajaajilli abukaatummaa yeroo ammaa kana sadarkaa biyyaatti kennamuu qabu haqaaf jedhamee kan kennamu yoo ta'e; sadarkaa falmii kamittuu tajaajila kana dhabuun haqni cabuu danda'uu fi dhiibbaa gahuu danda'u hambisuuf kan kaayyeeefate jechuun ni dandaa'aama. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana mirgi kun bal'atee hiikamaa kan hin jirre yoo ta'u akka sababaattis yaadni ka'u mootummaan dandeettii tajaajila kana kennuu kan hin qabne ta'uun ni ka'a. Kan dagatamuu hin qabne amala addaa mirga namoomaa keessaa tokko dandeettii dhiheessuu mootummaa irratti kan daanga'an osoo hin taane himatamaan dirqama nama ta'uu isaa argachuu kan qabu ta'uun dha. Kanaaf mootummaan yeroo hundumaa dirqama dhiheessuu akka qabu fi dhiheessuuffis hojjechuu qaba.

⁷⁵ Lilongwe Declaration on Accessing Legal Aid in Criminal Justice System in Africa, Para. 1.

Gama biraan ammoo kaayyoon Heera Mootummaa RDFI kwt. 20(5) kan agarsiisu abukaatoo argachuu himatamaa malee abukaatoon himatamaaf dhihaatu tajaajila abukaatummaa akkamii kennuu akka qabu ilaalchisee waan agarsiisu hin qabu. Abukaatoon ittisaa himatamaaf dhihaatu ulaagaa qofaaf dhihaachuu akka hin qabnee fi tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennuu kan danda’u ta’uu akka qabu mata duree armaan olii keessatti yaadotni kaa’an ni agarsiisu. Haa ta’u malee tumaan heera fi labsiin qaama kan sadarkaa federaalaatti hundeessuuf bahe keessatti ulaagaa tajaajila kennamuu qabu ilaalchisee haguuggii jiru laafaa ta’uu isaa hubachuun ni dandaa’ama. Xiyyeeffannoon heerichaa fi labsichaa kan jiru waa’ee tajaajilicha dhiheessuu malee waa’ee qulqullina tajaajilichaa irratti akka hin taane ni hubatama. Kun ammoo sadarkaan guddina mirga kanaa jalqaba irra ta’uu kan agarsiisu dha.

Kallattii biraatiin haqni yoom jal’ata kan jedhuu yommuu ilaalamu haguuggiin mirga abukaatoo argachuu heeraan haammatamee jiru mana murtii sadarkaa kamiif gaaffii jedhu ni kaasa. Kana jechuunis haguuggiin abukaatoo argachuu kun dhimmoota mana murtii olaanaa fi aanaatti murtii argatan sadarkaaa oliyyaannoo isaaniitti ni haammatamoo hin haammatu kan jedhu ilaaluun barbaachisaa ta’a. Sababiin isaas oliyyannoon sirna adeemsaa haqni jal’ate itti sirratu keessaa tokko waan ta’eef adeemsa kana keessatti himatamaan mirga abukaatoo mootummaa irraa argachuu hin eegamu yoo ta’e, himatamaan abukaatoo malee kan falmatu yoo ta’e haqni isaa sadarkaa mana murtii jalaatti jal’ate sirreeffachuuf gaaffii fi falmii kaasuu qabu hunda kaasee falmuun haqa isaa bade ni deeffata jechuun rakkisaa ta’a. Kanaaf gargaarsi abukaatoo ittisaa bu’uuraan haqaaf kan barbaachise kan jedhamu yoo ta’e sadarkaa oliyyannoottis dhihaachuun dirqama ta’a. Walumaa galatti yaada kana irraa kaanee haguuggiin heerichaa kan kaayyeffate sadarkaa hundatti akka ta’uuf akka ta’e hubachuun ni dandaa’ama.

5.4. Haguuggii Seeraa Abukaatoo Ittisaa Sadarkaa Naannootti Jiru

Mirga abukaatoo ittisaa bilisaan argachuu qabatamaan sadarkaa naannootti jiru kan ka’u Heera Mootummaa Naanno Oromiyaa irratti. Qabiyyeen heera kanaas kan heera mootummaa RDFI jalatti tumamee jiruun tokko dha. Tumaan Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 20(5) kan agarsiisu himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye fi haqni ni jal’ata yoo ta’e abukaatoo tola mootummaa irraa argachuuf mirga akka qabu ni kaa’a. Tumaan kun haaluma walfakkaatuun himatamaan abukaatoo mootummaa irraa argachuuf ulaagaa lama guutee yoo argame ta’uu isaa bu’uuruma heera mootummaa Federaalaatti ni kaa’a. Innis ‘abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye yoo ta’ee’ fi ‘haqni ni jal’ata yoo ta’e’ kan jedhu dha. Rakkoon

tumaa kanaas haaluma walfakkaatuun namni tokko abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa fi abukaatoo malee yoo falmate haqni ni jal'ata kan jedhu akkamitti akka qulqulleeffatamu ulaagaa bifa tokkoon hubatamuu danda'u seerotni heericha raawwachiisuuf bahan hafuura heerichaa waliin kan walfakkaatan ta'uu dhabuu dha.

Heera Naannoo Oromiyaa hojirra oolchuuf kan bahe labsiin lakk. 141/2000 kan Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe kwt. 17(2) jalatti qabiyyeen haammatamee jiru tumaa heerichaa waliin kan walsimu jechuun hin dandaa'amu. Sababiin isaas ulaagaa dabalataa sirna calallii mirga heerichaan haammatamee jiru dhiphisuu danda'u kan haammate waan ta'eef. Tumaan labsii kanaa kan of keessatti haammatee jiru, sadarkaa jalqabaa irratti namni kamiyyuu abukaatoo fedhii isaa dhaabbachuuf mirga akka qabu ni kaa'a. Itti aansee namni abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii hin qabne ilaalchisee ulaagaa lama ni kaa'a. Isaanis tokkoffaan abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uu fi lammaffaan himannaa adabbii hidhaa waggaa shanii oliin adabsiisuu danda'uun himatamuu dha. Bu'uura tumaa kanaan ulaagaa kanneen himatamaan hin guunne tajaajila abukaatoo ittisaa bilisaan mootummaa irraa argachuuf mirga kan hin qabne ta'uu ni agarsiisa. Kana irraa ka'uun herummaa tumaa kanaa irratti gaaffiin ogeessotaan yeroo ka'u ni mul'ata. Qabiyyee tumaa kana irraa kaanee calaaltuun himatamtoota abukaatoo ittisaa argachuuf mirga qabanii kan dandeetti abukaatoo dhaabbachuu dhabuu (the means test) fi haqni ni jala'ata yoo ta'e (for the interest of justice) jedhu jiraachuu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Garaagarummaa ulaagaalee kanneenii ilaaluuf tokko tokkoon ilaaluun barbaachisaadha.

5.4.1. Dandeettii Abukaatoo Dhaabbachuu Dhabuu

Sadarkaa naannootti namni himatame tokko abukaatoo mootummaa irraa bilisaan argachuuf ulaagaan jalqaba ilaalamu himatamaan kun abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii kan hin qabne ta'uu isaa dha. Kana jechuunis himatamaan kun sadarkaan jireenya isaa dandeettii abukaatoof kanfaltii barbaachisu kanfaluun abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu isa dandeessisu irra kan hin geenye ta'uu dha. Mirga abukaato ittisaa mootummaa irraa bilisaan argachuu ilaalchisee wantoonni ilaalamuu qaban mirga abukaatoo argachuu himatamaa fi dandeettii dhiheessuu danda'uu mootummaa walitti fiduun sirna calallii heeraan kaa'amee jiru hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee mirgi sirni calallii dhimmootaa mootummaan diriiru mirga abukaatoo argachuu himatamaa garmalee kan jalaa dhiphisu ta'uu hin qabu. Kallattii biraan yoo ilaalamu mootummaan namoota himataman hundaaf abukaatoo ittisaa dhiheessee kan hin

dandeenye waan ta'eef sirni calallii jiraachuun barbaachisaa dha. Ulaagaalee calallii kanneen keessaas tokko abukaatoo dhaabbachuu dadhabuu himatamaa dha. Himatamaan abukaatoo dhaabbachuuf dandeettii dhabuu isaa ilaalchisee sirn ittiin qulqulleeffatan diriiruun barbaachisaa dha.⁷⁶ Kanaaf ulaagaan kun sirnaan hojiirra ooluun mirga abukaatoo argachuu himatamaa kabachiisuu qofa osoo hin taane abukaatoo ittisaa lakkoofsaan qabnu fi baay'inni hojii jiru akka walmadaalu taasisuun tajaajilli kennamu kan ulaagaa isaa eeggate akka ta'u taasisuu keessatti qooda guddaa ni taphata.

5.4.2. Ulaagaa Haqni Ni Jal'ata Yoo Ta'e

Heera Mootummaa Naannoo fi kan Federaalaa keessatti ulaagaan kun kallattiin beekamtii kan argatee jira. Haa ta'u malee hiikkoon yaada kanaaf kennamu garaagara ta'uu isaa qabatamaan jiru ni hubachiisa. Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti ulaagaan haqni jal'achuu jedhu kan hiikamaa jiru himatamtoota yakka adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii oliin adabsiisuu dandaa'uun himatamaniitti dha.⁷⁷ Bu'uura kanaan haqni kan jal'achuu danda'u namootni abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye yakka adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii oliin adabsiisuu danda'uun yoo himataman qofa yaada jedhu ni calanqisiisa. Hiikkoon kun yaaddama haqni ni jal'ata yoo ta'e ykn 'in the interest of justice' yaada jedhuuf hiikkoo kennamuu danda'u kan dhiphisu dha. Kanaafuu bu'uura labsii 141/2000 tiin ulaagaan haqaaf jedhamee kaa'amee jiru kan heera mootummaa Federaalaa fi Naannoo keessatti haammatamee jiruun gadi. Kun ammo kallattiin fayyadamtoota mirga kanaa irraan dhiibbaa kan gahu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Mirgi kun mirga namoomaa waliin kan walqabatu malee akka mirga dinagdee dandeettii dhiheessuu mootummaa irratti kan hirkatu miti. Kana jechuunis mirgi kun himatamaan sababuma nama ta'ee fi haqni isaa jallachuu danda'uuf kan argatu malee sababa mootummaan dhiheessuu dandaa'uuf akka hin taane hubatamuu qaba. Haala kanaan haguuggii mirga abukaatoo ittisaa dhiphisuu waa lama ni agarsiisa.

Jalqaba irratti mootummaan sababa tajaajila abukaatoo ittisaa himatamtoota hundumaaf dhiheessuu hin dandeenyeef dhiphisuun yakkoota ciccimoo ta'an ykn adabbiin isaanii cimaa ta'eef akka dhichatu barbaadame. Lammaffa irratti haqni jal'achuu kan danda'u yakkoota wagga shanii ol adabsiisan qofa irratti yaada jedhu agarsiisuun barbaadameetu. Haa ta'u malee haqni

⁷⁶ Yaadni kun Heera Mootummaa Federaalaa fi kan Naannoo keessatti, akkasumas labsii Manneen Murtii Oromiyaa irra deebisanii hundeessuuf bahe lakk. 141/2000 keessattis beekamtii argatee kan jiru ta'uu isaa irraa yaada argachuu dandeenyudha.

⁷⁷ Labsii lakk. 141/2000, labsii Mannen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, kwt. 17(2).

jala'ateera ykn hin jal'anne jechuuf madaalliin jal'ina haqichaati malee guddina adabbii isaa ta'uu hin danda'uu.

Boqonnaa Sadii

Xiinxala Daataa

Seensa

Boqonnaa kana jalatti daataan af-gaaffiin, bar-gaaffiin, gabaasa hojii abukaatoo, gaalme dhuunfaa abukaatoo ittisaa fi galmeelee abukaatoon ittisaa irratti falmii geggeessan irraa walitti qabaman yaadotaa fi qajeeltowwan boqonnaa lammaffaa keessatti ka'an waliin walbira

qabaamuun kan keessatti xiinxalaman ta'a. Buu'uuruma kanaanis yaadonni akka tajaajilli abukaatoon ittisaa yeroo ammaa kennaa jiru maal akka fakkatu, baay'inni hojii, humni namaa jiru, mijaa'inni iddoo hojii fi wantoota hojiif barbaachisan guutamuu, dandeettii fi gahumsa abukaato ittisaa ijaaruu, qulqullina hojii, to'annoo fi hordoffii, caaseffamnii fi kkf ilaalchisee ka'an odeeffannoo funaanameen deggeramuun ni xiinxalamu.

Dabalees argannoowwan xiinxala kanaa maal akka ta'an daataa xiinxalaman kana irraa yaanni waliigalaa kan fudhatamu ta'a. Xiinxalaaf akka tolutti agarsiiftuwwan boqonnaa sadaffa jalatti ilaalamanii fi gaaffilee qorannoo ka'an waliin walitti fiduun yaadota qorannoon kun haguuguuf kaase waliin walbira qabuun boqonnaa kana iddoo afurtti qooduun daataa funaanaman xiinxalameera.

1. Caaseffamaa fi Bulchiinsa Abukaato Ittisaa Ilaalchisee

1.1. Bilisummaa Abukaato Ittisaa (Independence of the Defense Council)

Abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaatu bilisummaa qaba jechuuf, hojii isaa hojjechuuf wantoota barbaachisaa ta'an hunda qabaachuu akka qabu barreeffamootni ni agarsiisu. Isaan keessaa tokko gurmaa'insa ykn caasaa abukaato ittisaati. Kana jechuun, abukaatoon ittisaa dhiibbaa qama kamiyyuu irraa bilisa ta'un hojii hojjechuu caasaan isa dandeessisu jiraachuun barbaachisaa dha. Abukaatoon ittisaa kallattii bulchiinsaan, bajataan, ramaddii abukaatoon, calallii galmee fi kanaa fi kana fakkaataniin of danda'ee jiddu lixummaa dhiibbaa fiduu danda'u kamirra bilisa ta'ee hojii isaa hojjechuu danda'uun murteessaa dha.

Naannoo Oromiyaa keessatti qabatamni mul'atu abukaatoon ittisaa qaama Mana Murtiitti ta'ee akka garee tokkoottii hundaa'ee jira. Ogeessonni caaseffama abukaato ittisaa ilaalchisee gaaffiin dhihaateef akka rakkootti kan kaasan caasaan diriiree jiru bilisummaa abukaato ittisaa dhugoomsuu akka hin dandeenye dha. Akka sababaattis kan dhiheessanis qamni kun Mana Murtii jalatti hundaa'uun rakkoo guddaa ta'uu baatus, caasaan diriiree jiru hojii abukaato ittisaa bu'a qabeessa taasisuu haala danda'uun abukaato ittisaa hojii isaa ilaalchisee tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu haala danda'uun kan aangesse ta'uu dhabuun rakkoo dha. Rakkoo guddaan abukaatoon ittisaa akka qaamolee biroo Mana Murtiitti xiyyeeffannoon barbaachisu argachuun hojjetaa deggersaa, bajataa, dursaa garee fi kkf guutamuu dhabuu dha.⁷⁸ Qaamni kun

⁷⁸ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii

akka qaama Abbaa alangaattis of danda'ee dhaabbachuu dhabuun hojii isaa irratti dhiibba fideera.⁷⁹ Abukaatoon ittisaa of danda'ee caaseffamuu dhabuu isaatti dabalatee wantoota hojiif barbaachisan kan akka bajataa, sirna bulchiinsaa, dursaa garee, hojjetaa deggersaa, humna namaa fi itti waamama of danda'ee hin qabu kun ammo kallattiin hojii abukaatoo ittisaa galmaan gahuuf rakkoo dha. Yoo xiqqaatee xiqqaate adeemsa of danda'e ta'uun hojjetaa deggersaa barbaachisu qabaatee irra deebi'amee caasichi fooyya'uun barbaachisaa akka ta'e ogeessotni ni kaasu.⁸⁰

Ogeessonii dubifaman irra deddeebiin yaadni isaan caaseffama abukaatoo ittisaa ilaalchisee kaasan, qaamni kun karaa Mana Murtiis ta'e mootummaa kan dagatame akka fakkaatu fi xiyyeeffannoo barbaachisu kan hin arganne ta'uu dha.⁸¹ Abukaatoon ittisaa baajatan, bulchiinsaan kan of danda'ee ta'uu dhabuun tajaajila kennu irratti dhiibbaa fideera. Dabalees gaheen hojii abukaatoo ittisaa maal maal akka ta'e seeran, qajeelfamaa fi manuwalii hojiin ifa ta'uu dhabuu, sirna ittiin bulmaataa, to'annoo hordofii fi itti gaaftamummaa, eenyuu abukaatoo ittisaa ta'e qacaramuu akka danda'u uulaagaan ifa ta'e filannoo fi fo'annoon itti gaggeeffamu jiraachuu dhabuu, sirni karoora fi raawwii hojii isaanii ifa ta'uu dhabuu fi karaa hundumaa mana murtiitti hirkachuun akka qaamolee mana murti birootti fudhatamuun isaa hojii abukaatoo ittisaa irratti dhiibbaa fideera jechuun ogeessotni dubbifaman ni kaasu.⁸² Bilisummaa abukaatoo

G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame.

⁷⁹ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

⁸⁰ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

⁸¹ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame.

⁸² Abdurahim Mohaammad Ga/Ga/Dh/yakkaa M/M/O/Go/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Hussein Jiruu Ga/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Arsii Lixaa Af-gaaffii gaafa 16/05/2010, Ittaanaa Taayyee B/B Pirezidaantii

ittisaa ilaalchisee bar-gaaffiin ogeessota irraa walitti qabame akkaataa itti aanutti gabateen dhihaateera.

Gabatee 1. Abukaatoon ittisaa bilisummaa qabu ilaalchisee ogeessotaan deebii kenname.

Deebii ogeessotaan kenname		Baay'ina ogeessota deebii kennanii	Dhibbentaa (%)
	baayyee olaanaa	4	5.4
	olaanaa	31	41.9
	jiddu galeessa	31	41.9
	gadi aanaa	8	10.8
	Baayyee gadi aanaa	-	-
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

Daataan bar-gaaffiin sassaabame abukaatoon ittisaa bilisummaa qabaachuu ilaalchisee mana murtii jalatti hundaa'uun isaa hojii isaa irratti dhiibbaa kan hin fidne ta'uu ni agarsiisa. Kanas ogeessota dubbifaman kessaa 41.9% olaanaa, 41.9% jiddu galeess fi 10.8% gadi aanaa jechuun ibsaniiru. Kun kan agarsiisu abukaatoon ittisaa akkaataa amma caaseffamee hojiirra jiru bilisummaa qabaachuu isaa ni agarsiisa. Dataan kun ilaalamuu kan qabu ogeessotni daatan irraa sassaabame abbaa seeraa fi abukaatoo ittisaa waan ta'eef haala gadi fageenya qabuun hubannaa isaan caaseffama abukaatoo ittisaa irratti qaban murtaa'aa ta'uu danda'a. Gama biraan ogeessotni af-gaaffiin dubbifne abukaatoo ittisaa godinaalee 10 fi pirezidaantonni mana murtii guutummaan isaanii bilisummaan abukaatoo ittisaa karaa caasaa, bajataa fi kkf jiru gadi aanaa ta'uu ni kaasu.

1.2. **Bajata**

Abukaatoon ittisaa himatamaaf dhaabbatu akkuma Abbaan Alangaa bajataa falmiif isaa barbaachisu ramadamuuf, walqixa ta'uu baatus bajata falmii Abba Alangaan walgita ta'e geggeessisuu danda'u argachuun dirqama akka ta'e barreeffamoonni ni agarsiisu. Kunis yaaddama gareewwan walqixa dhaabbachuu qabu (equality of arms) kan jedhu galmaan ni gaha. Qabatamni mannen murtii keenya keessatti mullatus abukaatoon ittisaa bajataa falmii geggeessuuf jedhamee ramadamuuf kan hin qabne ta'uu dha. Hojiin abukaatoo ragaa barbaaduu,

qorannoon adda addaa irra deebiin akka taasifamu taasisuu, himatamaa mana sirreessaatti deemee mariisisuu, bakka raawwii yakkichaa (crime site) qaamaan dhaqee ilaaluu fi namoota ragaa ijaa ta'an dubbisuu, ogeessota dubbisuu fi kkf hojjechuu barbaadu danda'a. Kana raawwachuun bajata ni gaafata, qabatamni jiru kan agarsiisu abukaatoon ittisaa hojii kana raawwachuun bajatni isa dandeessisu kan hin jirre ta'uu dha. Hojiin kun karaa qaama biroo kanneen akka poolisii, bulchiinsa gandaa fi kkf akka raawwatamu taasifama. Kun hojichi haala barbaadamuun dhimmamuun hojjechuu dhabuu qaamolee kanaa irraan kan ka'e kallattiin falmii himatamaa irraatti dhiibbaa kan fidu ta'uu ogeessotni dhimma kana irratti af-gaaffiin dubbifaman akka rakkootti kaasu.

Abukaatoon ittisaa bajata gahaa waan hin qabneef dandeettii mana sirreessaa ykn waajjira poolisii deemuun himatamaa dubbisuun qophii barbaachisaa ta'e taasisuu fi ragaa dabalataa akka dhihaatu taasisuu hin qabu.⁸³ Kallattiin hoji adeemsiftuun abukaatoo ittisaaf ramadamu hin jiru, kan ramadamu miindaa abukaatoo ittisaa qofa dha.⁸⁴ Kanaaf qaama kana kallattiin lojestikii fi bajataan akkasumas hojjetaa deggersaan deggeramuu dhabuun isaa bu'a qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa guddaa fideera.⁸⁵ Abukaatoon ittisaa bajataan of danda'ee hojii adeemsiftuu qabaachuu fi hojjetaa deggersaa qabaachuun hojii isaaf kenname hojjechuuf murteessaa akka ta'e ogeessotni dubbifaman ni kaasu.⁸⁶ Daataan ogeessota irraa funaaname akka agarsiisutti rakkoo bajataa irra kan ka'e ragaa ittisaa himatamaaf dhihaataniif durgoon oolmaa hin kanfalamu, kanaaf ragaan ittisaa dhihaachuuf fedhii isaan qaban gadi aanaadha. Dhihaatanis ragaan abukaatoo ittisaa beellamni sababoota adda addaan kan geeddaaramu yoo ta'e yeroo lammataaf akka dhihaatan ta'uun baasii hin malleef waan isaan saaxiluuf jalqabumaa ragaa

⁸³ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame.

⁸⁴ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa.

⁸⁵ Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Tasfaayee Asfawuu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame

⁸⁶ Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame.

ta'uuf fedhiin jiru gadi'aanaa dha.⁸⁷ Dhiyeessiin fi baajani abukaatoo ittisaaf dhiyaatu baay'ee laafaa fi kan abbaa alangaa waliin wal madaalu miti. Meeshaalee hojiif barbaachiisan, hojjataa deeggarsaa, baajata hojii ittiin adeemsiisuuf (Fkn. Sirreeffamaa mana amala sirreessaa deemun dubbisuuf, ragaa ittisaa himatamaa dhiyeesuuf, kanfaltiin geejibaa fi bilbilaa kennamaa hin jiru.⁸⁸ Dhiheessii abukaato ittisaaf taasifamu ilaalchisee yaada ogeessotarraa bar-gaaffiin sassaabame gabatee itti aanu keessatti dhihaateera.

Gabatee 2. Abukaatoon ittisaa falmiif wantota barbaachisaa ta'an argachaa jiraachuu ilaalchisee ogeessotaa gaaffii dhihaateef deebii kenname.

Deebii Ogeessotaan kenname		Baay'ina ogeessota deebii kennan	Dhibbentaa (%)
Fudhatama kan qabu	eeyyee	9	12.2
	lakkii	57	77.0
	Waliigala	66	89.2
Hanquu		8	10.8
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

Yaanni ogeessota kana irraa sassaabame kan agarsiisu abukaatoon ittisaa bajata ykn dhiheessii hojii isaa isaaf barbaachisu argachaa kan hin jirre ta'uu dha. Ogeessota gaafataman keessaa dhibbentaan 77 ta'u abukaatoon ittisaa bajata hoji adeemsiftuu kan hin qabne ta'uu isaa ibsaniiru, kunis hojii abukaatoo ittisaa irratti dhiibbaa akka qabu ni agarsiisa. Abukaatoon ittisaa hojii dhaddachaan ala ta'e ykn mana murtii ala deemamee hojjetamuu qabu hunda isaa bifa gargaarsaan akka hojjetamu taasisa, kun ammo bu'a qabeessummaa abukaatoo ittisaa falmii geggeessuu irratti qabu daangessuun qulqullina hojii abukaatoo ittisaa irratti dhiibba fideera.

1.3. Dhaqqabamummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa

Tajaajilli abukaatoo ittisaa himatamtootaaf kennamu himatamtoota tajaajilicha argachuuf mirga qaban hunda dhaqqabuu danda'uu qaba. Mootummaan tajaajila kana dhiheessuuf dirqama heeraa

⁸⁷ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa.

⁸⁸ Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Sulxaan Mohaamad bukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Addee Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010

qabu bahu danda'uu qaba. Tajaajilli kennamu sababoota adda addaatiin haala walfakkaataa ta'ee namoota argachuu qaban hunda hin dhaqqabu taanaan jallachuu haqaaf sababa ta'a. Naannoo Oromiyaa keessatti daataan ogeessota fi manneen murtii godinaalee 10 irraa fudhatame kan agarsiisu tajaajilli abukaatoo ittisaa manneen murtii hundaa keessatti kennamaa akka hin jirre dha. Sadarkaa Aanaatti caasaan abukaatoon ittisaa diriiree jiraatus humna namaan guutamee hin jiruu, himatamtoonni abukaatoo ittisaa argachuuf mirga qaban abukaato malee akka falmatan taasifamaa jira.⁸⁹ Kunimmoo, mirga isaanii irraan dhiibbaa geessisaa jira.⁹⁰ Rakkoon caasaa abukaatoo ittisaa sadarkaa mana murtii aanaatti jiru humna namaan guutamuu dhabuu qofa osoo hin taane, caasaan Mana Murtii Olaanaa fi Waliigalaa irra jiru waliin walitti hidhatiinsa dhabuu ni dabalata. Sadarkaa oliyyannootti himatamtoota mirga abukaatoo ittisaa argachuu qabaniif deggersi hin taasifamuu.⁹¹ Kun tajaajila Abbaan Alangaa dhimma oliyyannoo fi komii irratti kennu waliin walbira qabamee yoo ilaalamu, Abbaan Alangaa komee yoo qabaate oliyyannoo fudhachuu ni dandaa'a. Abukaatoo ittisaaf sirni sadarkaa oliyyannootti komee himatamaan qabu ittiin deggeruu danda'u hin diriirreef. Abukaatoon mana murtii jalaatti himatamaaf falme dhimmicha irratti hubannoo kan qabu waan ta'eef abukaatoo ittisaa mana murtii oliyyannoo dhagahu waliin walitti dhufeenya uumuun odeeffannoo barbaachisu sirni ittiin kennuu danda'u

⁸⁹ Lalisaa Disaa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Amboo, Abarraa Guddisaa, Abbaa Seeraa Dhaddacha yakkaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolosaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaanti M/Murtii A/Gimbii, Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

⁹⁰ Waaqumaa Bantii, Usmaan Abduu, Wandimuu Jabeessa, Garramuu wadaajoo, Yoonaas Daaqaa, Angasaa Giraanyi, Soolomon Abarraa, Waaqaarii Jaallataa, Sanbataa Ayyanaa, Girmaa Gachuuree, Waaqtolaa Guddataa, Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa kan fudhatame. Tashoomee Birruu, B/Bu'aa Pirezidaantii M/Murtii Aanaa Buraayyuu, Kumsaa Dhaabasaa, Abbaa Seeraa Garee Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kiflee Zawudee, Abaajaal Abbaa gunbul, Katamaa Taammanaa, Abdoo Abbaajihaa, Toofiq Nuuraa, Huseen Fayyisaa, Abbatamaam Abbaagumbul, Umar Abbaabiyyaa, Maahamad Abdiisaa, Soorsaa Waaqumaa, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Takkaaliny Asfay, Pirezidaantii M/Murtii I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 waliin geggeeffame irraa kan fudhatame.

⁹¹ Lalisaa Disaa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Amboo, Abarraa Guddisaa, Abbaa Seeraa Dhaddacha yakkaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

hin jiru.⁹² Kanaaf sadarkaa oliyyannootti himatamtoota oliyyannoo fudhataniif deggersi taasifamu hin jiru jechuun ni dandaa'ama.

Tajaajila abukaatoo ittisaa walfakkaataa fi dhaqqabamaa ta'e kennuuf Mana Murtii hundatti caasaan diriiree jiru humna namaan guutamuun barbaachisaa dha.⁹³ Guutamuu qofa osoo hin taane bu'uura barbaachisaa ta'een caasaan jiru sirrachuu qaba. Sadarkaa Mana Murtii Anaatti tajaajilli kun dhibuun mirga lammiilee heeraan tajaajila kana argachuuf qaban irratti dhiibbaa fideera. Fakkeenyaaf himatamtoota yakka bosona mancaasuu fi gudeediin himataman abukaatoo malee falmu. Kana irraas kan ka'e mirga himatambtoonni bilisa bahu danda'an qaban yoo adabamanii fi kan adabbiin salphachuu qabu ykn danda'u beekumsa seeraa fi deeggarsa abukaatoo dhabuutiin yoo itti cimuu jiraachuu ogeessotni dhimma kana irratti af-gaaffiin dubbifaman ibsaniiru.⁹⁴ Caasaan abukaatoo ittisaa yaadota kana tilmaama keessa galchuun sadarkaa Mana Murtii hundumaatti sirratee humna namaan guutamuu dhabuun isaa falmiin Mana Murtiitti gaggeeffamu fi murtiin kennamu haqummaa isaa irratti dhiibbaa uumeera.⁹⁵ Himatamtoonni abukaatoo ittisaa mootummaa irraa bilisaan argachuuf mirga akka qaban beekuu

⁹² Dirriibaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Maree garee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaantii M/Murtii A/Gimbii, Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallaga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Darajjee Hayiluu, Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa Godina I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010.

⁹³ Gammachuu Turaa B/B Pirezidaantii M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010, Yirgaa Sabssibee Pirezidaantii M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Leenchoo Bushraa A/Seeraa M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010, Shibbiruu Elemoo B/B Pirezidaantii M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Jabal Sulxaan A/seeraa M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010

⁹⁴ Shamaammee Taaddasaa Pirezidaantii M/M/A Ciroo af-gaaffii gaafa 02/05/2010, Qaasim Jaarsoo Pirezidaantii M/M/A Xiyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Aabbuu Kadir A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Shibbiruu Elemoo B/B Pirezidaantii M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Balaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010

⁹⁵ Abubakar Mohaammad Abbaa seeraa M/M/A Xiyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010

dhabuu irraa kan ka'ee gaaffii abukaatoo ittisaa naaf haa dhaabbatu jedhu Mana Murtii hin gaafatan, Manni Murtiis dirqama isaa bahuun abukaatoo ittisaa dhaabaaffii hin jiru.⁹⁶

Tajaajilli abukaatoo ittisaa jiraachuun falmiin sirna haqaa keessatti gaggeeffaman madaalawaa fi bu'aa qabeessa taasisuu keessatti gahee guddaa qaba, yeroo ammaa aanaa irratti caasaan abukaatoo ittisaa caasaan isaa mana murtii aanaatti diriiree jiraatus ogeessi irratti ramadame hojjatamaa hin jiru. Humni namaa akka qacaramu Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan hayyamamuu dhabuun rakkoo dha. Tajaajilli abukaatoo ittisaan kennamu sirni haqaa naannoo Oromiyaa keessatti falmiin madaalawaa fi haqa qabeessa ta'e akka gaaggeeffamuuf gahe guddaa qaba, haa ta'u malee tajaajili kun sadarkaa jalaatti dhaqqabbamaa ta'uu dhabuu fi yakkoota cicimoo irratti daanga'un isaa kaayyoo heeraan eegumsa argateef guutummaan guutuutti akka hin milkeessine guufu itti ta'aa jira.⁹⁷

Haguuggii caasaa abukaatoo ittisaa Naannoo Oromiyaa ilaalchisee galmeelee godinaalee 10 keessaa fudhataman kan agarsiisu sadarkaa mana murtii aanaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa kennamaa akka hin jirre dha. Himannoo sadarkaa mana murtii aanaatti dhihaatu bu'uura hera RDFI, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi labsii 140/2000 kwt. 17tiin abukaatoo argachuuf himatamaan mirga qabaatuuyyuu mirgi kun eegamaa kan hin jirre ta'uu galmeeleen ilaalaman ni mul'isu. Fakkeenyaaf himannoo dirqisisaanii gudeeduu sadarkaa aanaatti dhihaatu ilaalchisee himatamaaf abukaatoon hin dhaabbatu. Manni Murtiis abukaatoo akka dhaabbatuuf ykn dhaabachuufiin mirga ta'uu isaa itti hin himuu.⁹⁸ Barmaatileen kun kan agarsiisu dhiheessiin abukaatoo ittisaa bu'uura heeraan kan raawwatamaa hin jirre ta'uu dha.

Gama biraan caasaan diriiree jiru ogeessota gahumsa barbaadamu qabaniin guutamuu ilaalchisee; ogeessonii fi abukaattonni ittisaa af-gaaffiin dubbifaman kan isaan ibsan iddoon abukaatoo ittisaa kun hawwataa miti waan ta'eef namootni baay'een irratti dorgomuu akka hin barbaanne ibsu.⁹⁹ Caasaan amma jiru guddina abukaatoo ittisaa mana murtii jalaa irraa isa itti

⁹⁶ Gammachuu Turaa B/B Pirezadaantii M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010, Balaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010, Abdulle Alloo Pirezadaantii M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Masfin Gabree A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010

⁹⁷ Zariihuun Dhugummaa Itti/Gaf/waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010

⁹⁸ A/Alangaa vs Marigeetaa Yaasnyaal, M/M Aanaa Shabee Somboo G/Jimmaa, L/Galmee M/M/Aanaa 10653, gaafa 01/02/2010.

⁹⁹ Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaanti M/Murtii A/Gimbii, Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

aanutti akkamitti akka guddatu ilaalchisee waan agarsiisu hin qabu.¹⁰⁰ Abukaatoon ittisaa sadarkuma jalqaba itti qacaramee hanga dhumaatti turuunisaa walitti hidhamiinsi caasaa fi karaan guddinaa abukaatoo ittisaa ilaalchisee kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Sirni guddina abukaatoo ittisaa kan danga'e fakkaata, sababiin isaas walitti hidhatiinsi abukaatoo mana murtii jalaa fi itti aanu jidduu hin jiru waan ta'eef.¹⁰¹

Miindaan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa jiru kan duraanii irra fooyya'eera. Haa ta'u malee faayidaa fi miindaan abukaatoo ittisaaf kanfalamu ogeessa gahumsa ol'aanaa qabu hawwachuu ammayyuu hin danda'u jechuun ogeessotni af-gaaffiin dubbifaman ibsaniiru.¹⁰² Manni Murtii abukaatoo ittisaa qacaruuf beeksisa ni baasaa haa ta'u malee ogeessotni caseffama qaamichaa fi faayidaa iddichaaf kennamu kan ogeessota biro kanneen akka abbaa seeraa fi abbaa alangaa waliin walbira qabuun gadi aanaa waan ta'eef dorgomuuf yeroo fedhii dhaban ni mul'ataa. Gama biraatiin daataan bifa bar-gaaffiitiin sassaabame caasaan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa diriiree jiru gahaa akka hin taane ni agarsiisa.

Gabatee 3. Caaseffamaa fi guurmaa'insa abukaatoo ittisaa yeroo ammaa jiru gahaa ta'uu ilaalchisee ogeessotaan bar-gaaffii dhihaateef deebii kenname.

		Baay'ina ogeessota deebii kennanii	Dhibbentaa (%)
Fudhatama kan qabu	Eeyyee	7	9.5
	Lakkii	66	89.2

¹⁰⁰ Darajjee Hayiluu, Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa Godina I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁰¹ Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Tasfaayee Asfawuu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁰² Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Jamaal Gammachuu Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Addee Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010.

	Idaa'ama	73	98.6
Hanquu		1	1.4
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

Gabatee kun akka agarsiisutti irra caalaan ogeessota bar-gaaffiin dhihaateef deebii isaan kennan caasaan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa hojiirra jiru gahaa akka hin taane dha. Bargaaffii isaanii irrattis akka yaada dabalataatti kan ibsanis caasichi hanga jalaatti kan diriire ta'uu dhabuu, sadarkaa sadarkaan walitti hidhachuu dhabuun isaa kallattiin dhaqabamummaa tajajilichaa hanquu akka taasise kaasaniiru. Kun kalaattiin tajaajila abukaatoo ittisaan kennamu guutuu akka hin taane taasiseera.

2. Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Kennamuu

2.1. Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Maloota Biroon Deggeruu

Tajaajila abukaatoo ittisaa kennamu mala tokko qofaan osoo hin taane maloota lama sadii oliin deggeramuun tajaajila kennuun baratama akka addunyaati jiru ta'uu muuxannoo biyyoota ilaalamanii irraa ni hubatama. Haa ta'u malee qabatamni yeroo ammaa jiru kan agarsiisu tajaajila abukaatummaa kennamu sirni ittiin deggeramu akka hin diriire dha. Sadarkaa addunyaatti muuxannoon jiru kan agarsiisu tajaajilli abukaatoo ittisaa maloota akka sirna waliigaltee, abukaatoo dhuunfaa qacaruu fi abukaatoo dhuunfaa of danda'e hundeessuu kan jedhamaniin deggeramuun tajaajilli abukaatoo ittisaa kennuun kan danda'amu ta'uu ni agarsiisa. Akka biyyaatti fi Naannoo Oromiyaatti muuxannoon jiru kan agarsiisu abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu deggeruuf sirni diriiree hin jiru. Haa ta'u malee akka biyyaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa ogeessota birootti gargaaramuun hin kennamu jechuu miti. Sirna seeraan deggeramee fi yeroo hundumaa itti gaafatamummaa isaa waliin diriiretu hin jiru. Yeroo tokko tokko abukaatoo dhuunfaa dirqama tajaajila tolaa wagga keessatti kennuu qabutti gargaaramuun tajaajilli tolaa akka kennamuu taasisuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee qaama kanatti haala barbaadamuun gargaaramuuf sirni diriire hin jiru. Kun raawwii irratti tajaajila kennamu irratti dhiibbaa fideera. Akka qajeeltootti fudhatamee ittiin hojjetamaa kan jiru yakkoota waggaa shanii gadi adabsiisaniif abukaatoo dhaabuuf seerri hin dirqisisu waan ta'eef abukaatoon hin dhaabaatu. Haa ta'u malee yeroo abukaatoon ittisaa jirutti amansiisuun himatamtootaaf deggersi taasifamaa jira. Kun gama tokkoon gaarii ta'us yakkoota hunda irratti abukaatoon ittisaa akka dhaabbatuu

taasisuun baay'ina hojii abukaatoo ittisaa irraatti dhiibbaa fideera.¹⁰³ Kanaaf maloota biroon tajaajilli abukaatoo akka deggaramuuf haala mijeessuun barbaachisaa dha.

Dhiibbaa baay'ina hojii abukaatoo ittisaa irratti dhufuu danda'u hambisuuf maneen murtii tokko tokko keessatti abukaatoo dhuunfaa jiran waliin marii taasisuun akka isaan tajaajila tolaa dirqamaan waggaatti kennuu qabaniin abukaatoo ittisaa deggeraniif yeroo taasifamu ni mul'ata. Manni Murtiis dabaree baasuufiin abukaatoon dhuunfaa tajaajila akka kennan ni taasisa. Haa ta'u malee to'annoo fi hordofiin taasifamaa ture sababa hanqina qajeelfamaa fi haguuggii seeraa dhimma kana ilaalchisee jiruun laafaa turee. Rakkoo kanas furuuf Biiroo Haqaa waliin haala akkamiin hordofamuu akka qabu qajeelfama akka kennaniif gaafatameera. Biroon Haqaas qaamni kun dirqama isaanii bahu ilaalchisee odeeffannoo nurraa otoo hin fudhatin biroon hayyama isaanii haaromsuun raawwii irratti rakkoo nutti uumeera. Kanaaf abukaatoo dhuunfaa dirqisiisuu hin dandaa'amane kan hojjetamaa jiru bifa deggersan gaafachuunidha.¹⁰⁴ Kanaaf abukaatoon dhuunfaa tajaajila abukaatoo ittisaa akka deggeraniif yeroo ta'u ni jira. Haa ta'u malee hojiin kun bifa sirnawaa ta'een seeraa fi qajeelfama barbaachisuun deggeramee hojjetamaa hin jiru.¹⁰⁵

Godina tokko tokko keessatti namoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyee fi abukaatoo ittisaa mootummaan dhaabuufii qabu, kan sababa labsiitiin mootummaan abukaatoo dhaabuufii dirqama hin qabnetti kan gaafatan yoo ta'e ogeessota yuuniversityoonni ramadani manaa murtii jiranitti akka gargaaraman muuxannoon jiru ni agarsiisa, haa ta'u malee kun sirnaawee itti hin

¹⁰³ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa.

¹⁰⁴ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame, Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Guutuu Oljirraa, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Takkaaliny Asfay, Pirezidaantii M/Murtii I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 waliin geggeeffame irraa kan fudhatame, Shamaammee Taaddasaa Pirezidaantii M/M/A Ciroo af-gaaffii gaafa 02/05/2010, Abubakar Mohaammad Abbaa seeraa M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Shibbiruu Elemoo B/B Pirezidaantii M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Abdulle Alloo Pirezidaantii M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010. Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010, Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Mallasaa Wadaajoo A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Arsii Af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

¹⁰⁵ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

adeemamne manneen murtii hunda biras hin geenye. Fakkeenyaaf Yuniiversitii Haromaayaa (Har/Lixaa) fi Yuniiversitii Hawaasaa (Arsii Lixaa) ogeessota ramaduun hojjechiisaa jira. Manneen murtiin tokko tokko gaaffiin yoo dhihaatuuf ofiseroota dandeetti qabanif bakka bu'uumma kennuun himatamtoota akka gargaaran yeroo isaan taasisaanis jira.¹⁰⁶ Faloota kanatti gargaaramuun himatamaan deggersa akka argatu taasisuun kan hin dandaa'amne yoo ta'e ogeessi dhaabbiin tajaajila abukaatoo kennu ramadamee hin jiru waan ta'eef himatamaan abukaatoo dhuunfaa akka dhaabbatu itti himu fi yoo dhiyeefachuu baate falmii abukaatoo malee geggeeffama.¹⁰⁷

2.2. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamuu, Ramadamu fi Maamila Isaa Waliin Walargu

Abukaatoon ittisaa tajaajila abukaattummaa bilisaa kennuu yeroo gahaa argatee himatamaa waliin walargee, qophii gahaa ta'e taasisee, falmii guutuu ta'e geggeessuu yeroon fi haalli isa dandeessisu mijachuufiin dirqama. Qabatamni lafa jiru kan agarsiisu abukaatoon maamila isaa waliin dhaddacha irratti kan walargu, carraan itti himatamaa waliin dhaddachaan alatti walarguun mari'achuu fi qophii taasisuu hin mijanne. Kaanaafis haalli fi sirni mijate jiraachuu dhabuun qophii abukaatoo irratti dhiibbaa kan fidu ta'uu ogeessonni ni dubbatu.¹⁰⁸ Qabatamaan dhimmoota mana murtiitti keessumeeffaman irraa mul'atus abukaatoon ittisaa himatamaa waliin

¹⁰⁶ Qaasim Jaarsoo Pirezadaantii M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Leenchoo Bushraa A/Seeraa M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010

¹⁰⁷ Balaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010

¹⁰⁸ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame, Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Geetaanee Baqqalaa, Ismail Abbabee, Kiflee Buzunaa, Sisay Kabbadaa, Dajanee gabayyoo, Baqqaabil takkaaliny, Addisuu Sirneessaa, Bafqaaduu waldagabriel, Garramuu Taaddasee, Addisuu Aangoo, Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Sulxaan Mohaamad bukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame, Qaalicha Magajjoo, Qayid Kadir, Addunyaa Xaaffaa, Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujji tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 22/05/2010 taasifame, Mohammad Abduramaan, Yoseef Masallaa, Jamaal Haajii, Gosayyee Geetaachoo fi Qamar Huseen sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Baalee tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 28/05/2010 taasifame.

gaafa dhagaha duraa dhaddacha irratti kan walargu fi yeroon gahan himatamaa waliin walargee itti mari'atee dhihaatu akka hin kennamnee dha.¹⁰⁹

Abukaatoo waliin himatamaan dhaddacha irratti walarguun isaa abukaatoon yeroo gahaa fudhachuun himatamaa waliin mari'achuu, haala dhimmichaa hubachuu fi faloota kaa'amuu danda'an ilaalchisee gorsa kennuu irratti dhiibbaa fideera. Waa'ee dhiheessii ragaa fi adeemsa falmii ilaalchisee himatamaa waliin abukaatoon marii gahaa hin taasisu. Kana ilaalchisee sirreeffamtoonni fayyadamaa tajaajilicha ta'an akka ibsanitti waanti hundumtuu bifa jarjartiin kan geggeeffamu waan ta'eef himatamaan abukaatoo amanuun waa'ee keessoo dhimmichaa sirriitti ibsuuf yeroo akka hin argane ni kaasu.¹¹⁰ Himatamaa fi abukaatoon kallatti falmiin itti geggeeffamuu qabu walitti dhufeenyaan mari'achaa hin jiran. Daataan bar-gaaffin ogeessota irraa sassaabames haaluma yaada kana utubuun abukaatoon ittisaa fi himatamaan kan wal'argu dhaddacha irratti gaafa dhagaha duraa ta'uu ni agarsiisa.

Gabatee 4. Abukaatoon ittisaa fi himatamaan yoom akka walargan ilaalchisee gaaffi ogeessotaaf dhihaate.

		Ogeessota deebii kennan	Dhibbentaa (%)
Fudhatama kan qabu	beellama duraan dura	14	18.9
	beellama dhagaahaa irratti	53	71.6
	beellama duraan booddee	6	8.1
	Idaa'ama	73	98.6
Hanquu		1	1.4
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

¹⁰⁹ Yidnaqaachoo Alamuu Vs. A/Alangaa God/Har/ Lixaa MMO God/Har/Lixaa Lakk. Galmee 44195, Kadir Abdulmajid Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galmee 25132, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii Lakk. Galmee 13163, Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa Lakk. Galmee 30730

¹¹⁰ Taaddasaa Baqqalaa, Yoohaannis mangistuu, Abbebee Gonfaa, Mootummaa waaqjiraa, Maammoo hirkoo, Bojaa Galaan, Tasammaa Addunyaa, Fiqaaduu Luuluu, Birroolee Shoolee, Bayyanaa G/Mikaa'eel, Daamxew Adimaasuu, Dirribaa Gammachuu, Dheeressaa Mangeshaa, Aragaash Humneessaa, Kumee Haayiluu, Goobanaa ILmaa, Alamuu Gulantee, Alamuu gulantee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

Himatamaa fi abukaatoon yeroo jalqabaaf dhagaha duraa irratti walarguu, himannan abbaa alangaas dhaddacha irratti abukaato yeroo tokko tokko ammo himatamaas dhaqqaba. Himatamaa fi abukaatoon ittisaa yeroo gahaa fudhatanii akka qophaa'anii dhihaataniif dhaddachi yeroo kennaa jiraachuu galmeen ilaalaman hin agarsiisan.¹¹¹ Bu'uura seera deemsaan himanni abbaa alangaa dursee himatamaa dhaqqabuun himatamaan abukaato ittisaa isaa waliin mari'atee qophaa'ee dhihaachuuf carraa akka argatu ni dirqisiisa. Haa ta'u malee qabtamni jiru kan agarsiisu himanni himatamaa kan dhaqqabu dhaddacha irratti ta'uu galmeen ilaalaman ni agarsiisu. Dabalees himatamaan abukaato waliin kan walargu dhaddacha irratti ta'uun isaa mariif yeroon gahaan kan hin kennamne ta'uuf ragaa dha. Abukaatoon ittisaa himatamaaf ramadamanis rakkoo yeroo kana ilaalchisee yeroo gahaan akka kennamuuf yeroo gaafatan galmeen ilaalaman hin agarsiisan.¹¹² Gaaffiin yeroon gahaan naaf haa kennamu jedhu dhaddacha irratti kan dhihaatu ta'uus hin agarsiisu.¹¹³ Galmeeleen ilaalaman irraa walumaa galatti kan hubatamuu qulqullina falmii ilaalchisee abukaatoon gaafii dhiheessuun dhaddachi furmaata seeraa akka itti kennu kan hin taasifne ta'uu dha.

Akka muuxannoo gaariitti kan fudhatamuu danda'u Maneen Murtii tokko tokko keessatti himatamaan abukaato isaa waliin mari'atee haa dhihaatuuf yeroon ykn beellamni kennamu ni

¹¹¹ Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galme M/M 11763, G/I/A/ Booraa, Abbaa Alangaa vs Indaalee /Misaa /Xilalayee Bantirgaa, M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galme 16372, gaafa 15/3/2010, Abbaa Alangaa vs Maree Waalee Gabruu M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galme 16339, gaafa 14/3/2010. A/A vs Asmalash Haayiluu, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 16129, gaafa 17/02/2010, A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnoon fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galme 30904, gaafa 17/09/2008.

¹¹² Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galme M/M 11763, G/I/A/ Booraa, Abbaa Alangaa vs Indaalee /Misaa /Xilalayee Bantirgaa, M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galme 16372, gaafa 15/3/2010, Abbaa Alangaa vs Maree Waalee Gabruu M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galme 16339, gaafa 14/3/2010. A/A vs Asmalash Haayiluu, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 16129, gaafa 17/02/2010. A/A vs Maahammad Abdurraamaan, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 15/957, A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnoon fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galme 30904, gaafa 17/09/2008. A/Alangaa vs Gizawu Taffasaa, M/Murtii G/W/Lixaa, L/G 33548, gaafa 11/04/2009. Yidnaqaachoo Alamu Vs. A/Alangaa God/Har/ Lixaa MMO God/Har/Lixaa Lakk. Galme 44195, Kadir Abdulmajid Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galme 25132, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii Lakk. Galme 13163, Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa Lakk. Galme 30730.

¹¹³ Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galme M/M 11763, G/I/A/ Booraa, Abbaa Alangaa vs Indaalee /Misaa /Xilalayee Bantirgaa, M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galme 16372, gaafa 15/3/2010. A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnoon fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galme 30904, gaafa 17/09/2008.

mul'ata.¹¹⁴ Haa ta'u malee bu'uura kanaan hojjechuun galmee galmeetti ykn dhaddachaa dhaddachatti akkasumas abbaa seeraa abbaa seerrattii garaagara. Yeroo tokko tokko ni kennamaa yeroo tokko tokko ammoo dhimmichi walxaxaa ta'uuyyuu dhaddachuma irratti himannoon dhaqqabee himatamaaf abukaatoon ramadamee achuma irratti mari'atanii sagalee amantaa fi waakkii isaanii akka kennan yeroon taasifamu jira.¹¹⁵ Walumaa galatti daataan guurame kan agarsiisu abukaatoon himatamaaf ramadame yeroo falmiif qophaa'uu isa barbaachisu gahaa ta'e kennameefii falmiin himatamaa waliin mari'atee qophaa'ee dhihaachaa akka hin jirre dha.

2.3. Iddoo Mijataa Qabaachuu

Abukaatoo fi himatamaan iccitii marii isaanii haala eeggateen mari'achuun barbaachisaa dha. Yaadota boqonnaa sadaffaa jalatti ilaalaman keessaa tokko kan agarsiisus mariif bakki mijataan jiraachuun dirqama ta'uu dha. Tajaajila abukaatoo ittisaa kennuuf himatamaa waliin yeroo marii taasifamutti iccitiin mariichaa eeguuf bakki haala iccitawaa ta'een itti mari'atan jiraachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee qabatamni lafa jiru kan agarsiisu, abukaatoo fi himatamaan waajjira abukaatootti akka walargan, yeroo tokko tokko biiron hojii biraan kan qabamee jiru yoo ta'e ykn abukaatota biraan kan qabamee jiru yoo ta'e iddoo itti mariisifamu biraan qophaa'e waan hin jirreef bakkaa abbaan dhimmaa ykn sirreeffamtoonni ta'anitti himatamaan ni mariisifama.¹¹⁶ Bakki iccitiin isaa eegamee jiraachuu dhabuutti dabalee yeroo tokko tokko waajjira geessuun mariisisuun rakkisaa yoo ta'u akka jiru abukaattonni dubifaman muraasni ni kaasu. Sababiin isaas yeroon kennamu gabaabaa ta'uu fi poolisiin shakkamaa abukaatoo waliin qophaatti dhiisuuf fedhii dhabuu ykn sodachuun bakka qophaa'etti dhaqamee mari'achuun yeroo rakkisaa ta'u jira.¹¹⁷ Mana murtiitti dhaddacha irraa gadi ba'uun ulaa irratti marii yeroo gabaabaa yeroon taasifamu qabatamaan ni mul'ata. Mana amala sirreessaa fi Waajjira Poolisii keessattis

¹¹⁴ A/Alangaa Vs Garramuu Wadaajoo Nagarii, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galmee 35100, guyyaa 30/09/2009 ilaaluun dandaa'ama.

¹¹⁵ A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnaan fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galmee 30904, gaafa 17/09/2008.

¹¹⁶ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Tasfaayee Asfawuu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Fakkeenyaaf Godina Shawaa Lixaatti biiron abukaatoo ittisaa ragaa fuuchuuf dhaddachaan yeroo itti gargaaramamu jira. Yeroo kanatti abukaatoon ittisaa waajjira hin qabu jechuu dha.

¹¹⁷ Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Sulxaan Mohaamad abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Addee Salaam Asmaamaawu abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010

iddoon iccitiin itti mari'atamu hin jiru.¹¹⁸ Biiroo abukaatoo ittisaan alatti iddoo biraatti iddoon icitii isaa eegee abukaatoon itti mari'achuu danda'u hin mijanne.¹¹⁹

Gabatee 5. Bakka mijataa fi icciti isaa eeggatetti himatamaa fi abukaatoon walarguu gaaffi jedhuuf ogeessotaan deebii kenname.

		Ogeessota deebii kennan	Dhibbentaa (%)
Kan fudhatama qabu	eeyyee	30	40.5
	lakkii	43	58.1
	Idaa'ama	73	98.6
Hanquu		1	1.4
Idaa'ama walii galaa		74	100.0

Abukaatoo ittisaa waliin haala himatamaan itti wal'argan ilaalchisee ogeessonni bar-gaaffiin dubbifne haalli mijate kan hin jirre ta'u ni agarsiisu. Gabatee armaan olii irraa hubachuun kan dandaa'amu abukaatoo ittisaa fi himatamaan bakki isaan haala icciti maree isaanii eegeen itti mari'achuu danda'an biraan kan hin qophoonfne ta'uu ni agarsiisa. Kun kallattiin hojii abukaatoon hojjetu irratti dhiibbaa ni qabaata.

2.4. Yeroo Qophii Falmiif Kennamuu

Falmii abukaatoon ittisaa geggeessu qophii taasisu irratti hundaa'a. Kana jechuunis bu'a qabeessummaan falmii abukaatoo ittisaa qophii falmiif abukaatoon taasisu waliin kallattiin kan walqabatu dha. Abukaatoon yeroo qophiif barbaachisu fudhachuun qophii hin taasisu taanaan bu'a qabeessummaan falmii irratti abukaatoon qabu gadi aanaa ta'a. Armaan olitti yeroo himatamaa fi abukaatoon itti walargan ilaalchisee akkum ilaalame abukaatoo fi himatamaan dhaddacha irratti kan walargan yoo ta'e qophiif yeroo gahaan kennameera jechuun hin

¹¹⁸ Fayisaa Galataa ,Badhaassoo Nugusee, Xaahir Haajii,Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifame, Xayyib Amaan, Antayyee Tashoomaa ,Tashoomaa Taffarraa, Amiin Abdo , Abraahim Ziyaad, Amiinnoo Mohaammad ,Musxaffaa Ahimad ,Abdusamada Muktaar, Adama Booree fi Ismaa'eel Ayuub, Sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame, Firrisaa Araddoo, Tasfaayee Diroo ,Abdo Jamaal ,Tolaa Araddoo, Namoo Gurmuu sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 08/05/2010 taasifame, Qaalicha Magajjoo,Qayid Kadir,Addunyaa Xaaffaa,Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 22/05/2010 taasifame

¹¹⁹ Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

dandaa'amu. Muuxannoon jiru kan agarsiisu yeroon qophiif kennamuu yakkoota walxaxoo ta'an irratti abukaatoon ittisaa yeroon naaf haa kennamu jedhee yoo gaafate dhaddachi kan eyyamuuf ta'uu dha. Yakkoota sasalphaa fi yeroo hin barbaachisu jechuun tilmaamni fudhatamee battalumatti mariisisuun ykn gara kutaa abukaato ittisaa deemuun ykn dhaddacha irraa gadi bahuun himatamaa waliin mari'achuun akka dhihaataniif ajajni kennama.¹²⁰ Haa ta'u malee qabatamni galmee ilaalame kan agarsiisu abukaatoon ittisaa yeroon qophii kan isa barbaachisu ta'uu gaaffii akka hin dhiheessine dha.¹²¹ Gabaabina yeroo qophii kennamuuf ilaalchisees abukaatoon ittisaa komii dhiheessuun hin galmeesifatanii.¹²²

Himatamaa fi abukaatoon ittisaa battalumatti dhaddacha irratti walarganii mari'atanii akka dhihaatan taasisuun tajajilli kennamaa jiru ulaagaa guutuuf qofa kan fakkatu ta'a. Himatamaan abukaato ittisaa isaa waliin yeroo gahaa fudhatee wal'amanee mari'atee akka dhihaatuuf carraan kennamuu dhabuun mirga himtamaa irraan miidhaa ni geessisa.¹²³ Galmeelee ilaalaman irraa kan hubatamu, abukaatoon ittisaa fi himatamaan dhaddacha irratti akkuma wal arganiin battalumatti himatamaa waliin mari'achuun jecha amantaa fi waakkii himatamaan akka kennu fi

¹²⁰ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaato Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Shaambal Qajeelaa, Asaaminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaato Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame.

¹²¹ Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 40941, Yidnaqaachoo Alamuu Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 44195, Mulugeetaa Habtee Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 29827, Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 30730, Saadaam Namooftaa N-7 Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49509, Isqaa'eel Gabramadiinfaa N-5 A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907, Sisaay Gizaawu Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galmee 25273, Zanabaa Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee 25351, Tsagaayee Shuuxeeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee12548, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk. Galmee 13163.

¹²² Jamaal Aliyyii Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa Lakk.Galmee 44333, Hussein Abdulsattaar Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49179, Jamaal Tibeessoo Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee31160, Jarjaree Looseffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/ Gujii, Lakk.Galmee 13052, Zanabaa Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk.Galmee 25351

¹²³ Pheexiro, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Taaddasaa Baqqalaa, Yoohaannis mangistuu, Abbebee Gonfaa, Mootummaa waaqjiraa, Maammoo hirko, Bojaa Galaan, Tasammaa Addunyaa, Fiqaaduu Luuluu, Birroolee Shoolee, Bayyanaa G/Mikaa'eel, Daamxew Adimaasuu, Dirribaa Gammachuu, Dheersaa Mangeshaa, Aragaash Humneessaa, Kumee Haayiluu, Goobanaa ILmaa, Alamuu Gulantee, Alamuu gulantee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

ragaa abbaa alangaa dhagahuun kan itti fufu ta'uu dha.¹²⁴ Yeroon marii fi qophiif himatamaa fi abukaatoo ittisaaf kennamu daqiiqaa fi sa'aa muraasaatti kan daanga'ee ta'uu abukaatoonni ittisaa fi ogeessonni af-gaaffiin dubbifman ni ibsu. Yeroo gahaa qophiif kennuu ilaalchisee kan abukaatoo dhuunfaa fi abukaatoo ittisaa jiddu garaagarmuun kan jiru ta'u ogeessotni dubbifamani ni ibsu. Abukaatoon dhuunfaa yeroon naaf haa kennamu jechuun dhiheessinaan dhaddachi sababa tokko malee ni kennaaf. Abukaatoo ittisaaf garuu yeroon qophiif kan kennamu dhimma irratti hundaa'etu kennamaaf. Yeroon abukaatoo ittisaaf kennamus dhaddacha irratti ykn gadi bahuun daqiiqaa shanii hanga kudhanii kan hin caalleef akka mari'atan taasifama. Daqiiqaa muraasa kana keessatti abukaatoon himatamaa himannaa irratti dhihaate bu'aa isaa waliin hubachiisuu otoo hin taane abukaatoon ittisaa kan isaaf falmu ta'uu amansiisuun hin dandaa'amu jechuun abukaatoonni ittisaa fi ogeessotni dubbifaman ni kaasu.¹²⁵ Walumaa galatti kan hubatamu abukaatoon ittisaa dhimmoota irratti dhihaatee falmu keessa isaa beekke osoo hin taane himatamaaf abukaatoon dhaabbateera ulaagaa jedhu guutuuf qofa kan raawwatamu ta'uu dha.

Abukaatoon ittisaa dhaddacha irratti himannaa hubatee himatamaa hubachiisuun sagalee amantaa fi waakkii isaa akka kennu taasiasa jira. Barmatiin kun abukaatoon qophii barbaachisaa ta'e taasisee akka hin dhihaanneef gumaacheera.¹²⁶ Maneen Murtii keenya keessattis sababoota kanneen akka daangaa yeroo JBAH keessatti dhimmi xumuramuu qabaa fi abbaan alangaa ragoolii isaanii dhiheeffataniiru jedhan irraa ka'uun dhaddachi abukaatoon dafee himatamaa

¹²⁴ Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa Lakk.Galmee 40941, Hussein Abdulsattaar Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii Lakk.Galmee 49179, Jamaal Tibeessoo Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee31160, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee13163, Jarjaree Looseeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk. Galmee13052,

¹²⁵ Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kiflee Zawudee, Abaajaal Abbaa gunbul, Katamaa Taammaanaa, Abdoo Abbaajihaad, Toofiq Nuuraa, Huseen Fayyisaa, Abbatamaam Abbaagumbul, Umar Abbaabiyyaa, Maahamad Abdiisaa, Soorsaa Waaqumaa, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Geetaanee Baqqalaa, Ismail Abbabee, Kiflee Buzunaa, Sisay Kabbadaa, Dajanee gabayyoo, Baqqaabil takkaaliny, Addisuu Sirneessaa, Bafqaaduu waldagabriel, Garramuu Taaddasee, Addisuu Aangoo, Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹²⁶ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa.

mariisisee akka deebi’u taasisa. Kunis yeroo abbaan alangaa fudhatee qophaa’ee dhihaatu fi abukaatoo dhuunfaaf kennamu waliin wali hin gitu. Haalli kun kallattiin abukaatoon ittisaa sirriitti qophaa’ee dhihaachuu isaa irratti dhiibbaa fideera.¹²⁷ Galmee tokko irraa akka ilaalametti himannoo fi ragaan Abbaa alangaa himatamtoota dhaddacha irratti isaan dhaqqabe fuula 18, himatamtootni lakkoofsaan 6. Abukaatoo mootummaan dhaabeef waliin dhaddacha irratti walargan. Kana caqasuun dhaddachatti ibsachuun beellamni geeddaramееfii mari’atanii akka dhihaatan ta’eera.¹²⁸ Haa ta’u malee kun qabatamaan gaafiin akkasitti ifee dhaddachaaf dhihaachaa hin jiruu, manni murtiis abukaatoon akka gaafachuu danda’u tilmaama keessa galchuun hojjechaa kan hin jirre ta’uu galmeelee ilaalaman biroo irraa hubachuun dandaa’ameera.

Abukaatoon yeroo gahaa ta’e fudhachuun dhaddachaan alatti ragaa ittisaa himatamaa fi himatamaa waliin walarguun qophii barbaachisaa ta’e hin taasisuu. Kun ammoo dhaddacha irratti cimina qoraannoo ragaa abukaatoon taasisu irratti dhiibbaa fideera.¹²⁹ Abukaatoon yeroon kennameefis ykn beellamni himatamaa mariisisee akka dhihaatuuf kennamus haala adda ta’een himatamaa waliin ta’uun waa’ee falmii geggeeffamuu irratti marii akka taasisuuf carraan hin

¹²⁷ Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu’aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Geetaanee Baqqalaa, Ismail Abbabee, Kiflee Buzunaa, Sisay Kabbadaa, Dajanee gabayyoo, Baqqaabil takkaaliny, Addisuu Sirneessaa, Bafqaaduu waldagabriel, Garramuu Taaddasee, Addisuu Aangoo, Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Darajjee Hayiluu, Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa Godina I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹²⁸ A/Alangaa vs Daanddi/Dassaaleny, Ambassee Tamasgeen, waaqjiraa Shibbiruu, Eliyaas Jibiriil fi Toofiq Shamsuu, M/Murtii G/W/Lixaa, L/G 35335, gaafa 02/02/2010.

¹²⁹ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu’aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa kan fudhatame. Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/A/N/Finfinnee M/Sirreessaa Buraayyuu, Maree garee gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame, Firrisaa Araddoo, Tasfaayee Diroo ,Abdoo Jamaal ,Tolaa Araddoo, Namoo Gurmuu sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 08/05/2010 taasifame , Fayisaa Galataa ,Badhaassoo Nugusee,Xaahiir Haajii,Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifame, Qaalicha Magajjoo,Qayid Kadir,Addunyaa Xaaffaa,Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 22/05/2010 taasifame

uumamuuf dhaddacha irratti ykn gadi ba'amee waliin mari'atamuun ala walarguun yeroo fudhachuun mariin taasifamu hin jiru. Haalli itti mana sirreessaa ykn waajjira poolisii deemun himatamaan mariisifamu mijatee hin jiruu.¹³⁰ Kana irraa ka'uun ogeessotni af-gaaffiin deebisan tajaajilli abukaatoo ittisaa kennamaa jiru haala barbaadamuun ulaagaa isaa akka hin eeganne kaasu. Sababiin isaas abukaatoon ittisaa sadarkaa qorannoo irraa eegalee himatamaa waliin wal arguun mari'achuu dhabuu, qophii gahaa taasisuun falmii gaggeessuu dhabuu, fedhiin tajaajilichaa fi humna namaa jiru kan wal hin madaalle ta'uu isaa, namoonni tajaajila kana argachuu qaban ulaagaa kamiin akka filataman ifatti taa'e jiraachuu dhabuu isaa, xiyyeeffannoo kennameef laafaa ta'uu isaatiin tajaajili kennamu ulaagaa isaa kan eegatedha jechuun hin danda'amu jechuun kaasu.¹³¹

Abukaatoon ittisaa qophii gahaa taasisuun dhihaachuu isaa galmee ilaalaman irraa haala guutuu ta'een hubachuun nama rakkisus haalii gaaffii qaxaamuraa ragoota abbaa alangaaf itti dhiyaataa ture qophii gahaa taasisa jechuuf nama rakkisa sababiin isaatiis qabxiilee gaaffii duraa keessatti ka'an bu'uura godhachuun karaa dhugaa baasuu danda'uun jecha ragoota abbaa alangaa waliin wal bira qabsisuun qorachuu irratti hanqini ni jira.¹³² Mirga himatamaa eegsisuuf hojiin hojjatame¹³³ galmeelee heedduu keessatti mormiileen barbaadaman hundi hin kaane, galmeelee

¹³⁰ Waaqumaa Bantii, Usmaan Abduu, Wandimmuu Jabeessa, Garramuu wadaajoo, Yoonas Daaqaa, Angasaa Giraanyi, Soolomon Abarraa, Waaqgaarii Jaallataa, Sanbataa Ayyanaa, Girmaa Gachuuree, Maqaan hin himatamne, Waaqtolaa Guddataa, Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa kan fudhatame.

¹³¹ Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Mallasaa Wadaajoo A/Ad/ Ken/Haq/Waj/ Haqaa God/ Arsii Af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Naahooma Waaqumaa B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Zariihuun Dhugummaa Itti/Gaf/waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010

¹³² Dasaalanya Gurmum Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee13345, Isqaa'eel Gabramadiinffaa N-5 A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907, Shukrii Ibraahim Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee25103, Abdallaa Ahimad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk. Galmee 13794

¹³³ Bu'uura qabxiilee kana jalatti kaa'amni jiraniitiin galmeelee sakatta'aman keessaa mirga himatamaa eegsisuuf jecha amantaa fi waakkii irratti mariisuu, gaaffiilee qaxaamuraa ragaalee abbaa alangaa gaafachuu fi ragaalee ittisaa qorachuu akkasuma adabbiin akka salphatuuf yaadoota adabbii dhiyeessuun alatti qabxiilee biroo irratti abukaatoon ittisaa hojiiileen raawwate hin jiru. Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee40941, Yidnaqaachoo Alamu Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 44195, Mulugeetaa Habtee Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk. Galmee 29827, Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee30730, Saadaam Namoo'faa N-7 Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49509, Isqaa'eel Gabramadiinffaa N-5 A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907, Sisaay Gizaawu Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galmee 25273, Zanabaa Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee

baay'ee keessatti jecha amantaa fi waakkii osoo hin kenniin dura himatamaan abukaatoo ittisaa isaa waliin marii taasisuu galmee keessatti galmaa'eera haa ta'u malee hanga yeroo kenname galmee keessatti hin ibsamne ykn yeroon kenname gahaa ta'uunis hin ibsamne. Akkasumas yaada murtii dhiheessuu irratti hanqinni ni jira. Haala Kanaan himatamaaf abukaatoon ittisaa haa falmu malee bu'a qabeessummaa isaanii irratti gaaffii hedduutu ka'a. Innis abukaatoon dhimmoota isaaf dhihaatan ilaalchisee xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuun hin falmuu, ragaa himatamaa akka dhihaataniif yaalii barbaachisaa hin taasisuu, himatamaa fi ragaa isaa waliin yeroo gahaa fudhachuun hin mari'atuu kan jedhan ni ka'u.

2.5. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa (Case Load)

2.5.1. Ramaddii Galmee fi Baay'ina Hojii

Baay'ina hojii abukaatoon hojjechuu qabu murtaa'a ta'uu qaba. Hojii abukaatoon hojjetu baay'achaa akkuma adeemu qulqullinni tajaajila kennamuu gadi bu'aa adeema. Naannoo Oromiyaa muuxannoon jiru kan agarsiisu abukaatoon galmee hagas hojjechuu qaba jechuun daangaan kaa'ame hin jiru. Galmee abukaatoon tokko yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti hojjetu haala hojii dhaddachaa fi galmee beellama irra jiru irratti hunda'a.¹³⁴ Baay'inni hojii jiruu fi humni namaa yeroo ammaa hojiirra jiru wal hin madaalu waan ta'eef dhimmoonni beellamni isaanii yeroo jijjiiramu fi ragaan dhihaates osoo hin dhagahamin beellamni geeddaramu ni jira.¹³⁵ Adeemsa baratamaa jiruun abukaatoon dhaddachaa hin qabne dhaddacha seenuun akka

25351, Tsagaayee Shuuxeeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee12548, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee 13163.

¹³⁴ Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010.

¹³⁵ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Tasfaayee Asfawuu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa SM/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Darajjee Hayiluu, Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa Godina I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Jamaal Abdulqadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010, Addunyaa Alamuu Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Zarihuun Dhugummaa Itti/Gaf/waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa

hojjetu ni taasifama. Abukaatoon hundumtuu kan hojiin dhaddacha irratti qabamanii jiran yoo ta'e beellama geeddaruun guyyaa biro dhimmichi keessumeeffama.¹³⁶ Baay'ini hojii abukaatoo ittisaa malli ittiin to'atamu hin jiru. Haa ta'u malee gabaasa baay'ina hojii abukaatoon ittisaa kurmaanaan dhiyeessuun jira. Gabaasni dhihaatu bifa karooraan yeroo murtaa'e keessattis abukaatoon ittisaa baay'ina dhimmoota hangami keessummeessuu akka qaba kan jedhun osoo hin taane galtee staatiksiif akka ta'uuf hojii hojjetame qofa lakkoofsaan akka gabaafamu ta'a.¹³⁷ Baay'ina hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee ogeessonni bar-gaaffiin dubbifaman akkaataa itti aanutti deebisaniiru.

Gabatee 6. Baay'ina hojii fi baay'inni humna abukaatoo jiru walmadaalaa gaaffii jedhuuf deebi kenname.

		Ogeessota deebii kennan	Dhibbentaa (%)
Fudhatam kan qabu	eeyyee	8	10.8
	lakkii	64	86.5
	Idaa'ama	72	97.3
Hanquu		2	2.7
Ida'aama waliigalaa		74	100.0

Gabatee kana irraa kan hubatamu humni namaa jiruu fi hojiin abukaattummaa jiru kan wal hin simne ta'uu ogeessoni dubbifaman kan ibsan ta'uu dha. Baay'inni hojii abukaatoo ittisaa qulqullina tajaajila abukaatoon ittisaa kennu waliin kallattiin kan walqabate ta'uu armaan olitti ilaalameera. Kanaaf humni abukaatoo fi baay'inni hojii walsimuun qulqullina hojii abukaatoon kennuuf murteessaa dha. Yaada kana ilaalchisees ogeessotni bar-gaaffiin dubbifaman furmaata abukaatoon ittisaa qabu irratti yommuu yaada isaanii kennan abukaatoon ittisaa baay'ina hojii ilaalchisee furmaata akka hin qabne ni himu.

Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Mangashaa Guddataa A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010.

¹³⁶ Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010.

¹³⁷ Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010.

Baarreeffamoonni fi muuxannoon boqonnaa lammaffaa jalatti ilaalaman akka agarsiisanitti abukaatoo ittisaatti hojiin ni baay'ata yoo ta'e mala biraan deggeruu ykn abukaatoon hojii kana diduu kan dandeessisu sirni jiraachuun barbaachisaa akka ta'u ni hubatama. Haa ta'u malee Oromiyaa keessatti furmaata kana ilaalchisee abukaatoo ittisaa filannoo akka hin qabne ogeessorni dubbifaman ni kaasu.

Gabatee 7. Abukaatoon ittisaa hojiin kan itti baay'atu yoo ta'e dhimmoota dabalataa fudhachuu diduu ni danda'aa gaaffii jedhuuf deebii ogeessotaan laatame.

		Ogeessota deebii kennan	Dhibbentaa (%)
Fudhatama kan qabu	eeyyee	12	16.2
	lakkii	57	77.0
	Total	69	93.2
Hanquu		5	6.8
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

Gabatee kana irraa kan hubatamu abukaatoon ittisaa bay'ina hojii ilaalchisee dhaddachi dhaabbadhu jedhee kan ajaju taanaan furmaata akka hin qabne ni agarsiisa. Kun ammoo kallattiin qulqullina tajaajila abukaatoon ittisaa himatamaaf kennu irratti dhiibbaa ni qabaata. Abukaatoon yeroo qophiif isa barbaachisu, ragaa qindeeffachuu fi barbaaddachuuf qabu irratti dhiibbaa guddaa kan fidu waan ta'eef abukaatoon kun bu'a qabeessa ta'uu isaa irratti dhiibbaa guddaa ni qabaata.

2.5.2. Sirna Calallii

Tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu argachuuf ulaagaan seeraan kaa'amee jira. Bu'uura ulaagaa kanaan himatamtootni tajaajila argachuuf mirga qabanii fi hin qabne adda baasuuf sirni calallii jiraachuun barbaachisaa dha. Qabatamni ture kan agarsiisu abukaatoo ittisaa ramaduu fi calallii dhimmaa ilaalchisee Abbaan Alangaa karaa gandaa nuuf haa qulqullaa'u jechuun gaaffii dhiheessa turuu dha. Haa ta'u malee adeemsa kanaan qulqulleessuun beellama lama sadii fudhata turera. Abbaa Alangaa mormuu irratti hundaa'uun qulqulleeffatama, hin mormine taanaan battalumatti dhagaaha dhimmaatti seenamuun hojjetamaa tureera.¹³⁸ Kun kan

¹³⁸ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa.

agarsiisu calalliin dhaddachuma irratti gaaffii himatamaan abukaatoon ittisaa naaf haa dhaabbatu jechuun dhiheessu ykn Abbaan Seeraa abukaatoon karaa mootummaa dhaabbachuufii akka danda'u itti himu irraa ka'uun kan gaggeffamu ture. Yeroo ammaa kana qabatamni galmee irra hubatamu kan agarsiisu sirni calallii galmee himatamaan abukaatoon akka dhaabbatuuf gaafatee jennaan abbaan alangaa mormii yoo kaaseen alatti akka hin jirre dha.¹³⁹ Manni murtii keessatti yeroo ammaa himatamaan abukaatoon naaf haa dhaabbatu ykn abukaato dhuunfaa dhaabbachuu hin danda'u jechuun ibsannaan qulqulleessa tokko malee abukaatoon ittisaa himatamaaf akka dhaabbatu hubachuun ni dandaa'ama. Kana irraa kan ka'e himatamtoonni dandeettii abukaato dhaabbachuu qaban tajaajila abukaato ittisa tola mootummaa irraa argachaa akka jiranii fi sirni calallii dhibuun baayyina hojii abukaato ittisaaf sababa akka ta'e ogeessotni dubbifaman ni kaasu.¹⁴⁰ Himatamaan yakka adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii ol adabsisuun yoo himatame bu'uura labsii 141/2000 tiin abukaato dhuunfaa dhaabbachuu kan hin dandeenye yoo ta'e abukaatoon ittisaa akka dhaabbatuuf seerri ni qajeelcha. Haa ta'u malee bu'uura seera kanaan calalliin dandeettii himatamtootaa ilaalchisee geggeeffamaa jiru hin jiru.¹⁴¹ Rakkoo ulaagaan kun qabu akkuma jirutti ta'ee bu'uuruma ulaagaa kanaan qulqulleeffannaan taasifamaa jiru hin jiru.

2.6. Abukaatoon Dhimma Eegale Hanga Xumuraatti Itti Fufuu

Abukaatoon dhuunfaan falmiin eegalamee adeemsa keessa abukaatoon tajaajila kennuu addaan kute ykn walitti dhufeenya abukaato fi himatamaa jidduu jiru kan addan cite yoo ta'e abukaato mootummaan akka falmiin itti fufamu yeroo taasifnu ni jira.¹⁴² Abukaatoon yeroo tokko tokko beellama irraa yeroo baduu fi mani murtiis abukaato malee dhimmootni falmii barbaadan hin jiran taanaan yeroo itti fufu ni jira.¹⁴³ Yeroo tokko manni murtii baay'ina hojii abukaato ittisaa

¹³⁹ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaaminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaato Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁴⁰ Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa kan fudhatame.

¹⁴¹ Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Salmoon Magarsaa G/A/Seeraa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

¹⁴² Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁴³ Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

salphisuuf jecha abukaatoo dhuunfaa himatamtoota akka bakka bu’u ni taasifama. Adeemsa idilee keessatti carraan abukaatoo yeroo hedduu waljijjiiruu kan hin jirre ta’us, haala armaan olitti ibsameen abukaatoon dhimmicha eegale hanga xumuraatti akka itti hin fufne yeroon ta’u kan jiru waan ta’eef sadarkaa galmeen sun irra jiru ilaalchisee odeeffannoon gahaan qabatamee abukaatoo itti aanutti hin darbu tanaan falmii himatamaa irraan dhiibbaa ni geessisa.¹⁴⁴ Beellama hundarratti abukaatoon dhimmicha eegale argamuu dhiisuu danda’a abukaatoon hojii ykn dhaddacha biroo irraa dhimma qabaannaan abukaatoon biraa bakka bu’ee dhimmicha akka hordofu ni taasifama. Kunimmoo maree abukaatoo fi himatamaan beellamaan duraa taasisan sirna abukaatoo bakka bu’e bira ittiin geessifamu hin mijanne yoo ta’e falmii himatamaa irratti rakkoo uumuu danda’a.¹⁴⁵

Walumaa galatti galmee ilaalaman irraa kan hubatamu abukaatoon galmee eegale hanga xumuraatti kan qabatu yoo ta’u, yoo abukaatoon hojii biraan qabamee ykn dhaddacha biraan qabamee jirutti abukaatoon biraan bakka isaa bu’uun falmii irratti kan argaman ta’uu hubachuun dandaa’ama. Dabalees yeroo tokko tookko abukaatoon dhuunfaa abukaatoo ittisaa akka gargaaraniif ni taasifamu. Adeemsa kana keessatti abukaatoon dhuunfaa tasa addaan yommuu kututti bakka falmiin gaherraa eegalee abukaatoon ittisaa akka itti fufu yeroo taasifamu jira. Haa ta’u malee adeemsa waljijjiirraa abukaatoo kana keessatti keessummaa dhimmoota abukaatoo dhuunfaan eegalanii gara abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatanii dhufan abukaatoon dhuunfaa dhimmicha kan ittiin geggeessan galmee hin qaban waan ta’eef waljijjiirraa odeeffannoo sadarkaa falmiin irratti argamu ilaalchisee geggeeffamuu qabu irratti dhiibbaa ni qabaata.

3. Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu

Abukaatoo ittisaaf leenjiin dandeetti cimsannaa yeroo yeroon kennamuun barbaachisaa akka ta’e qajeeltoowwan boqonnaa sadaffaa jalatti ilaalaman ni agarsiisu. Abukkaatoon ittisaa akka abbaa alangaa leenjiin hojiif isa barbaachisu hin arganne walqixa dandeettii falmii geggeessuu isaa irratti dhiibbaa ni qabaata. Qabatamni jiru kan agarsiisu leenjiin kallattiin abukaatoo ittisaaf qophaa’e kennamu akka hin jirre dha. Abukaatoo ittisaaf carraan leenjii, barumsaa fi dandeettii

¹⁴⁴ Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa.

¹⁴⁵ Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa ka fudhatame.

ittiin cimsatuu fi guddisuu danda’u mijate hin jiru.¹⁴⁶ Barbaachisummaa leenjii qaama kanaa irratti Manni Murtii xiyyeeffatee hojjechaa kan hin jirre ta’uu ogeessoni dubbifaman ni ibsu.¹⁴⁷ Abukaatoon yeroo ammaa jiran baay’een isaanii kallattiin ofiiseeraa seeraa irraa kan guddatani dha. Kanaafis dandeettii fi ogummaa falmii dhaddacha irratti geggeessuu isaan qaban hanga barbaadamu miti. Rakkoo kana furuuf leenjiin muuxannoo fi dandeettii isaanii guddisuu yeroo yeroon kennamuun barbaachisaa dha.¹⁴⁸ Haa ta’u malee abukaatoo ittisaa fi Abbaa Alangaa walbira qabamee yoo ilaalamu Abbaa Alangaaf yeroo yeroon leenjiin dandeetti, gahumsaa fi wantoota haaraa ta’an irratti karaa ILQSO fi qaamolee biroo haala qindaa’aa ta’een ni kennama. Abukaatoo ittisaaf leenjiin akkasitti qindaa’ee kennamu hin jiru. Leenjiin gahumsa fi dandeetti cimsu fi kkf irratti xiyyeeffate rakkoo abukaatoon ittisaa hojii irratti qabu adda baasuun furuuf kennammaa hin jiru. Kanaafis dhaddacha irratti falmii geggeessuu irratti abukaatoo ittisaa fi Abbaa alangaa jidduutti garaagarummaa guddaatu uumama.¹⁴⁹ Dandeettii abukaatoon ittisaa yeroo ammaa qabu sadarkaa inni irratti argamu ilalachisee ogeessotni dubbifne jiddu galeessa ta’uu isaa nuuf kaasu. Gabatee itti aanu keessatti ogeessoota bar-gaaffiin

¹⁴⁶ Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

¹⁴⁷ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaaminew Raggaasaa, Mulu’aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Takkaaliny Asfay, Pirezidaantii M/Murtii I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010 waliin geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁴⁸ Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Mikaa’el Geetahuun, Pirezidaantii M/Murtii A/Gimbii, Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Nagaroo Garbaa, A/Adeemsa kenniinsa Murtii Haqaa, W/Haqaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁴⁹ Mangashaa Guddataa A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Addee Masarat Tiksee A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Mallasaa Wadaajoo A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Arsii Af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Naahooma Waaqumaa B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010

dandeettii abukaatoo ittisiaa naannoo Oromiyaa qabu irratti yaada nuuf kennan cuunfamee dhihaatee jiru ilaaluu ni dandaa'ama.

Gabatee 8. Gaaffii gahumsaa fi dandeettii abukaatoo ittisiaa akkamiin madaaltu jedhuuf ogeessotaan debii kenname.

		Baay'ina ogeessotaa	Dhibbentaa (%)
Fudhatama kan qabu	Baayyee olaanaa	-	-
	Olaanaa	10	13.5
	Jiddu galeessa	49	66.2
	Gadi Aanaa	13	17.6
	Baayyee gadi aanaa	1	1.4
	Idaama	73	98.6
Hanquu		1	1.4
Idaa'ama waliigalaa		74	100.0

Gabateen kun kan agarsiisu harki caalaan ogeessota gaafataman dandeettii fi gahumsi abukaatoo ittisiaa jiddu galeessaa fi gadi aanaa ta'uu agarsiisa. Kana jechuunis ijaarsa dandeettii fi gahumsa abukaatoo ittisiaa irratti hojiin hojjetamaa jiru laafaa fi kan abbaa alangaa waliin kan walgitu akka hin taane ni agarsiisa.

4. Haguuggii Seeraa

4.1. Walqixxumaaa Gareewwan Lamaanii

Abukaatoon jiru keessaa muraasni isaanii bakka bu'umsaan ofiisera irraa faayidaa fi miindaa iddichi qabu osoo hin argatni kan hojjetan waan ta'eef kaka'umsa hojii fi fedhii isaan qaban gadi bu'aa dha. Kunis falmiin himatamaaf geggeeffamu laaffisuu keessatti gumaacha mataa isaa qaba.¹⁵⁰ Sakatta'iinsa galmeelee dhuunfaa ogeessota abukaatoo ittisiaa ta'uun godinaalee Oromiyaa kudhan keessatti hojjechaa jiran irraa akka hubatametti ogeessotni ofiiseeraa seeraa ta'anii bakka bu'ummaan abukaatoo ittisiaa ta'anii hojjechaa jiran jiraachuu isaaniis hubachuun dandaa'ameera. Walumaa galatti ogeessota jiran 22 jiran keessaa ogeessotni 5 bakka bu'ummaan kan hojjetan malee abukaatoo ittisiaa ta'anii kan muudaman akka hin taane bira

¹⁵⁰ Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaanti M/Murtii A/Gimbii, Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

gahameera. Kallattiin ogeessota faayidaa iddichi argamsiisu hin argannee fi bakkichaaf ulaagaa bakkichi kaa'ee jiru guutuu fi dhiisuun isaanii bu'uuraan ykn dorgommiin adda bahuun muudama iddiichi barbaachisu hin arganne bakka bu'ummaan hojjechiisuun xiyyeeffannoo iddichaaf kenname laafaa ta'uu isaa kan agarsiisu dha.

4.2. To'annoo fi hordoffii Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Irratti Geggeeffamu

Hojiin abukaatummaa akkuma hojii ogummaa seeraa walqabatani biro hojii naamusaa fi itti gaafatamummaa addaa barbaadu dha. Waa'ee naamusaa, to'annoo fi hordoffii abukaatoo ittisaa ilaalchisee Maneen Murtii ilaalamanii fi ogeessota dubbifaman akka kaasanitti bifa waliigalaan qama kana to'achuuf sirni diriiree jiru laafaa ta'uu ibusu. Haa ta'u malee maneen murtii tokko tokko keessatti tarkaanfileen tokko tokko kan fudhataman ta'uu ni kaasu. Fakkeenyaaf naamusa abukaatoo ittisaa horodofuuf jecha murteen booda abbootii dhimmaa haasofsiisuu fi sirreeffamtoota dubbisuun jira.¹⁵¹ Bifa waliigalaatiin to'annoo fi hordoffiin hojii qaama kanaa ilaalchisee geggeeffamu laafaa dha.

To'annoo fi hordoffii abukaatoo ittisaaf taasifamuu qabu ilaalchisee pirezidaantoonni, dursaan garee yakkaa, KTAS fi ogeessotni dubbifaman akka kaasanitti; naamusa abukaatoo ittisaa ilaalchisee eenyu akka hordofuufii itti gaafatamummaan abukaatoo ittisaa maal akka ta'e seeraan ifatti bahee kan kaa'amee jiru haala barbaadamuun ifaa miti. Kanaaf amaloota abukaatoon ittisaa maamila isaaniirratti argisiisan tokko tokko to'achuun rakkisaa ta'eera.¹⁵² Akkasumas danbiin naamusaa amma abukaatoon ittisaa ittiin bulaa jiru waa'ee badii naamusaa qaama kanaan raawwatamuu danda'uu haala ifa ta'een hin keenye, duuchumatti abukaatoon ittisaa muudamaa gumii waan ta'eef akka muudamaa gumiitti itti gaafatama jechuun ibsa. Kun itti gaafatamummaa abukaatoo ittisaa mirkaneessuu keessatti rakkoo fideera. Kanaaf koodiin namuusaa badiilee naamusaa abukaatoo ittisaa haala ifa ta'een haammate jiraachuu qaba.¹⁵³ Hojii abukaatoon ittisaa hojjetu maal ta'uu qaba kan jedhu ilaalchisee qajeeltowwan naamusaa fi dirqamoonni abukaatoo

¹⁵¹ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa.

¹⁵² Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁵³ Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

ittisaa seeraan beekamtii kennameef kan galmee abukaatoo ittisa hojjete irratti hundaa'e ittiin hojjetamaa jiru hin jiruu.¹⁵⁴

Qajeeltoo tajaajilli abukaatoo ittisaa ittiin hoogganamuu qabu keessa tokko abukaatoon ittisaa hojii hojjetu irratti to'annoo fi hordoffii qabaachuu dha. Abukaatoon ittisaa tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennaa jiraachuu isaa malli ittiin mirkaneeffatan diriiree jiraachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee qabatamni naannoo Oromiyaa keessatti mul'atu, ogeessooni daataan irraa funaaname kan ibsan, sirni hojii abukaatoo ittiin to'atamu laafaa ta'uu isaa dha. Hojii abukaatoon ittisaa hojjetu hojii karooraan hoogganamu osoo hin taane hojii dhaddachaa irratti hundaa'e dha.¹⁵⁵ Sirni madaallii fi to'annoon hojii abukaatoo ittisaa hojjetu irratti hundaa'e fi sirnaawe diriire hin jiru. Karoorri galmee irratti hundaa'e bahu hin jiru, gabaasa galmeen hojjetame qofti ni gabaafama.¹⁵⁶ Gabaasa godinaalee kudhanii fuunaanamee ilaalame irraas kan hubatamu abukaatoon ittisaa akka karooraatti hojiin hagasin hojjedha jedhee hojjechuun raawwiin isaas karooricha irratti hundaa'uun sirreeffamni fi to'annoon taasifamu hin jiru.

Gama hojii abukaatoo madaaluutiin sirni diriire akka hin jirre ogeessotni af-gaaffiin dubbifaman abukaatoo ittisaa dabalatee ibsaniiru. Abukaatoon ittisaa ulaagaa madaallii galmee hojjetu irratti hundaa'e qabu, safartuun fi madaalliin geggeeffamus hin jiru. Abukaatoo ittisaa waliin marii taasisuu irraa kan hafe sirni to'annoo fi hordoffiin sirnaawe hin jiru.¹⁵⁷ Dabalataanis ulaagaan madaallii ifa ta'e hin jiru, hanga yonaatti karoora fi gabaasa ilaalchisee haalli itti adeemamaa jiru abukaatoon galmee hojjetu akka gabaasu taasisuun ala karoora baafachuun hojiin hojjetamaa

¹⁵⁴ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Kenniinsa Murtii Haqaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁵⁵ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa.

¹⁵⁶ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

¹⁵⁷ Dirriibaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

ture laafaa dha. Bu'uura karoora kanaanis madaalliin geggeeffamu hin jiru.¹⁵⁸ Baay'ini hojii abukaatoo ittisaa kan to'atamuu gabaasa sataatiksii abukaatoon ittisaa kurmaanaan dhiyeessuun yoo ta'een alatti addatti sirni diriire hin jiru, yeroo murtaa'e keessattis abukaatoon ittisaa baay'ina dhimmoota hangami keessummeessuu akka qabu karooraan qindaa'e hin jiru.¹⁵⁹

Gabatee 10. Baay'ina hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee to'annoo fi hordoffiin taasifamu jiraachuu ilaalchisee bar-gaaffiin daataa sassaabame.

		Ogeessota af-gaaffii deebisan	Dhibbentaa (%)
Fudhatama	Eeyyee	40	54.1
	Lakkii	29	39.2
	Idaa'ama	69	93.2
hanquu		5	6.8
Idaa'ama walii galaa		74	100.0

Ogeessotni bargaaftiin gaafataman harki caalaan to'annoo fi hordoffiin jiraachuu isaa yoo ibsan ta'annoo fi hordoffiin geggeeffama jiru kallatti dhaddaahan ta'uu ibsaniiru. Haa ta'u malee to'annoo fi hordoffiin galmee abukaatoon ittisaa hojjetu irratti hunda' kan hin dirirre ta'uus ibsaniiru.

Abukaatoo ittisaa itti waamamni isaa pirezidaantii fi KTAS haa ta'u malee qaamni kun kallattii hojii abukaatoo ittisaa irratti hundaa'uun to'annoo fi hordoffiin geggeessu laafa dha. Qabatamaan lafa jiru abukaatoon ittisaa yeroo isaan ta'e jechuun ykn maal nadhibdeen falmii himatamaa laaffissan bal'inaan mul'ata kunis kan ta'eef to'annoo fi hordoffiin geggeeffamu laafaa ta'uu dha.¹⁶⁰ Hanqina to'annoo fi hordoffiin kana irraan kan ka'e rakkooleen tajaajila abukaatoo ittisaa keessatti mul'atan; himatamaa waliin marii gahaa taasisuun sirnaan qopha'uun dhaddachatti

¹⁵⁸ Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame.

¹⁵⁹ Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

¹⁶⁰ Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin maree garee gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

dhiyaachuu dhabuu, rakkoo dandeetti, baayyinni namoota tajaajila abukaatoo barbaadani fi humni ogeessa jiru wal madaaluu dhabuu, Ogeessooni tajaajilicha kennan hanga barbaadamuun dandeetti fi gahumsa qabaachuu dhabuu, dhugaa fi haqa yakkamtootaa baasuuf xaariin taasifamu fi kaka'umsi jiru baay'ee laafaa ta'uu, dabalataan abbaa dhimmaa irraa waa eeggachuu (rakkoo naamusaa) kan jiru ta'uu isaa gama kanaaniis abukaatoonni dhuunfaa komii dhiyeessaa jiraachuu isaanii ibsanirru.¹⁶¹ Rakkoon naamusaa kan calaqisuus; garee kaan irraa waa (matta'aa) fudhachuun falmii laafisuu,¹⁶² fedhii saalqunamtti agarsisuu fi gaafachuu (invitation for sexual affair).¹⁶³ Qaamni abukaatoo ittisaa kun dambii ittiin bulmaata mataa isaa qabaachuu dhabuun, sirni to'annoo fi hordofii akkasumas deeggarsaa laafaa akka ta'uu taasiseera.¹⁶⁴ Abukaatoon ittisaa mana murtii keessatti akka hojjatoota deggersaa Mana Murtii birootti ilaalamuun, sirni madaalii ifaa ta'e jiraachuu dhabuun tajaajila ogeessi kun kennuu irratti dhiibbaa guddaa fideera.¹⁶⁵ Sirni itti gaafatamummaa isaas laafaa akka ta'uu ta'eesiseera (Fknf. falmii yoogu laafisuu, **yeroo barbaadeetti dhaddacha irraa yoogu hafu eenyu akka isa gaafatu hin beekamu abbaan alangaa garuu inspekshiniidhaan naamusaan himatama**).¹⁶⁶ **Rakkooleen kunnuun jiraachuu ogeessotni dubbifaman kaasaniiru. Walumaa galatti yaadotni ka'an kan agarsiisu abukaatoo ittisaa ilaalchisee to'annoo fi hordoffiin geggeeffamaa jiru laafaa ta'uu dha.**

4.3. Adeemsa Komeen Ittiin Dhihaatuu, Bakka Buusuu Fi Kaasuu

Tajaajjala abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu irratti sirni komeen itti dhihaatu fi keessumeeffamu diriire hin jiru. Bu'uura komeen abukaatoo galmee qabatee jiru irraatti kaafamuu danda'u fi dirqamni abukaatoo galmee qabate jiruu maal akka ta'e ilaalchisee seeraan ifatti wanti tumame dhibuun akka rakkootti ka'a. Kan irraa kan ka'es abukaatoon dirqama

¹⁶¹ Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Naahooma Waaqumaa, B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010,

¹⁶² Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010

¹⁶³ Naahooma Waaqumaa, B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Mangashaa Guddataa A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010

¹⁶⁴ Naahooma Waaqumaa, B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Zarihuun Dhugummaa Itti/Gaf/waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010

¹⁶⁵ Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010

¹⁶⁶ Addee Masarat Tiksee A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010

abukaattummaa isaa bu'ura seeraan bahaa hin jiru jechuun komee dhiheeffachuun rakkisaa turee.¹⁶⁷ Abukaatoon ittisaa akka mudamaa gumii fudhatamee komeen kallattii naamusaa karaa inispeekshinii irratti dhihaachuu akka dana'u kaa'ame jira, haa ta'u malee hojiin abukaato ittisaa fi badiin naamusaa isaa kan mudamtoota gumii biroo irraa adda bahee haala ifaa ta'een kaa'amee hin jiru waan ta'eef hanga barbaadame irratti hojjechuun hin dandaa'amne.¹⁶⁸ Abukaatoon ittisaa akkuma mudamaa gumii biroo kanneen akka ofiiseera seeraa, inispeekshinii fi kkf tti duuchaatti irra darbeera. Danbii kana keessattis badiileen haammatamanii jiran badiilee kallattiin abukaato ittisaatiin raawwataman adda baasuun akka kan abbaa seeraatti ibsee hin keenye.

4.4. Heerummaa Tajaajila kennamuu

Tajaajilli abukaato ittisaa tola mootummaan kennamu bu'urri isaa heera mootummaa RFDI fi Naannoo Oromiyaa akka ta'e boqonnaa sadaffaa keessatti ilaalameera. Bu'uuruma heerota kanneeniin himatamtoonni abukaato ittisaa tola mootummaa irraa argachuu danda'an kan abukaato dhaabbachuu hin dandeenyee fi abukaato malee yoo falmatan haqni isaanii jal'achuu danda'u akka ta'e ilaalameera. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana qabatamni Naannoo Oromiyaa keessaa jiru yaada kanaan kan walsimu miti. Kana irratti ogeessotni af-gaaffiin dubbifaman akka ibsanitti tajaajilli Mannen Murtii Naannoo Oromiyaa keessatti kannamaa jiru heera Naannoo fi Federaalaa waliin walitti akka bu'u ni kaasu. Sababiin isaas bu'ura heeraan himatamtoonni tajaajila abukaatummaa mootummaa irraa argachuu qaban namoota abukaato dhaabbachuu hin dandeenyee fi abukaato malee yoo falman haqni isaanii jal'achuu danda'u dha. Haa ta'u malee bu'ura labsii 141/2000 kan Mannen Murtii Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf baheen namootni tajaajila kana argachuu danda'an namoota adabbii hidhaa waggaa shanii ol yakka adabsiisuu danda'uun himataman jechuun dabalataan dhiphisee kaa'eera kun bu'ura heeraan haguuggii argamee jiru waliin miti.¹⁶⁹

¹⁶⁷ Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaato Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame.

¹⁶⁸ Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Kan Mudamaa Gumii Naannoo Oromiyaa Lakk.2/2001.

¹⁶⁹ Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaaf a 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Joonii Bantii, KTAS, Sanbataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

Bu'uura labsii 141/2000 kwt. 17 tiin himatamaan yakka adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii ol adabsisuun yoo himatamee fi abukaatoo dhuunfaa dhabbachuu hin danda'u yoo ta'e abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaachuufii akka qabu ni kaa'a.¹⁷⁰ Labsiicha keessatti tajaajilli abukaatoo ittisaa yakka waggaa shani fi isaa ol adabsisuu danda'uuf qofatti sababiin itti daangeefameef yeroo labiin kun bahetti humni namaa ture baay'ee muraasa waan tureef namoota hundaafu tajaajila kana bilisaan kennuun hin danda'amu yaada jedhuu irraa ka'uun akka ta'e ogeessoni ni ibsu. Haa ta'u malee heerri mootummaa haala kanaan osoo daangeesse hin kaa'in mirgi heeraan eegumsa argate labiichi daangessuun hafura heera mootummaatiin yaada tokko qabateera jechuu hin akka hin dandeessifnes ni kaasu.¹⁷¹ Dabalataan labiin kun mirga abukaatoo ittisaa mootummaa irraa argachuu himatamaa dhiphisuun adabbii hidhaa cimaa waggaa shan ol jedhe ulaagaa kaa'uun isaa faallaa heera mootummaatti, sababiin isaa heerichaan ulaagaa kaa'amee jiru dandeetti abukaatoo dhaabbachuu dhabuu fi haqni kan jal'atu yoo ta'e kan jedhuun ala ol kaasee kan kaa'e waan ta'eef.¹⁷²

¹⁷⁰ Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Salmoon Magarsaa G/A/Seeraa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010.

¹⁷¹ Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010

¹⁷² Jabal Sulxaan A/seeraa M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Masfin Gabree A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010.

Boqonnaa Afur

Gudunfaa, Gudunfaa fi Furmaata

Seensa

Boqonnaa sadaffaa fi afuraffaa jalatti rakkoo abukaatoo ittisaan walqabatani Naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan irratti wantoonni tokko tokko ka'anii ilaalamaniiru. Bu'uuruma kanaanis maalummaa abukaatoo ittisaa, haguuggii seeraa abukaatoon ittisaa asadarkaa federaalaa fi Naannoo Oromiyaatti qabu maal maal akka ta'e ilaalameera. Dabalees tajaajilli abukaatoo ittisaan kennamu ulaagaa isaa kan eeggate taasisuuf agarsiiftuwwan tajaajilichi ittiin ilaalamuu danda'u tokko tokko ilaalamaniiru. Abukaatoon ittisaa tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennuuf sadarkaa addunyaatti agarsiiftuwwan biyyi Ameerikaa itti gargaaramtuu fi muuxannoo biyyoota adda addaa ka'uun maal akka ta'an boqonnaa sadaffaa keessatti ilaalamaniiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti agarsiiftuwwanii fi muuxannoo ilaalaman bu'uureffachuun qabatamni Naannoo Oromiyaa maal akka fakkaatu ilaaluuf daataan bifa af-gaaffii, bar-gaaffiitiin walitti qabamee deebiin isaa xiinxalameera. Dabalataanis galmeen abukaatoon ittisaa irratti hirmaatee, gaabaasni hojii abukaatoo ittisaa fi galmeeleen dhuunfaa abukaatoo ittisaa ilaalameera. Daataan walitti qabames qajeeltoowwano fi agarsiiftuwwan boqonnaa lammaffaa keessatti ka'an waliin walbira qabamee boqonnaa sadaffaa keessaatti xiinxalameera. Boqonnaa afuraffaa kana keessatti ammo boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'iinsi hogbarruu geggeeffamee fi boqonnaa sadaffaa keessatti daataan xiinxalame irraa yaadni gudunfaa fi argannoowwan qorannichaa kan itti dhihaatu ta'a. Yaada gudunfaa kanas bu'uureffachuun yaada furmaata ta'uu danda'an kaafamuun kan itti dhihaatan ta'a.

1. Yaadota Gudunfaa fi Argannoo Qorannichaa

1.1. Caaseffama Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee

1.1.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa

- Caasaan Abukaatoon ittisaa diriiree jiru bajata hojii isaaf barbaachisu hin qabu. Kun ammo abukaatoon ittisaa of danda'ee dhiibbaa malee akka hojjetuuf kan heyyamu miti.
- Abukaatoon ittisaa Mana Murtii jalatti hundaa'uu isaa akka rakkoo ta'uu dhiisuu danda'a. Haa ta'u malee gareewwan Mana Murtii keessa jiran keessaa humna namaan guutuu fi hojjetaa deggersaa kann hin qabne ta'uun isaa xiyyeeffannoo argachaa akka hin jirre mullisa. Kanaaf Mana Murtii jalatti hundaa'uun abukaatoo ittisaa xiyyeeffannoo barbaachisu akka hin arganne taasiseera.
- Abukaatoon ittisaa bulchiinsaa fi bajataan of danda'uu dhabuun hanga barbaadame akka hin sochooneef gumaacheera. Sirni bulchiinsa abukaatoo ittisaa fi dirqamni abukaatoon ittisaa of danda'uu miti.

1.1.2. Bajata

- Abukaatoon ittisaa bajata of danda'e hin qabu. Miindaa fi faayidaa abukaatoo ittisaaf kanfalamuun ala adeemsa falmiif hoji adeemsiftuun ramadamu hin jiru.
- Kallattiin hojii qaamni kun hojjetu haqni dabuu danda'u hanbisuuf ta'ee iddoo jirutti qaamni kun dirqama isaa akka bahuuf bajata dhabuun isaa alkallattiin haqni akka dabuuf gumaachuu ta'a.
- Abukaatoon ittisaa hojii dhaddacha irratti fi alatti hojjetuuf maallaqa kan isa barbaachisu yoo ta'e raawwachuuf hin danda'u, bifa deggersaan akka raawwatuuf taasifama.

1.1.3. Uwwisni Caasaa Jiru Guutuu fi Hawwataa Miti

- Caasaan abukaatoo ittisaa Manneen Murtii Oromiyaa keessa jiru guutamee hin jiru.
- Caasaan abukaatoo ittisaa sadarkaa sadarkaan jiru hojiin kan walitti hidhate miti. Kunis himatamaa oliyyannoo fudhachuu barbaaduuf tajaajila murtiin booda mariisisuun filannoo inni qabu ibsuufii caasaan dandeessisu hin jiru.
- Abukaatoon ittisaa akka hojjetoota deggersaa birootti fudhatamuun Mana Murtii keessatti xiyyeeffannoo barbaachisu akka hin arganne taasiseera. Hojjetoonni deggersaa biroon kenniinsa haqaa fi hojii dhaddachaa deggeruuf kan hundeeffaman yoo ta'u abukaatoon ittisaa kaayyoo heeraan kenname galmaan gahuuf kan hundaa'e waan ta'eef caasaa biro

waliin akka tokkootti ilaalamuun xiyyeeffannoo walfakkaatuu argachuun dagatamuu abukaatoo ittisaa mul'isaa.

1.2. Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Abukaatoo Ittisaa

1.2.1. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa fi Hojiicha Maloota Biroon Deggeruu

- Sirni hojii abukaatoo ittisaa maloota biroon ittiin deggaramuu danda'u diriire hin jiru.
- Akka filannootti abukaatoo dhuunfaa bu'uura qajeelfamaan waggaa keessatti tajaajila bilisaa dirqamaa kennuu qabutti gargaaramuuf yaaliin manneen murtii tokko tokko keessatti taasifameera. Haa ta'u malee tajaajila kana sirni to'annoo fi hordoffii ittiin taasifamu diriiruu dhibuun kan ka'e hanga barbaadame itti hin adeemamne.
- Kanaan ala maloota biroon tajaajila abukaatummaa kan deggeruf yaaliin taasifame bifa sirnaawaa ta'een itti adeemamaa hin jiru. Haa ta'u malee iddoo hanqinni humna abukaatoo jiru tokko tokkotti ofiisarri seeraa bakka bu'ummaan tajaajila akka kennu taasifameera.
- Hojiin abukaatoon ittisaa hojii hojjetu hanga isaa hin to'atamu. Kun ammoo kallattiin qulqullina hojii abukaatoo ittisaa irratti dhiibbaa fideera. Baay'inni hojii abukaatoo ittisaa akkuma olka'aa adeemu qulqullinni hojiichaa gadi bu'aa adeema.
- Sirni baay'ina hojii abukaatoon ittisaa yeroo murtaa'aa ta'e keessatti galmee hangam hojjechuu qabu agarsiisu hin jiru. Hojiin abukaatoon ittisaa hojii dhaddachaa irratti kan hundaa'e fi yeroo dhaddachi abukaatoo ittisaa waamu dhihaachuun kan hojjetamu dha.

1.2.2. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamuu, Ramadamu fi Himatamaa Waliin Walargu

- Abukaatoon ittisaa fi himatamaan kan walargan dhaddacha irratti dha. Yeroon mareef kennamus dhaddacha irratti ykn dhaddachaan alatti gadi bahanii yeroo muraasaaf mari'achuun akka dhihaatan ta'a.
- Yeroon kennamus abukaatoon ittisaa himatamaa waliin walitti dhufe walbaruun walamanuun himatamaan iccitii dhimmichaa abukaatootti akka himuuf hin afeeru.
- Yeroon dabalataa kan barbaachisu yoo ta'e akka kennamuuf abukaatoon hin gaafatuu, manni murtiis sababoota ragaan abbaa alangaa dhihaataniiru fi dhimmichi walxaxaa miti jedhuun yeroo dabalataa hin kennu.

1.2.3. Iddoo Mijataa Jiraachuu

- Bakki abukaatoo fi himatamaan itti mari'atan ilaalchisee qabatamni jiru kan agarsiisu himatamaa fi abukaatoon waajjira himatamaatti akka mari'atani dha. Yeroo tokko tokko ammo bakka abbaan dhimmaa ta'uutti sababoota addaa addaa irraan kan ka'e yeroo mariisifamu ni jira. Yeroo tokko tokko ammo sababa dhaddachi yeroo dheeraa hin laanneef dhaddachuma irratti ykn gadi bahuun alumatti yeroo mariisifamu ni jira.
- Himatamaan to'annoo jala kan jiru yoo ta'e W/Poolisiitti ykn M/sirreessattis bakki mijate hin jiruu.
- Himatamaa to'annoo jala jiru waajjiratti mariisisuun rakkoo yeroo ta'u jira, poolisiin himatamaa fide amanee abukaatoo waliin gara waajjiraa deemuun mari'achuu yeroo dhorkan ni jira.

1.2.4. Yeroo Qophii Falmiif Kennamuu

- Yeroon himatamaa waliin mari'achuu yeroo dhaddachi kennuu irratti hundaa'a malee akka mirgaatti yeroon naaf haa kennamu jechuun abukaatoon ittisaa gaafachuu irratti mitii.
- Qophii gahaa taasisuu dhabuun abukaatoo ittisaa kallattiin bu'a qabeessumaa tajaajila kennamuu miidha.
- Abukaatoon ittisaas yeroon dabalataa naaf haa kennamu jechuun gaaffi dhiheessee galmees irratti galmeessifachuun ajajni barbaachisu dhaddachaan akka itti kennamu hin taasisan.

1.2.5. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa

- Bay'inni hojii fi humani abukaatoo Mana Murtii keessa jiru kan wal madaalu miti. Godinaalee irra abukaatoo ittisaa 2-3 ta'antu ramadamee hojjetaa jira kun ammo baay'ina hojii jiru waliin kan walsimu miti.
- Sirni baay'ina hojii abukaatoon keessummeessu ittiin to'atamuu diriiree hin jiru waan ta'eef abukaatoon yeroo murtaa'e keessatti qulqullina isaa haala eeggateen dhimmoota hangam keessummeessuu danda'a kan jedhu tilmaamuun rakkisaa dha. Biyyoota biroo keessatti tilmaama qulqullinni hojii abukaatoo ittisaa hanga dhimmi abukaatichi keessummeessu dabalaa adeemuun gadi bu'aa adeema jedhu irratti kan hundaa'an waan ta'eef hojiin abukaatoon hojjetu murtaa'ee beekamaa dha.

- Sirni callallii himatamtoota akkamiitu tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu argachuu qaba jedhu diriiree hin jiru. Ulaagaaleen seeraa fi heera keessatti himatamaan jiran irratti hundaa’uun calalliin geggeeffamaa hin jiru. Himatamaan gaaffii abukaatoon mootummaa naaf haa dhaabbatu jechuun gaaffi dhiheessinaan ulaagaa wagga shanii oli yakka adabsiisuu dana’un himatamuu jedhu qofa ilaaluun abukaatoon ni dhaabbataa.

1.3. Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu

- Leenjiin fi barumsi ogummaa abukaatoo ittisaa cimsuu fi rakkoo dandeettii fi bu’a qabeessummaa abukaatoon ittisaa hojii irratti qabu furuuf jedhamee qophaa’ee hin jiru. Kun abukaatoon ittisaa dandeettiitiin isaa Abbaa Alangaa waliin sadarkaa walfakkaaturra akka hin jiraanneef gumaacheera.
- Leenjiin abukaatoo ittisaaf jedhamee kallattiin rakkoo qabatamaa abukaatoon falmii irratti isa mudachuu danda’u firuuf qophaa’ee kennamu hin jiru. Abukaatoo ittisaaf yeroo yeroon dhimmoota haaraa danddeetti fi gahumsa isaa olkaasuu danda’an irratti leenjiin kennamu hin jiru. Kun gahumsi falmii geggeessuu isaa kan Abbaa Alangaa waliin sadarkaa walqixa irratti akka hin argamne gumaacheera.

1.4. Haguuggii Seeraa

1.4.1. Walqixxumaaa Gareewwan Lamaanii

1.4.1.1. Bajataa fi Dhiheessiin Abukaatoo Ittisaa fi Abbaa Alangaa Walgita Taasisuuf;

- Bajataa fi dhiheessiin abukaatoo ittisaaf taasifamu abukaatoon ittisaa mindaa fi meeshaalee barreeffamaan ala wantoota falmiif barbaachisan guuttachuu akka danda’u hin hayyamuu.
- Himatamaa waliin Mana Murtiin alatti, bakka himatamaan to’atamee jirutti deemuun dubbisuu, ragaa barbaaduu, bakka yakki itti raawwatame daawwachuu, qorannoowwan dabalataa taasisuu kan dandeessisu bajatni abukaatoo ittisaaf ramadamuu hin jiru.

1.4.1.2. Dandeettii Falmii Geggeessuu Abukaatoo fi Abbaa Alangaa Walmadaalawaa Taasisuuf;

- Abukaatoo ittisaaf leenjiin yeroo yeroon kennamuu, akka karaa barnootaa fi ogummaa isaa of guddisuuf haalli mijachuufiin barbaachisaa dha.

- Abukaatoo ittisaa oofiiseera seeraa irraa guddatan dandeettii dhaddacha irratti falmii geggeessuu akka horataniif leenjiin hojiin duraa karaa ILQSO ykn qaama biroo qophaa'ee kennamaa hin jiru.
- Abukaatoon dhaddacha irratti dhihaatee bu'uura seeraan falmii kaasuu qabu hunda kaasee, ragaa dhiheeffachuu qabu hunda dhiheeffatee, aantummaan isaa haqaa fi himatamaaf ta'ee falmuu akka danda'uuf karaa ogummaa falmiif barbaachisu hin taasifamu. Kun ammo kallattiin bu'a qabeessummaa abukaatoo ittisaa fi walqixxummaa gareewwanii dhaddacha irratti (equality of arms) qaban ni miidha.

1.4.1.3. Bakka Bu'ummaan Hojjechiisuu

- Ofiisara seeraa bakka bu'ummaan hojii abukaatoo ittisaa akka hojjetu heyyamuun kallattiin ogeessa faayidaa fi miindaa iddichaa argachaa hin jirre hojjechiisuun bu'a qabeessummaa abukaattichaa fi qulqullina tajaajila kennamu irratti dhiibba ni qabaata. Haa ta'u malee manneen murtii tokko tokko keessatti kun hojiirra oolaa jira.

1.4.2. Qajeeltoo To'annoo fi Hordoffii

- To'annoo fi hordoffiin falmii dhaddacha hordofuu, abbootii dhimmaa dubbisuu fi kkf irratti hundaa'e diriiree hin jiru. Kun kallattiin hojii abukaatoon ittisaa hojjetu irratti dhiibbaa fideera.
- Qaamni to'annoo fi hordoffii gageessuu Mannen Murtii biratti haala adda baheen kaa'amee itti hojjetamaa hin jiru. Qaamni abukaatoon ittisaa itti waamamu, Gareen Yakkaa fi KTAS tiin to'annoo fi hordoffii taasifamu laafaa dha.
- Badii naamusaa abukaatoon ittisaa balleessuuf kallattiin kan qulqulleessu insipeekshinii ta'us abukaatoo ittisaa irratti xiyyeeffachuun hojiin hojjetamaa jiru laafa ta'uu isaa qabatama lafa jiru irraa hubachuun ni dandaa'ama.

1.4.3. Gabaasaa, Suprerviizhinii fi Madaallii Hojii Abukaatoo Ittisaa

- Sirni karoora fi gabaasaa hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee diriiree hin jiru. Haa ta'u malee gabaasni gabaasa istaatiksii qofa irratti gabaasni geggeeffamu jira. Kun kallattiin waa'ee qulqullin fi bu'a qabeessummaa tajaajila abukaattummaa abukaatoo ittisaan kennamuu irratti xiyyeeffachuun hin gabaafamu.
- Caaseffamni kallattiin abukaatoon ittisaa karoora hojii mataa isaanii baafatanii bu'uura karoora kanaanis gamagammaa fi sirreeffamni barbaachisaa ta'e fudhachuu dandeessisu hin jiruu.

- Madaallii fi supervizhiniin galmee abukaatoon ittisaa irratti falmuu, namoota abbaa dhimmaa ta’anii fi dhaddacha abukaatoo falmisiise hamate sirni dire hin jiru.

1.4.4. Sirna Komeen Ittiin Dhihaatu

- Sirni to’annoo fi hordoffii hojii abukaatoo ittisaa jiru laafaa ta’uun isaa adeemsa komeen abukaatoo ittisaa irratti ittiin dhihaachuu danda’u irratti dhiibbaa fideera. Yeroo ammaa kana kallattiin sirni komee abukaatoo ittisaa irratti ittiin dhiheeffatan diriiree hin jiru.

1.4.5. Heerummaa Tajaajila Kennamuu

- Tajaajilli abukaatoo ittisaan yeroo ammaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa keessatti kennamaa jiru kallattii Heera Naannoo fi Federaalaan yoo ilaalamu kan wal simu miti. Sababiin isaas tajaajilli kennamaa jiru sadarkaa hundaa, himatamtoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye fi haqni isaanii jal’achuu danda’u hunda kan haammate miti miti waan ta’eefi.

2. Yaada Furmaataa

2.1. Caasaa Abukaatoo Ittisaa Ilaalchisee Yaada Furmaataa

2.1.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa

- Abukaatoon ittisaa qaama of danda’ee ta’ee akka sochoo’uuf haguuggiin caasaa haala gadi fageenya qabuun kan hojii fi caaseffama qaama kanaa ibsu irra deebi’ee diriiruu qaba. Kanas hojiitti geeddaruuf yaadi furmaataa akka filannootti fudhatamuu danda’u;
 - Abukaatoo ittisaa qaama of danda’ee ta’ee Mana Murtii jalaa bahee akka hundaa’u ykn
 - Mana Murtii jalatti garee ta’ee of danda’ee akka cimuu fi wantoota hojiif barbaachisan akka guuttatu taasisuu.
- Qaama of danda’u ta’ee Mana Murtii irraa adda bahee akka dhaabbatuuf kan filatamu yoo ta’ee itti waamamni isaa Mana Murtiin ala Boordiif ta’uu akka qabu muuxannoon biyyota ni agarsiisa.
- Itti waamama abukaatoo ittisaa haala qabatama biyyaa irratti hundaa’uun Mana Murtiif taasiisuun rakkoo guddaa inni fidu hin jiru. Caasichi xiyyeeffannoo dirqama qaamichaaf heeraan kennameef waliin walgitu argachuu dhabuun isaa sirrachuu qaba. Kanaafis Caasaan kun diriiree ogeessa hojii waliin walgituu, hojjetaa deggersaa, bajata, fi wantoota hojiif barbaachisan guutamuufii qaba.

- Hojii abukaatoon hojjetu akka hojii Mana Murtiitti fudhatamuun akka hojjetoo Manneen Murtii birootti fudhatamuu hin qabu. Abukaatoon ittisaa kaayyoo Heeraan itti kenname bakkaan gahuu qaba waan ta'eef xiyyeeffannoo barbaachisaa hojii isaan walgitu argachuu qaba.
- Caasaa abukaatoo ittisaa garee abukaatoo ittisaa ni hundaa'a jedhamuun JBAH ibsamee jiru qabiyyee caasichaa diriirsee kan ibse miti waan ta'eef irra deebi'amee caasicha of dandeessisee diddiriirsee kaa'uu qaba.
 - Gurmaa'insi hojichaas bu'uura hojii abukaatoo ittisaa xiyyeeffannoo keessa galcheen ta'uu qaba.
 - Kanaaf of danda'ee garee mataa isaa geggeessu ta'ee hundaa'uun barbaachisaa dha.

2.1.2. Bajata

- Abukaatoo ittisaa bajata hojii abukaatummaa sadarkaa isaa eeggate kennisiisu dandeessisu qabaachu qaba. Qaamni kun of danda'ee dhaabbachuuf wantoota murteessoo ta'an keessaa tokko bajata hojii hojjechiisuu dandeessisu dha. Kanaf hojii abukaatummaa bilisaan kennuuf bajatni of danda'ee ramadamu jiraachuun barbaachisaa dha.

2.1.3. Uwwisni Caasaa Jiru Guutu fi Hawwataa Ta'uu Dhabuu Ilaalchisee Yaadota Furmaataa Ka'an

- Tajaajilli abukaatoo ittisaa sadarkaa Manneen Murtii jiru hundatti Mana Murtii Aanaa kaasee hanga Mana Murtii Waliigalaatti diriiruu qaba.
- Caasaan kunis sadarkaa hundatti walitti hidhatiinsaa qabaate tajaajila kennuu akkaataa danda'utti sirrachuu qaba. Dhimmoota kallattiin dhihaatanitti dabalee oliyyannoo dhufan hunda oliyyannoo himatamaaf qopheessuu irraa eegalee deggersa barbaachisaa himatamtootaaf kennuu akka danda'utti sirrachuu qaba.
- Tajaajilli abukaatoo ittisaa mirga akka nama qulqulluutti tilmaamamuuf bu'uura. Kanaaf Manni Murtii sadarkaa Mana Murtii kamittiyyuu kaasuun himatamaan fayyadamaa mirga kanaa akka ta'u taasisuuf dirqama qabu sirritti caasaan bahu dandeessisu diriiruu qaba.
- Sadarkaa Mana Murtii Aanaatti caasaan diriiree jiru sirrachuun walitti hidhatiinsa caasa olaanu waliin qabaachuun tajaajila kennuu danda'uu qaba.
- Caasaan abukaatoo ittisaa sadarkaa sadarkaan jiru hojii abukaatoo ittisaa to'achuu fi hordofuuf itti gaafatamummaan kan walitti hidhate ta'uu qaba.

- Caasaan abukaatoo ittisa diriiree jiru ogeessota gahumsaa fi dandeettii olaanaa qaban hawwachuu danda'uu qaba. Kanaaf miindaan, faayidaa fi guddinaan hawwataa ta'e kan ogeessota seeraa hojii biraa irra jiran hawwachuu danda'u jiraachuu qaba.
- Abukaatoo ittisaaf sirni guddinaa ifaa ta'e, yeroo yeroon raawwatamu fi dorgommii ulaagaan isaa beekamaa ta'e irratti hundaa'e jiraachuu qaba.

2.2. Agarsiiftuwwanii fi Safartuuwwan Tajaajila Kennamuu

2.2.1. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa fi Abukaatoo Ittisaa Maloota Biroon Deggeruuf Yaada Furmaataa Kaa'ame

- Biyyoota biroo kanneen akka Ameerikaa kan sirni kenniinsa tajaajila abukaatoo ittisaa isaanii sirriitti guddate akka agarsiisutti tajaajila kenniinsa abukaatoo ittisaa qama tokkoon kennuun rakkiisaa ta'uu akka danda'u dha. Kanaaf maloota garaagaraatti fayyadamuun tajaajila kennuun barbaachisaa dha. Kun komee tajaajila abukaatoo ittisaa irratti dhihaatu hambisuuf akka filannootti dhihaachuu akkasumas rakkoon walitti bu'iinsi dantaa abukaatoo ittisaa fi himatamaa jidduutti jiraachuu danda'u hambisuuf qaamni sadaffaan tajaajila kennu jiraachuu qaba. Naannoo Oromiyaattis kana fudhachuun maloota biroo tajaajilli abukaattummaa ittiin kennamuu danda'u kanneen akka abukaatoo dhuunfaa fi Ogeessota Universitootaa fi dhaabbilee tola ooltotaan dhihaatanitti gargaaramuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee kun sirnaawee bifa qajeelfamaa fi seeraan deggerameen itti adeemamee hojjetamuu qaba.
- Filannoo arman olitti dhihaate ilaalchsee sirni qaamolee kanneen ittiin to'atanii fi hanqina raawwataniif itti gaafatamaa taasifamu seeraan diriiruu qaba.
 - Biiron Haqaa tajaajila tolaa abukaatoon dhuunfaa kennuu qabuu fi gahee Waajjiraa Haqaa adda baasee mala to'annoo fi hordoffii diriirsuu qaba.
- Ofiiseerri seeraa bakka bu'ummaan tajaajila abukaattummaa akka kennu hayyamuun bu'uura seeraa hin qabu. Kanaaf;
 - Bakka bu'ummaan hojjechuun ofiiseera seera gahumsa abukaattummaaf barbaachisu waliin kan walqabatu sababa ta'eef xiyyeeffannoon ilaalamuu qaba. Dabalees ofiiserri kun abukaatoo ittisaa ta'ee hin muudamne bakka bu'ummaan falmii akka geggeessu hayyamuun hojiirra oolmaa mirga abukaatoo sadarkaa isaa eeggate argachuu himatama daangessu danda'a.

- Abukaatoon bakka bu'ee hojjechuu ni danda'a kan jedhamu yoo ta'e seeraan aangessuun barbaachisaa dha.
- Ogeessonni karaa Yuuniversityoota addaa addaa dhihaatanii deggersa ogummaa laatan ulaagaa abukaattummaaf kaa'amee jiru guutuu danda'uu qabu. Sababiin isaas qulqullinaa fi ulaagaa tajaajila kennamuu gadi buusuun mirga himatamaa daangessuun hin dandaa'amu. Kanaafis haguuggiin seeraa uulaagaa barbaachisu qabate bahu qaba.
- Baay'ina hojii abukaatoon hojjechuu qabu qulqullina waliin kan walqabatu waan ta'eef sirni baay'ina hojii abukaatoon tokko yeroo murtaa'aa ta'e keessatti hojjetu ittin to'atamu diriiruun qaba.
- Baay'ina hojii kunis kan murtaa'uu qabu walxaxiinxa dhimmaa, yeroo barbaachisu, bajata barbaachisuu, humna namaa qabatamaan lafa jiruu, gosa dhimmaa, fi kkf tilmaama keessa galchuun shallagamuu qaba.

2.2.2. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamu, Ramadamu fi Himatamaa Waliin Itti Walargu

- Abukaatoon ittisaa qophaa'ee akka dhihaatuuf yeroo gahaan kennamuu qaba. Yeroo hagamtu qophiif gahaa ta'uu danda'a kan jedhu irratti bulchiinsi abukaatoo ittisaa walxaxiinsa, gosaa fi baay'ina hojii abukaatoon yeroo murtaa'aa ta'e keessatti hojjechuu danda'u irratti hundaa'uun sirreeffama barbaachisaa fudhachuu qaba.
- Adeemsa dhagaha dhimmaa ariifachiisuu fi mirga himatamaa kabachiisuu walsimsiisuun adeemuu irratti Manni Murtii Waliigala Oromiyaa hojjechuu qaba.
- Adeemsa himannoon himatamaa dursee akka dhaqqabu itti taasifamuu fi himatamaan abukaatoo ittisaa waliin dhagahaan dura walarguun mari'achuun falmiin qophaa'ee dhihaachuu itti danda'u karaa Mana Murtii fi qaamolee biro dhimmichi ilaallatu waliin mijachuu qaba.
- Aangoon beellama kennuu kan mana murtiiti haa ta'u malee beellamni kennamu abukaatoon ittisaa fi himatamaan walarguun mareef yeroo gahaa ta'e kennu dhaddachi mirkaneeffachuu qaba. Qajeeltoon kun ittiin geggeeffamus jiraachuu qaba.

2.2.3. Iddoo mijataa qabaachuu

- Mana Murtii keessatti abukaatoo ittisaa fi himatamaan haala iccitii isaa eeggateen mari'achuu iddoon itti dandaa'an mijachuu qaba. Bakki mijatus abukaattonni walfaana

dhimmoota garaagaraa irratti himatamtoota garaagaraa mariisisuu kan dandeesisuu fi himatamtoo baay'ee walfaana mariisisuu kan dandeessisu ta'uu qaba.

- Abukaatoon abbaa dhimmaa isaa waliin dhaddachaa irratti ykn alatti ykn bakka abbaan dhimmaa ta'uutti mariisisuun kallattiin himatamaa fi abukaatoo jidduutti wal'amantaan akka hin uumamneef gumaachuu kan danda'a waan ta'eef ykn dhimmichaaf xiyyeeffannoon kan hin kennamne ta'uu agarsiisu danda'a waan ta'ef hafuu qaba.
- Himatamaan to'annaa jala jiru abukaatoo ittisaa isaa waliin mari'achuuf mirga qabutti akka gargaaramuuf haalli mijachuu qaba. Himatamaan to'annoo jala jiru abukaatoo ittisaa isaa waliin walargee akka hin mari'anneef haalonni danqaa ta'uu danda'an yoo jiraate dhaddachaa ibsuun sirreeffamni barbaachisaa akka fudhatamu ta'uu qaba.

2.2.4. Yeroo Qophiif Kennamuu

- Mana Murtiin himatamaa fi abukaatoon ittisaa akka mari'ataniif yeroon kennu walxaxiinsa dhimmicha irratti hundaa'uun mareef yeroo gahuu danda'u ta'uu qaba. Yeeroo kennuu keessatti wantootni akka dhihaatiinsa ragaan abbaa alangaa fi daangaan yeroo JBAH dursa kennamee ilaalamuu hin qabu. Yaadotni kun mirga himatamaan abukaatoo isaa waliin mari'achuu kan bu'a qabeessa dhabsiisan ta'uu hin qabu.
- Abukaaton ittisaa yeroon qophiif kennameef gahaa miti amantaa jedhu qaba taanaan yeroon naaf haa kennamu jechuun gaaffii dhiheessuun galmeesiifachuun ajajni qabatamaan galme irratti akka itti kennamu taasisuu qaba. Manni Murtiis gaaffii abukaatoo ittisaan dhihaatu galmeessuun ajaja bu'uura seeraan kennuu qaba.
- Dhimmoota ijoon falmii isaanii walxaxoo fi himatamtoonni isaanii baay'ee ta'an irratti abukaatoon yeroo gaha fudhatee akka mariisisuuf Manni Murtii yeroo gahaa kennuun jajjabeessuu danda'uu qaba. Dhaddachi yeroo abukaatoof kennu murteessuu keessatti yaadota tilmaama keessa galche galme irratti barreessuun barbaachisaa dha.
- Yeroon kennamu abukaatoo fi himatamaan waliin tasgabbaa'anii mari'achuuf, ragaa barbaachisu barbaaddachuu fi kallattii hundaan qophaa'anii dhihaachuuf gahaa ta'uu qaba.
- Yeroon abukaatoo dhuunfaaf kennamuu fi abukaatoo ittisaaf dhimmoota walfakkaataa irratti kennamu kan walfakkaatu ta'uu qaba.
- Abukaatoon himatamaa waliin mari'atee haa dhihaatuuf yeroon ykn beellamni kennamuutti dabalatee carraan abukaatoon himatamaa waliin walargee itti mari'achuu

danda’u mijachuu qaba. Mirgi abukaatoo waliin mari’achuu himatamaa, abukaatoon himatamaa beellamaan alatti bakka himatamaan to’atamee jirutti dhaqee mariiisuu haalli dandeessisu, iddoon itti mariiisuu, fi halonni abukaatoon kana raawwachuuf barbaachisan guutamuun dirqama.

- Abukaatoon himatamaa fi ragaa himatamaa waliin dursee wal’arguun akka mari’atuuf haalli mijachuu qaba.

2.2.5. Baay’ina Hojii Abukaatoo Ittisaa

- Sirni baay’ina hojii abukaatoo ittisaa ittiin to’atamu jiraachuu qaba. Abukaatoon ittisaa yeroo murtaa’aa ta’e keessatti galmee gosa, walxaxiinsa fi cimina dhimmichaa irratti hundaa’ee hojjechuu qabu lakkoofsi isaa seeraan kan murtaa’ee jiraachuu qaba.
- Baay’ina hojii fi humni abukaatoo jiru bu’uura lakkoofsa dhimmoota abukaatoon tokko keessumeessuu danda’u irratti hundaa’ee haala walgituun sirrachuu qaba.
- Sirni calallii galmee sirriitti raawwatamuun namoota abukaatoo ittisaa argachuu hin mallee fi argachuu qabanii ulaagaa heeraan ka’amee adda baafamuu qaba.
- Abukaatoon ittisaa tajaajila ulaagaa isaa guute akka kennuuf sirni to’annoo fi hordoffii hojii abukaatoon hojjetu irratti hundaa’ee diriiruu qaba.
- Abukaatoo waljijjiiruun kan jiraatu yoo ta’e sirni ittiin odeeffannoo walgeeddaran jiraachuu qaba. Abukaatoo dhuunfaa bakkee irraa bifa deggersaan itti gargaaramnu galmee dhimmaa haala dhimmi himatamaa irra gahee jiru ibsu qabaachuun abukaatoo ittisaaf sirni ittiin gabaasa dhiheessan diriiruun barbaachisaa dha.

2.3. Dandeettii fi Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Cimsuu

- Karaa M/Murii fi ILQSO leenjiin kallattiin abukaatoo ittisaa ilaallatu qophaa’ee kennamuu qaba.
- Karaa Manneen Murtiis rakkoo dandeettii fi ogummaa abukaatoon ittisaa qabu akka furuamuuf yeroo yeroon sakatta’iinsi geggeeffamuu qaba.

- Dandeettii fi gahumssi abukaatoo ittisaa fi Abbaa Alangaa sadarkaa walfakkaataa irratti akka argamuuf leenjiin, muuxannoon waljijjiirraan fi kkf yeroo yeroon kennamuun qaba.
- Caasaan abukaatoo ittisaa namoota gahumsaa fi dandeettii qaban hawwachuu akka danda'utti irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

2.4. Haguuggii Seeraa

2.4.1. Walqixumaaa Gareewwan Lamaanii

Dhiheessii fi bajata ilaalchisee karaa Man Murtii kan sirrachuu malu ykn karaa bulchiinsa Abukaatoo Ittisaa kan sirrachuu malu.

- Abukaatoo ittisaa qophiif wantootni barbaachisan karaa bajataa fi dhiheessii sirrachuu qaba.
- Hojiin abukaatoo ittisaa dhaddacha qofa irratti kan xumuramu miti, kanaaf abukaatoon ittisaa himatamaa, ragaa fi namoota dhaddachaan alatti dubbifamuu qaban akka dubbisuu danda'uuf haalli mijachuu qaba.
- Dookumentoota, barruulee, seerota fi kkf haaraa kan bahan abukaatoo ittisaa yeroo yeroon akka dhaqqabaman sirni diriiruu qaba.

2.4.2. Dandeettii Falmii Geggeessuu Abukaatoo Ilaalchisee Tarkaanfileen Sirreffamaa Fudhatamuu Qaban

- Abukaatoon ittisaaf leenjiin yeroo yeroon bu'uuruma Abba Alangaaf kennamu sirnaawwee kan hojii irraa fi hojiin duraa ykn kan yeroo gababaa ykn dheeraa jedhamee adda bahe kennamuu qaba. Kana irratis M/Murtii Waliigala Oromiyaa fi ILQSOon hojjechuu qabu.
- Carraan barnootaa abukaatoo ittisaaf akka of fooyyessaniif haala qindaa'aa ta'een dhihaachuu qaba.
- Sadarkaan dandeettii abukaatoo ittisaa yeroo ammaa irratti argamu galmee abukaatoon ittisaa irratti falme irraa kaa'amee sirni itti qoratamu diriiruu qaba.

2.4.3. Bakka Bu'umsaan Hojjechiisuu Ilaalchisee Yaadota Furmaataa Kaa'aman.

- Abukaatoon ittisaa muudamaa gumiiti, tajaajilli abukaattummaas kan kennamuu qaba nama bu'uuraan aangoo guutuu fi ulaagaa iddichaaf barbaachisu guutu qabu ta'uu qaba. Bakka bu'ummaan tajaajilli kun kan kennamu heyyamuun abukaatoo ittisaa faayidaa

iddichaaf qabamee jiru hin arganne akka tajaajila kennu taasuu dha. Kanaaf M/Murtii caasaa abukaatoo ittisaaf barbaachisu diriirsuu, akka guutumu taasisuu qaba. Bakka bu'ummaan hojii hojjetamu hanbisuu qaba.

2.4.4. To'annoo fi Hordoffii

- Malli to'annoo fi hordoffii yeroo ammaa kana abukaatoo ittisa akka muudamaa gumii birootti fudhachuun duuchaatti danbii naamusaa keessatti ibsamee jiru gahaa miti waan ta'eef irra deebia'mee ilaalamuu qaba.
- Itti waamamni abukaatoo ittisaa kallattiin seeraan tumamee,
 - Gareen abukaatoo ittisaa jedhamu gaheen hojii fi dirqamni isaa adda bahee taa'uu qaba.
 - Gareen kun humna namaan guutamee dursaa garee, hojjetaa deggersaa fi sirna itti gaafatamummaa isaa seeraan diriire qabaachuu qaba.
 - Dursaan garee kun itti gaafatamummaa fi itti waamamni isaa eenyuuf akka ta'ee adda bahamee kaa'amuu qaba.
- To'annoo fi hordoffiin hojii abukaatoo ittisaa kallattiin itti gaafatamummaa abukaatoo ittisaa waliin kan walqabatu waan ta'eef gaheen hojii abukaatoo ittisaa adda bahee kaa'amun itti gaafatamummaan isaa mirkanaa'uu haala danda'uun kaa'amuu qaba.
- Danbii naamusaa hunda galeessa ta'e kan badii naamusaa abukaatoon ittisaa raawwachuu danda'u haammate bahu qaba.

2.4.5. Gabaasa, Superviizhinii fi Madaallii Hojii Abukaatoo Ittisaa

- Sirni to'annoo fi hordoffii abukaatoo ittisaa hojii abukaatoon ittisaa hojjetu irratti hundaa'e diriiruu qaba. Kunis kallattiin galmee abukaatoon ittisaa irratti falme ilaalu fi madaaluu, dhaddacha hordofuu fi abbaa dhimmaa tajaajila abukaatoo ittisaa argate dubbisuu fi kkf kan of keessatti qabate diriiruu qaba.
- Karoorri hojii abukaatoo tilmaama keessa galchee fi hojii abukaatoon yeroo murtaa'e keessatti hojjechu qabu kan qulqullina hojichaa fi yeroo hojichaaf kennamuu malu tilmaama keessa galche diriiruu qaba.
 - Sirni to'annoo fi hordoffii karoora kana irratti hundaa'es diriiruu qaba.
 - Hojiin abukaatoos karoora baafame kana irratti hundaa'ee madaalamuu dand'uu qaba.

- Yeroo yeroon gabaasni abukaatoo ittisaa akka dhihaatu taasisuun to'anno fi hordoffiin geggeeffamuu qaba.

2.4.6. Adeemsa Komeen Ittiin Dhihaatuu, Bakka Buusuu Fi Kaasuu

- Sirni komeen abukaatoo ittisaa irratti ittiin dhihaatu diriirfamuu qaba. Adeemsa fi bakki komeen abukaatoo irratti dhihaatu hawwaasa tajaajilicha argateef ifaa haala ta'een ykn beekameen jiraachuu qaba.

2.4.7. Heerummaa tajaajila kennamuu

- Tajaajila abukaatoo yeroo ammaa kennamu bu'uura heeraan kan walsime miti. Kanaaf tajaajilichi sadarkaaa hundatti mana murtii aanaa irraa kaasee hanga mana murtii waliigalaatti walqabatee diriiree jiraachuu qaba.
- Tajaajilli kennamu himatamaa adabbii hidhaa wagaa shanii oli qofaaf kan kennamu ta'un isaa heerawwa miti waan ta'eef namoota adabbii yakkaa kamiinuu himatamaniif tajaajilli abukaatoo ittisaa dhihaachuu qaba. Ykn hanga dandaa'ametti namoota haqni isaanii jal'achuu danda'an hunda kan haammate ta'uu qaba.

Miilto

1. Unka Daataan Ittiin Sassaabame

Unka 1

Bar-gaaffii Abbaa Seeraa fi Abbaa Alangaan Guutamu

Hub.

Instiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Seeraa Oromiyaa qorannoo mata duree ***'Bu'a Qabeessummaa Abukaaatoo Ittisaa Naannoo Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaat'*** jedhu irratti qorannoo geggeessaa jira. Kanaaf gaaffilee itti aanaanii jiran dubbisuun deebii keessan sanduq '□' dhihaate jiru keessatti mallattoo '√' gochuun agarsiisaa. Iddoo sababa gaafatuttis bakka duwwaa jiru irratti yaada keessan gabaabinaan nuuf ibsaa. Deggersa keessaniif dursinee isin galatoomfanna.

Maqaa Mana Hojii _____

Gahee hojii keessan _____

1. Tajaajila abukaatoo ittisaan kennamu bu'a qabeessumaa isaa akkamiin madaaltu?

- Baay'ee olaanaa
- Olaanaa
- Jiddu galeessa
- Gadi aanaa
- Baay'ee gadi aanaa

2. Abukaatoon ittisaa bilisummaa inni qabu akkamiin ibsitu?

- Baay'ee olaanaa
- Olaanaa
- Jiddu galeessa
- Gadi aanaa
- Baay'ee gadi aanaa

Filannoo keessan kanaaf sababa keessan ibsaa

3. Baay'inni hojii fi baay'inni abukaatoo ittisaa walmadaalaa?

- Eeyyee
- Lakkii

4. Abukaatoon ittisaa fi himatamaan yoom akka walargu taasifamaa jira?

- Bellama (dhagaha) duraa dura
- Beellama (dhagaha) duraa irratti
- Beellama (dhagaha) duraa booddee

5. Himatamaa fi abukaatoon ittisaa bakka mijataa ta'eetti (iccitii isaa eeggatetti) walarganii akka mari'ataniif bakki qophaa'ee jiraa?

- Eeyyee
- Lakkii

Maaliif?

6. Himatamaan abukaatoo ittisaa argachuu qabu abukaatoo malee akka falmatu yeroon taasifamu jiraa?

- Eeyyee
- Lakkii

7. Abukaatoon ittisaa falmiif qophii barbaachisaa akka taasisuuf yeroon gahaa ni kennamaa?

- Eeyyee
- Lakkii

Deebiin keessan ‘lakkii’ yoo ta’e maaliif? ‘Eeyyee’ yoo ta’e ammo hammamtu kennamaaf?

8. Abukaatoon ittisaa hojiin kan itti baay’atu yoo ta’e dhimmoota dabalataa fudhachuuf diduu danda’aa?

- Eeyyee
- Lakkii

9. Gahumsaa fi dandeettii abukaatoon ittisaa qaban akkamiin madaaltu?

- Baay’ee olaanaa
- Olaanaa
- Jidduu galeessa
- Gadi aanaa
- Baay’ee gadi aanaa

10. Abukaatoon dhimma tokko irratti tajaajila abukaatummaa kennuu eegale dhimmicha hanga xumuraatti akka hordofu ni taasifamaa ykn carraan abukaatoon itti walgegeddaru jiraa?

- Eeyyee
- Lakkii

11. Abukaatoon ittisaa dandeettii, qabeenya falmiif oolfamuu danda’u, falmiif qophii taasifamuu, bajata qophii fi falmiif barbaachisu gahaa qabaachuu fi kkf ilaalchisee gahaa argachaa jiraa?

- Eeyyee
- Lakkii

12. Abukaatoo ittisaa hojii dhaddacha irratti hojjetu ilaalchisee to'annoo fi hordoffiin karaa dhaddachaas ta'e qaama abukaatoo to'atuun taasifamu jiraa?

- Eeyyee
- Lakkii

13. Caaseffamnii fi gumraa'iinsi abukaatoo ittisaa yeroo amaa jiru gahaadhaa?

- Eeyyee
- Lakkii

Deebiin keessan 'lakkii' yoo ta'e maaliif?

14. Haguuggiin seeraa abukaatoo ittisaa ilaalchisee yeroo ammaa jiru gahaadhaa?

- Eeyyee
- Lakkii

Deebiin keessan 'lakkii' yoo ta'e maaliif?

2. Unka Gaaffilee Af-gaaffiif Qophaa'anii

Unka 2

Af-gaaffii Pirezidaantota Mana Murtiif Dhihaatu

1. Tajaajila abukaatoo ittisaa Naannoo Oromiyaan kennamu akkamitti ilaaltu? Sadarkaa isaa eeggatedha jechuu dandeenyaa?
2. Abukaatoon ittisaa fo'annoo filannoo, bajataa, bulchiisa, caaseffamaa fi kkf'n kan of danda'e ta'uu dhabuun tajaajila qaama kanaan kennamu irratti dhiibbaa qabu jiraa? Jira yoo ta'e maalfaa'i? hin jiru yoo ta'e maaliif?
3. Hojii abukaatoon yeroo murtaa'e tokko keessatti hojjetu adda bahee jiraa? Baay'ina hojii fi humna namaa jiru walmadaalaa? Maaliif?
4. Baay'ina hojii abukaatoon ittisaa sirni ittiin to'atamu jiraa? Odeeffannoo baay'ina hojii yeroo murtaa'e keessatti abukaatoon keessumeessuu qabu kan qindaa'e jiraa?

5. Himatamaan tokko abukaatoo ittisaa argachuuf ulaagaan dhimmootni ittiin calalaman qophaa'ee jiraa? Himatamaan mirga abukaatoo bilisaa argachuu qabaachuu isaa akkamiin bara?
6. Tajaajila abukaatoo ittisaan kennamu ilaalchisee hawaasni haala salphaa ta'een odeeffannoo argachuu ni dandaa'a?
7. Abukaatoon ittisaa qophii falmiif barbaachisu gahaa ta'e akka taasisuuf yeroon kennamaa jiraa? Hin kennamu yoo ta'e maaliif?
8. Abukaatoon ittisaa yeroo falmiif barbaadamu hundatti battalumatti himatamaa waliin walarguu fi dhaddachatti dhihaachuu ni dandaa'aa? Hin danda'u yoo ta'e maaliif?
9. Iddoon abukaatoon ittisaa maamila isaa waliin haala iccitii isaa eegeen itti mari'achuu danda'u mijate jiraa? Hin mijatne yoo ta'e maaliif?
10. Abukaatoon ittisaa akka dandeetti, muuxannoo fi ogummaa isaa guddifatuuf leenjiin, barumsi fi carraan garaagaraa mijate jiraa? Hin jiru yoo ta'e maaliif?
11. Faayidaa fi miindaa'aan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa jiru ogeessa dandeetti fi gahumsa barbaachisu qaban hawwachuu irratti maalfakkaata?
12. Qaamota tajaajila abukaatummaa bilisaa kennan biroo kanneen akka dhaabbilee miti mootummaa, abukaatoo dhuunfaatti gargaaramuun jiraa? Walitti dhufeenyi fi gurmaa'insi jiru kanaaf ni hayyamaa?
13. Abukaatoo ittisaa to'achuuf sirni to'annoo fi hordoffiin yeroo yeroon geggeefamu jiraa? Eenyuunis geggeeffama? Qajeeltoon to'annoo fi ulaagaan madaallii hojii abukaatoo ittisaa jiraa?

Af-gaaffii Abukaatoo Ittisaaf Dhihaatu

1. Tajaajila kenniinsa abukaatummaa kennaa jiran akkamiin madaaltu? Ulaagaa fi qulqullina isaa kan eeggatedha jettuu?
2. Abukaatoo dhuunfaa fi kan mootummaan dhihaatu jidduu garaagarummaan dhiibbaa mana murtii ykn abbaa seeraa irraa irraa gahu jiraa? Jira yoo ta'e maaliifa?
3. Dhiheessii fi bajatni hojii kenniinsa tajaajila abukaatoo ittisaaf dhihaatu maalfakkaata? Kan abbaa alangaa waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu akkamiin ibsamuu danda'a?
4. Abukaatoon himatamaa waliin yoom wal'argaa? Bakki haala iccitii eegeen itti walarguun mari'atamu jiraa?

5. Baay'inni hojii fi humni abukaatoo ittisaa jiru walmadaalaa? Waggaa keessatti abukaatoon tokko ulaagaa tajaajilaa osoo gadi hin buusin galmee hagam keessumeessuu qaba? Waanti murtaa'e jiraa?
6. Abukaatoon ittisaa hojiin itti baay'atee tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e maal gochuu danda'a? Hin keessumeessinu jechuun diduu danda'aa?
7. Carraan dandeettii fi ogummaa ofii akka cimsataniif abukaatoo ittisaaf uumame jiraa? Kanneen akka leenjii, barumsa fi kkf?
8. Faayidaa fi mindaan abukaatoo ittisaaf kanfalamu ogeessa gahumsa olaanaa qaban hawwachuu ni dandaa'aa? Kan abbaa alangaa waliin yoo ilaalamu walqixxummaa qaba jechuu dandeenyaa?
9. Itti waamamni abukaatoo ittisaa eenyuufidha? To'annoo fi hordoffiin yeroo yeroon taasifamu maalfakkaata?
10. Hojiin abukaatoo ittisaa hojjetu maaliin madaalama? Ulaagaan madaalii jiraa?

Af-gaaffii Itti Gaafatama Biiroo Haqaaf Dhihaatu

1. Tajaajila abukaatoo ittisaa kennamu kenniinsa haqaa naannoo keessatti akkamitti madaaltu?
2. Haala barbaadamuun tajaajila ulaagaa isaa eeggate kennaa jira jettuu?
3. Abukaatoon ittisaa Abbaa Alangaa waliin dandeetti, gahumsaa fi wantoota falmiif barbaachisan walfakkaataa argachaa jira jechuu dandeenyaa?
4. Tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan kennamu deggeruf tajaajila abukaatoo dhuunfaa dirqama tajaajila tola kennuu qabu waliin qindoominni uumame jiraa?
5. Rakkooleen kenniinsa tajaajila abukaatoo ittisaa keessatti mul'atan maali jettu?
6. Gurmaa'insaa fi caaseffamma abukaatoo ittisaa jiru tajaajila qaamni kun kennu irratti dhiibbaa qaba jiraa?
7. Baay'ina hojii abukaatoo ittisaa jiru haala akkamiin ilaaltu?

Gaaffii Marii Sirreeffamtoota Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Argatan Waliin Taasifamu

Irratti Dhihaatu

1. Tajaajila abukaatoo ittisaa tola isiniif kenname akkamitti ilaaltu?
2. Abukaatoo ittisaa keesan waliin yeroo gahaa argachuun mari'achaa turtaniittuu?
3. Abukaatoon ittisaa falmii hunda irratti argamuun bakka isin bu'aa tureeraa?
4. Abukaatoon ittisaa falmiif qophii barbaachisu hunda taasisee dhihaachaa tureeraa?

5. Abukaatoo ittisaa keessan waliin bakki itti walargitanii mari'achuu dandeessan isiniif mijateeturee?
6. Abukaatoo ittisaa keessan waliin jalqaba yoom walargitan? Ykn abukaatoo bilisaan argachuu kan dandeessan ta'uu akkamitti baratan?
7. Deggersa abukaatoo osoo hin arganne ta'e garaagarummaan bu'aa falmii irratti dhufuu jiraa?

Gaaffii Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa fi Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Aanaaf Dhihaatu

1. Tajaajila abukaatoo ittisaa sadarkaa mana murtii aanaatti maal fakkaata?
2. Tajaajilli kun dhibuu irraan kan ka'e dhiibbaan mirga himatamtootaa irra gahaa jiru jiraa?
3. Himatamaan gaaffii yoo dhiheesse furmaata maalii laattu?
4. Tajaajila abukaatoo ittisaa akka naannoo Oromiyaatti kennamu akkamitti ibsitu?
5. Qaamni kun gahee sirna haqaa keessatti bahuu qabu bahaa jira jettuu?

3. Barreeffamoota Ilaalamanii fi Daataalee Sassaabaman

3.1. Hog-barruuwwan Adda Adda

1. Alexa Van Brunt, 'poor people rely on public defenders who are too overworked to defend them', <https://www.theguardian.com/commentisfree/2015/jun/17/poor-rely-public-defenders-too-overworked>, kan caqasame gaafa October 1/2017.
2. Asher Flynn, Jacqueline Hodgson, Jude McCulloch And Bronwyn Naylor, Legal Aid and Access To Legal Representation: Redefining The Right To A Fair Trial, Melbourne University Law Review Vol 40:207, 2016.
3. Caroline S. Cooper, The ABA "Ten Principles of a Public Defense Delivery System": How Close Are We to Being Able to Put Them Into Practice? Albany Law Review Vol. 78.3, 2015.
4. Charles J. Ogletree, Jr. (1995), "Toward a More Effective Right to Assistance of Counsel", Law and Contemporary Problems, Vol. 58, No. 1, (Winter, 1995).
5. Desalegn Gemechu Negeri, The Right to Legal Counsel in Ethiopia: A Case Analysis in Oromia, (Submitted for Partial Fulfillment of the Requirement for LLM Degree in Human Rights Law, AAU) kan hin maxxanfamme.
6. Eight Guidelines of Public Defense Related to Excessive Workloads, American Bar Association.

7.

Eight Guidelines Of Public Defense
Related To Excessive Workloads, American Bar Association Standing Committee On Legal
Aid And Indigent Defendants Criminal Justice Section Special Committee On Death Penalty
Representation Council On Racial And Ethnic Justice Standing Committee On Judicial
Independence General Practice, Solo, And Small Firm Division Section Of Litigation Section
Of Individual Rights And Responsibilities Government And Public Sector Lawyers Division
American Judicature Society Report To The House Of Delegates August 2009.
8. Ethical and Professional Responsibilities of Attorneys Assigned by the Office of the State
Public Defender, Toora Internetii <http://leg.mt.gov/content/Committees/Interim/2015-2016/Public-Defender/Meetings/September-2015/Ethical%20Obligations.pdf>
9. Ethiopian Lawyers Association & Ethiopian Young Lawyers Association, Public Defender's
Services in Ethiopia: Assessment of Current Gaps and the Way Forward, ed. Abera
Hailemariam Woldeyesus, Tigist Abera, Wondyifraw Girmachew, Elias N. Stebek, 2015.
10. Federal Indigent Defense 2015: The Independence Imperative: A Report by the National
Association of Criminal Defense Lawyers, Public Law-455 an Act to Promote the Cause Of
Criminal Justice by Providing for the Representation of Defendants Who are Financially
Unable to Obtain an Adequate Defense in Criminal Cases in the Courts of the United States .
11. Federal Indigent Defense 2015: The Independence Imperative: A Report by The National
Association of Criminal Defense Lawyers, Public Law 88-455 An Act to Promote the Cause
Of Criminal Justice By Providing For The Representation Of Defendants Who Are
Financially Unable To Obtain An Adequate Defense In Criminal Cases In The Courts Of The
United States, 2015.
12. G.S. Prentzas (2007), *Gideon v. Wainwright*, The Right to Free Legal Counsel, Great
Supreme Court Decisions, Chelsea House Infobase Publishing, New York, at 37.
13. Howard Lintz, Yallana Mcgee, Ola Mohamed, Safa Sajadi, Sarah Sawyer, Melanie Stratton,
Jordan Wolfe, Deborah M. Weissman, A Basic Human Right: Meaningful Access to Legal
Representation, (The Human Rights Policy Seminar University Of North Carolina School of
Law), 2015.
14. Huseen Ahimad Tura, Indigent's Right to State Funded Legal Aid in Ethiopia, *International
Human Rights Law Review*, 2013.

15. Jon Mosher (2013) Understanding Gideon's Impact, Part 2: The Birth of the Public Defender Movement [Available at] <http://sixthamendment.org/understanding-gideons-impact-part-2-the-birth-of-the-public-defender-movement/> kan caqasame, November 27, 2017.]
16. Lilongwe Declaration on Accessing Legal Aid in Criminal Justice System in Africa, Para. 1.
17. Maslen Merchant from Wrongly Accused: who is responsible for investigating miscarriages of justice? As sitted on <http://thejusticegap.com/2013/06/no-defence-miscarriages-of-justice-and-lawyers/>.
18. Model Rules of Professional Conduct R. 1.7(A) (2) (2000).
19. New Restrictions on Legal Aid in France, https://www.french-property.com/news/money_france/legal_aide_juridictionelle_2017/, kan caqadam November 28, 2017.
20. Phyllis E. Mann, Ethical Obligations of Indigent Defense Attorneys to Their Clients, *Missouri Law Review*, Vol.75.
21. Prioritizing Indigent Defense, Bureau of Justice Assistance Training & Technical Assistance Program for State Administering Agencies, (USA).
22. Public defender, Wikipedia, https://en.wikipedia.org/wiki/Public_defender, kan caqasam November 28, 2017. Fi "Legal aid in Germany: Outline of the Legal Aid System", <https://www.opensocietyfoundations.org/sites/default/files/eu-legal-aid-germany-20150427.pdf>, Open Society Foundations, kan caqasame November 28, 2017.
23. Robert L. Spangenberg' And Marea L. Beeman, Indigent Defense Systems in The United States, *Law and Contemporary Problems*, Vol. 58: No. 1.
24. Roger A. Fairfax, Jr., Searching for Solutions to the Indigent Defense Crisis in the Broader Criminal Justice Reform Agenda, 122 *YALE L.J.* 2316 (2013)
25. Stephen B. Bright & Sia M. Sanneh, Fifty Years of Defiance and Resistance After Gideon v. Wainwright, 122 *YALE L. J.* 2150, 2152 (2013).
26. Stephen J. Schulhofer & David D. Friedman, Reforming Indigent Defense: How Free Market Principles Can Help to Fix a Broken System, *CATO INST.*, 7 (Sept. 2010). (Available at <http://www.cato.org/pubs/pas/pa666.pdf>.)

27. The Relationship of The Court and Diffence Council: The Impact on Copetent Representation and Proposal for Reform, Recharad Klein, Boston College Law Reviw Vol. 29.531.
28. Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011]

3.2. Namoota Af-gaaffiin Dubbifaman

1. Aabuu Kadir A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010.
2. Abarraa Guddisaa, Abbaa Seeraa Dhaddacha yakkaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010.
3. Abarraa Guddisaa, Abbaa Seeraa M/Murtii A/Amboo, Af-gaaffii gaafa 03/5/2010.
4. Abbabaa Shaaloo Abuk.dhuunfaa GO/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 4/05/2010,
5. Abbooyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010.
6. Abdulle Alloo Pirezadaantii M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
7. Abdurahim Mohaammad G/Ga/Dh/yakkaa M/M/O/Go/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010.
8. Abubakar Mohaammad Abbaa seeraa M/M/A Xiyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010.
9. Addunyaa Alamuu Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010,
10. Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010.
11. Asaamminew Raggaasaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
12. Ashannaafii Gabayyoo Abuk.dhuunfaa GO/Arsii af-gaaffii gaafa 08/05/2010
13. Aliyyi Kadir A/Seeraa M/M/O/Go/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010.
14. Alamuu Addisu A/seeraa M/M/O/Go/Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 03/05/2010.
15. Ashannaafii Gabayyoo Abuk.dhuunfaa GO/Arsii af-gaaffii gaafa 08/05/2010.
16. Abubakar Mohaammad Abbaa seeraa M/M/A Xiyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010
17. Balaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010.
18. Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010.
19. Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa G/I/A/Booraa, af-gaaffii gaafa 25/5/2010.
20. Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010.
21. Darajjee Hayiluu, Bacarraa Ayyalee, Abukaatoo Ittisaa Godina I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010.

22. Dabalee Xilaahuun, A/seeraa M/M/Olaanaa G/Arsii, Af-gaaffii gaafa 07/5/2010.
23. Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010.
24. Fayisaa Galataa, Badhaassoo Nugusee, Xaahiir Haajii, Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010.
25. Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010,
26. Gammachuu Turaa B/B Pirezadaantii M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010.
27. Garramuu Wadaajoo, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010.
28. Gazzaallii A/Simalii, Pirezidaantii M/Murtii G/Jimmaa, af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
29. Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010,
30. Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010.
31. Guddataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
32. Guutuu Oljirraa, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010.
33. Hussein Dafoo A/Alangaa waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010
34. Hussein Jiruu G/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Arsii Lixaa Af-gaaffii gaafa 16/05/2010.
35. Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
36. Ittaanaa Taayyee B/B Pirezadaantii M/M/O/G/Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010.
37. Jabal Sulxaan A/seeraa M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010,
38. Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010.
39. Jamaal A/booruu, Pirezidaantii M/Murtii Magaalaa Jimmaa, af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
40. Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010,
41. Jamaal Gammachuu Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010,
42. Joonii Bantii, KTAS, M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
43. Kaasaahuun Gaaddisaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010.
44. Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010.

45. Kabbadaa Damee Abuk.dhuunfaa GO/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010.
46. Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010,
47. Kadir Umar, Pirezidaantii M/Murtii A/Laaloo Assabii af-gaaffii gaafa 8/5/2010.
48. Kumaa Didhaa A/seeraa M/M/O/G/Gujii Af-gaaffii gaafa 23/05/2010.
49. Kumasaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010.
50. Kumsaa Dhaabasaa, Abbaa Seeraa Garee Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010.
51. Lalisaa Disaasaa, Pirezidaantii M/Murtii A/Amboo, af-gaaffii gaafa 03/05/2010.
52. Lammeessaa Guddataa, A/Adeemsa kenniinsa Murtii Haqaa W/Haqaa G/I/A/Booraa, af-gaaffii gaafa 24/5/2010.
53. Leenchoo Bushraa A/Seeraa M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010.
54. Mallasaa Abrahaam G/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
55. Mallasaa Wadaajoo A/Ad/ Ken/Haq/Waj/ Haqaa God/ Arsii Af-gaaffii gaafa 07/05/2010,
56. Mangashaa Guddataa A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010.
57. Maammoo Tusii A/seeraa M/M/O Go/Arsii Lixaa Af-gaaffii gaafa 14/05/2010.
58. Masarat Tiksee A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010,
59. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010
60. Masfin Gabree A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010
61. Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaanti M/Murtii A/Gimbii, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010.
62. Mohaammad Ahimad Abuk.dhuunfaa GO/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
63. Mokonnin Ragaasaa Pirezadaantii M/M/O/Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
64. Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
65. Muktaar Sharafaddiin, B/Bu'aa I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Jimmaa, af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
66. Naahooma Waaqumaa B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010
67. Nagaroo Garbaa, A/Adeemsa kenniinsa Murtii Haqaa, W/Haqaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010.
68. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Kenniinsa Murtii Haqaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010,

69. Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010.
70. Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010,
71. Balaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010.
72. Ittaanaa Taayyee B/B Pirezadaantii M/M/O/G/Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010,
73. Kamaal Bakkar Itti /Gaf/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010.
74. Sulxaan Mohaamad abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
75. Obsinaan Girmaayee, abukaatoo ittisaa dhuunfaa G/Jimmaa, af-gaaffii gaafa 23/5/2010.
76. Pheexiroos _____, I/Gaafatamaa W/Haqaa G/Shawwaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
77. Qaalicha Magajjoo, Qayid Kadir, Addunyaa Xaaffaa, Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 22/05/2010.
78. Qaasim Jaarsoo Pirezadaantii M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010,
79. Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010.
80. Salaam Asmaamaawu abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010
81. Salamoon Magarsaa G/A/Seeraa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010.
82. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
83. Shaambal Qajeelaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010.
84. Shamaammee Taaddasaa Pirezadaantii M/M/A Ciroo af-gaaffii gaafa 02/05/2010.
85. Shibbiruu Elemoo B/B Pirezadaantii M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 22/05/2010.
86. Shifaarraa Bayyanaa, Dursaa Garaa Yakkaa M/murtii GAONF, af-gaaffii gaafa 15/5/2010.
87. Siisaay Tasfaayee, Abbaa Adeemsa Kenniinsa Murtii Haqaa W/Haqaa GAONF, gaafa 15/5/2010.
88. Sisaay Mul'ataa Ga/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010.
89. Sisaay Astaaxiqqee B/B Pirezadaantii M/M/O/Go/Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 02/05/2010.
90. Sulxaan Mohaamad bukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010.
91. Taayyee Damisee, Abukatoo dhuunfaa G/Jimaa, af-gaaffii gaafa 24/5/2010.
92. Takkaaliny Asfay, Pirezidaantii M/Murtii I/A/Booraa, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010.
93. Tasfaayee Asfawuu, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010.

94. Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
95. Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010,
96. Tashoomee Birruu, B/Bu'aa Pirezidaantii M/Murtii Aanaa Buraayyuu, Af-gaaffii gaafa 25/5/2010.
97. Taarikuu Namarraa A/seeraa M/M/O/G/Gujii Af-gaaffii gaafa 23/05/2010.
98. Tashoomee Tulluu, Abbaa Seeraa Gaaree yakkaa, M/Murtii Magaalaa Jimmaa, af-gaaffii gaafa 22/5/2010.
99. Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010,
100. Waaqtola Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 irraa ka fudhatame.
101. Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Har/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010.
102. Wubhager Aferraa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010.
103. Xurunaa Dhufeeraa, KTAS, A/Murtii GAONF, af-gaaffii gaafa 16/5/2010.
104. Yirgaa Sabsibee, Pirezadaantii M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010.
105. Zariihuun Dhugummaa Itti/Gaf/waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010,

3.5. Galmeelee Ilaalaman

1. A/A vs Asmalash Haayiluu, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 16129, gaafa 17/02/2010,
2. A/A vs Jaarraa Sulxaan A/Maccaa Namoota 13, M/M/Olaanaa G/Jimmaa, L/G 45283.
3. A/A vs Maahammad Abdurraamaan, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 15/957,
4. A/A vs Obsineet Taarikuu, M/Murtii Olaanaa G/I/A/Booraa, L/G 26671.
5. A/Alangaa vs Abbabaa Tafarii, M/M/Aurtii Olaanaa G/W/Lixaa, L/G 22999.
6. A/Alangaa vs Addaamuu Tamsgeen, M/Murtii Olaanaa G/W/Lixaa, L/G 35359.
7. A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnaa fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galmee 30904, gaafa 17/09/2008.
8. A/Alangaa vs Angassaa Giraany, Kuusaa Abarraa, Roobaa Mokonnaa fi Caalii Ittaanaa, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galmee 30904, gaafa 17/09/2008.

9. A/Alangaa vs Daanddi/Dassaaleny, Ambassee Tamasgeen, waaqjiraa Shibbiruu, Eliyaas Jibriil fi Toofiq Shamsuu, M/Murtii G/W/Lixaa, L/G 35335, gaafa 02/02/2010.
10. A/Alangaa vs Daandii/Dassaaleny Taammanee faa Namoota 6, M/Murtii Olaanaa G/W/Lixaa, L/G 35335.
11. A/Alangaa Vs Garramuu Wadaajoo Nagarii, M/M/Olaanaa G/W/Lixaa, L/Galmee 35100, guyyaa 30/09/2009 ilaaluun dandaa'ama.
12. A/Alangaa vs Gizawu Taffasaa, M/Murtii G/W/Lixaa, L//G 33548, gaafa 11/04/2009.
13. A/Alangaa vs Jihaad A/Raagoofaa Namoota 25, M/Murtii G/Jimmaa, L/G 45180.
14. A/Alangaa vs Marigeetaa Yaasnyaal, M/M Aanaa Shabee Somboo G/Jimmaa, L/Galmee M/M/Aanaa 10653, gaafa 01/02/2010.
15. A/Alangaa vs Naanjii A/Olii, M/Murtii Olaanaa G/Jimmaa, L/G 35424.
16. Abbaa Alangaa vs Indaalee /Misaa /Xilalayyee Bantirгаа, M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galmee 16372, gaafa 15/3/2010.
17. Abbaa Alangaa vs Maree Waalee Gabruu M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galmee 16339, gaafa 14/3/2010.
18. Abbaa Alangaa vs Naziif A/Luuleessaa faa Namoota 15, M/Murtii G/Jimmaa, L/G 026-45181.
19. Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galmee M/M 11763, G/I/A/ Booraa,
20. Abdallaa Ahimad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk. Galmee 13794
21. Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 40941,
22. Dasaalanya Gurmu Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee13345,
23. G/I/A/ Booraa, Abbaa Alangaa vs Indaalee /Misaa /Xilalayyee Bantirгаа, M/Murtii G/A/O/N/Finfinnee, L/Galmee 16372, gaafa 15/3/2010,
24. Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 30730,
25. Hussein Abdulsattaar Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii Lakk.Galmee 49179,
26. Isqaa'eel Gabramadiinffaa N-5 A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907,
27. Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee13163

28. Jamaal Aliyyii Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa Lakk.Galmee 44333,
29. Jamaal Tibeessoo Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee31160,
30. Jarjaree Looseeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk. Galmee13052,
31. Kadir Abdulmajid Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk.Galmee 25132,
32. Marigeetaa Yaasanyaal vs A/A, M/Murtii Olaanaa G/Jimmaa, L/G 10653.
33. Mulugeetaa Habtee Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 29827,
34. Saadaam Namooftaa N-7 Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49509,
35. Shukrii Ibraahim Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee25103,
36. Sisaay Gizaawu Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galmee 25273,
37. Tsagaayee Shuuxeeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee12548,
38. Yidnaqaachoo Alamu Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 44195,
39. Zanabaa Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee 25351,
40. A/Alangaa vs Baahiruu Faariis, M/Murtii Olaanaa G/Jimmaa, L/G 45067.

3.6. Marii Garee Sirreeffamtoota Waliin Geggeeffame

1. Dirribaa Girmaa, Dajanee Hundee, Katamaa Amaaree, Mahaamad Amiin, Habtaamuu Tulluu, Siisaay Fikiree, Maree Waalee, Geetaahun Asfawuu, Birhaanuu Abbabaa, Maahaammad Abduljaliil, Taarikuu Gamulaa, Milkiyaas Abbebee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/A/N/Finfinnee M/Sirreessaa Buraayyuu, Maree garee gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Kiflee Zawudee, Abaajaal Abbaa gunbul, Katamaa Taammaanaa, Abdoo Abbaajihaad, Toofiq Nuuraa, Huseen Fayyisaa, Abbatamaam Abbaagumbul, Umar Abbaabiyyaa, Maahamad Abdiisaa, Soorsaa Waaqumaa, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010.
2. Mohammad Abduramaan, Yoseef Masallaa, Jamaal Haajii, Gosaayee Geetaachoo fi Qamar Huseen sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Baalee tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 28/05/2010.
3. Yoohaannis mangistuu, Abbebee Gonfaa, Mootummaa waaqjiraa, Maammoo hirkoo, Bojaa Galaan, Tasammaa Addunyaa, Fiqaaduu Luuluu, Birroolee Shoolee, Bayyanaa G/Mikaa'eel, Daamxew Adimaasuu, Dirribaa Gammachuu, Dheeressaa Mangeshaa, Aragaash

Humneessaa, Kumee Haayiluu, Goobanaa ILmaa, Alamuu Gulantee, Alamuu gulantee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawwaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010.

4. Geetaanee Baqqalaa, Ismail Abbabee, Kiflee Buzunaa, Sisay Kabbadaa, Dajanee gabayyoo, Baqqaabil takkaaliny, Addisuu Sirneessaa, Bafqaaduu waldagabriel, Garramuu Taaddasee, Addisuu Aangoo, Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Xayiib Amaan, Antayyee Tashoomaa, Tashoomaa Taffarraa, Amiin Abdo, Abraahim Ziyaad, Amiinnoo Mohaammad, Musxaffaa Ahimad, Abdusamada Muktaar, Adama Booree fi Ismaa'eel Ayuub, Sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame.
5. Geetaanee Baqqalaa, Ismail Abbabee, Kiflee Buzunaa, Sisay Kabbadaa, Dajanee gabayyoo, Baqqaabil takkaaliny, Addisuu Sirneessaa, Bafqaaduu waldagabriel, Garramuu Taaddasee, Addisuu Aangoo, Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.
6. Firrisaa Araddoo, Tasfaayee Diroo ,Abdo Jamaal ,Tolaa Araddoo, Namoo Gurmuu sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 08/05/2010 taasifame , Obbo Fayisaa Galataa ,Badhaassoo Nugusee,Xaahiir Haajii,Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifame, Obbo Qaalicha Magajjoo,Qayid Kadir,Addunyaa Xaaffaa,Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujii. gaafa 22/05/2010.
7. Waaqumaa Bantii, Usmaan Abduu, Wandimuu Jabeessa, Garramuu wadaajoo, Yoonas Daaqaa, Angasaa Giraanyi, Soolomon Abarraa, Waaqgaarii Jaallataa, Sanbataa Ayyanaa, Girmaa Gachuuree, Maqaan hin himatamne, Waaqtolaa Guddataa, Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010.
8. Firrisaa Araddoo, Tasfaayee Diroo ,Abdo Jamaal ,Tolaa Araddoo, Namoo Gurmuu sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 08/05/2010 taasifame, Obbo Fayisaa Galataa ,Badhaassoo Nugusee, Xaahiir Haajii, Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifameFayisaa Galataa, Badhaassoo Nugusee, Xaahiir Haajii, Guddataa Hassan fi Lammii Hirphoo sirreeffamtoota

seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifame, Obbo Qaalicha Magajjoo, Qayid Kadir, Addunyaa Xaaffaa, Addisuu Nagaa, Boruu Caffoolee sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Gujii tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 22/05/2010 taasifame.

9. Dirribaa Girmaa, Dajanee Hundee, Katamaa Amaaree, Mahaamad Amiin, Habtaamuu Tulluu, Siisaay Fikiree, Maree Waalee, Geetaahun Asfawuu, Birhaanuu Abbabaa, Maahaammad Abduljaliil, Taarikuu Gamulaa, Milkiyaas Abbebee, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/A/N/Finfinnee M/Sirreessaa Buraayyuu, Maree garee gaafa 23/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

3.7. Seerota Ilaalaman

1. The International Covenant on Civil and Political Rights, 1966 and Universal Declaration of Human Rights, 1948.
2. Labsii lakk. 141/2000, labsii Mannen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, kwt. 17(2).
3. Heera Mootummaa Ripaabilika Federaala Itiyoophiyaa
4. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa
5. Labsii Manneen Murtii Federaalaa Itiyoophiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf lakk. 125/2005
6. Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Kan Muudamaa Gumii Naannoo Oromiyaa Lakk.2/2001.